INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu: Seeraa fi Hoj-maata

Qorattootni: - Azzanee Indaalammaa

Waaqgaarii Dullumee

Gulaaltotni: -Darajjee Ayyaanaa

Tuulii Baayisaa

Abdii Asaffaa

Caamsaa, 2008

ILOQHQSO

Adaamaa

Mata duree **Fuula**

Boqonnaa Tokko 5

Gumee Qorannoo 5

1.1. Seensa 5

1.2. Hima Rakkoo 7

1.3. Gaaffii Qorannoo 10

1.4. Kaayyoo Qorannoo 10

1.5. Faayidaa Qorannoo 11

1.6. Fayyadamtoota Qorannoo 11

1.7. Mala Qorannoo 12

1.8. Daangaa Qorannoo 15

1.9. Hanqina Qorannoo 16

BOQONNAA LAMA 17

SAKATTA'A HOG-BARRUU 17

2.1. Hiikkaa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu 17

2.2. Kaayyoo Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu 18

2.3. Qajeeltoowwan Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu 19

2.4. Adeemsa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuun Keessa Darbu 22

2.4.1. Calallii Duraa (Pre-screening Consultation) 23

2.4.2. Calallii (Screening) 23

2.4.3. Daangessuu (Scopping) 24

2.4.4. Sakatta'iinsa Gaggeessuu (Impact Assessment) 25

2.4.5. Xiinxaluu (Reviewing) 25

2.4.6. Murtii Kennuu (Decision making) 26

2.5. Qaama Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessu 27

2.6. Qaama Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Madaalu 32

2.7. Seerota Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu Akka Idila Addunyaa tti 34

2.7.1. Konveenshinii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Pirojektoota Daangaa Qaxxaamuranii Gaggeessuu 35

2.7.2. Dikilaareeshinii Ri'oo (Rio Declaration) 36

2.7.3. Konveenshinii Mootummoota Gamtoomanii Jijjiirrama Qilleensaa fi Lubbu Qabeeyyii Gara garaa (UN Convention on Climate Change and Biological Diversity) 37

2.8. Seerota Waa'ee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu Akka Federaalaatti 37

2.8.1. Heera Mootummaa Federalawaa Dimokiraatawaa Rippabilika Itoophiyaa 38

2.8.2. Imaammata Eegumsa Naannoo Itoophiyaa Waa'ee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu Irratti 39

2.8.3. Seera Yakkaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippaablika Itoophiyaa Keessatti Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu 39
2.8.4. Labsii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu 40
2.8.5. Seera Investimentii Keessatti Waa'ee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu 41
2.8.6. Seera Albuuda Baasuu Keessatti Waa'ee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu 42
2.9. Seerota Waa'ee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaaggeessuu Akka Naannoo Oromiyaatti Jiran 43
2.9.1. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa 43
2.9.2. Labsii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa 44
2.9.3. Labsii Investimentii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa 45
2.10. Qaamolee Eegumsa Naannoo Irratti Hojjetan 45
2.10.1. Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Federaalaa (Environmental Protection Authority) 45
2.10.2. Qaama Akka Naannooleetti Eegumasa Naannoo Irratti Aangoo Qaban 46
2.10.3. Qaama Eegumsa Naannoo To'atu Sekteroota Keessatti Hundeeffamu 47
2.11. Sakatta'iinsa Dhiibbaa Gaggeessuu Keessatti Hirmaannaa Qaamolee Gara Garaa fi Mirga Odeeffannoo Argachuu 47
2.12. Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu fi Mirga Haqa Argachuu 52
BOQONNAA SADI 56
Xiinxala Daataa 56
Rakkoolee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuun Walqabatanii Mul'atan 56
3.1. Rakkoolee Qajeeltoo Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuun Walqabatanii Jiran 56
3.1.1. Hirmaannaa Ummataa 56
3.1.2. Bu'aa Isaa Ummata Beeksisuu 59
3.1.3. Sakatta'iinsi Dhiibbaa Naannoo Odeeffannoo Sirrii/Madaalawaa/ Amanamaatti Fayyadamuu 60
3.1.4. Pirojeektootni Osoo Hojii Hin Eegaliin Sakatta'iinsa Gaggeessuu 62
3.1.5. Sakatta'iinsi Gaggeeffamu Miidhaawwan Dhaqqaban Kan Hambisu/Xiqqeessu Ta'uu 66
3.1.5.1. Dookumeentii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Miidhaa Naannoo Irra Gahu Hambisuu/Xiqqeessuu Ilaalchisee 66
3.1.5.2. Miidhaa Pirojektoota Misoomaa Gaggeeffamaniin Dhufe 68
3.1.6. Sakatta'iinsi Ogeessota Ogummaa Adda Addaa Qabaniin Gaggeeffamuu 72
3.1.7. Sakatta'iinsi Ogeessota Ogummaa Adda Addaa Qabaniin Madaalamuu/Xiinxalamuu 73
3.2. Rakkoolee Adeemsa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuun Walqabatanii Mul'atan 75
3.3. Rakkoo Hordoffii fi To'annoon Walqabatee Jiru 79
3.4. Rakkoo Sakatta'iinsa Bu'uura Gaggeeffameen Hojiirra Oolachuun Walqabatee Mul'atu 81
3.5. Rakkoolee Qindoomina Qaamolee Adda Addaa 83
3.6. RakkooleeTarkaanfii fudhachuun Walqabatanii Mul'atan 86

BOQONNAA AFUR 94
4.1. Yaada Guduunfaa fi Furmaataa 94
Miiltoowwan Adda Addaa 101

Boqonnaa Tokko

Gumee Qorannoo

1.1. Seensa

Sababa saffinaan babal'inni warshaalee fi magaalotaa biyyoota dhihaa keessa tureen miidhaan naannoo irra dhaqqabaa tureera. Sababa kanaaf lubbu qabeeyyii adda addaa fi naannoo irra miidhaan gahuu irraaa kan ka'e naannoof xiyyeeffannaa kennuun eegale. Naannoof xiyyeeffannaa kennuufis sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisaa ta'ee argame. Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuunis mala piroojektootni adda addaa gara hojiitti osoo hin seeniin miidhaa isaan naannoo irratti fiduu danda'an ittiin xiinxalamuu fi adda baafamu dha. Kunis misoomni itti fufiinsa qabuu fi naannoo waliin walsimu akka dhufuu danda'u taasisa.[1] Barbaachisummaa inni eegumsa naannoof qabu irraa ka'uun sakatta'iinsa dhiibbaa naannoof xiyyeeffannaan qaamolee adda addaatiin kennamuu eegale.

Akka Idila Addunyaatti konfiransii mootummota gamtoomanii bara 1972 Siwiidin, Istokolm, keessatti waa'ee eegumsa naannoo irratti mariin jalqabaa taasifamee ture.[2] Dhimmichi sadarkaa mariirra darbee bara 1982 biyyootni miseensa dhaabbatichaa ta'an hojiiwwan naannoo miidhuu danda'u hojjechuun dura sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu akka qaban irratti waliif galame.[3]

Sadarkaa biyyoolessaattis sosochii dhimma naannoo irratti bara 1960 keessa biyya Ameerikaa keessatti gaggeeffamaa ture irraa ka'uun Kongireensiin biyyittii bara 1969 imaammata naannoo (National Environmental Policy Act (NEPA) yeroo jalqabaaf baase.[4] Bara 1970'tti immoo qaamni eegumsa naannoo irratti gargaarsa mootummaan hojjetu hundeeffameera.[5] Akkasumas

[1] MELCA Mahiber, Environmental Impact Assessment Imlementation and Challenges, toora interneetii, http/www.Proceeding.EIP.WS.pdf

[2] E3journal of environmental research and management Vol. 4(4).pp. 0219-0229, May 2013 available online http://www.e3journals.org

[3] Akkuma lakk. 2ff[aa]

[4] http://www.referenceforbusiness.com/encyclopedia/Ent-Fac/Environmental-Protection-Agency-EPA.html kan ilaalame Onkoloolessa 2008.

[5] Akkuma lakk. 4ff[aa]

biyyi Ameerikaa yeroo jalqabaaf barbaachisummaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo imaammata naannoo keessatti haammachiisuun hojiirra oolchiteerti.[6]

Biyyootni akka Kanaadaa, Awustiraaliyaa, Niwuzilaandii fi kanneen biroos tarkaanfii Ameerikaan fudhatte hordofuun hojiiwwan naannoo miidhuu danda'an hojjechuun dura sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo akka gaggeefamu seera dirqisiisu baafataniiru.[7] Barbaachisummaan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu biyyootaa fi mootummoota gamtoomanii qofaa osoo hin taane, dhaabbileen garaa garaas dhimma kanaaf xiyyeeffannaa guddaa kennuun sosocho'uu erga eegalanii waggoota hedduu lakkoofsisaniiru. Akka fakkeenyaatti, Baankiin Addunyaa bara 1989 pirojektoota investimentii hojjetu hundaaf sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu akka ulaagaa dirqamatti qajeelfama hojii baafateera. Biyyootni liqii baankichaa argachuufis qajeelfama kana hordofuun sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuf ni dirqamu.[8] Sababoota dhiibbaa dhaabbilee gargaarsaa kanneen akka Baankii Addunyaa fi akka Idila Addunyaatti seeraan beekkamtiin kennameef biyyootni guddataa jiranis sakatta'iinsa dhiibbaa gaggeessuu seerota isaanii keessatti hammachiisuu jalqaban.

Akka waliigalatti sababa babal'ina magaalotaa, investimentii fi guddina industirii irraa kan ka'e yeroo ammaa biyyootni addunyaa kan duraanii caalaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuf ilaalcha addaa kennuufii eegalanii jiru.[9] Biyyi keenyas yeroo dhihoo as eegumsa naannoof ilaalcha addaa kennuun akka biyyaatti imaammata naannoo, labsiiwwanii fi dambiiwwan eegumsa naannoo ilaallatanii fi inistitiyuushiniiwwan eegumsa naannoo irratti hojjetan hundeessuun dhimmicha irratti hojjetaa jirti.[10]Seerota eegumsa naannootiif gahee guddaa qaban keessa inni tokko labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannooti.[11]Akka labsii kanaatti

[6] Tesfaye Abate, Environmental Impact Assessment and Monitoring under Ethiopian Law, Haramaya Law Review Vol.1 No. 1, spring 2012 ISSN 2227-2178, PP 104.
[7]Akkuma lakk. 6ff[aa] , F. 104
[8] Olitti yaadannoo lakk. 7, F.103.
[9] "Environmental Problem." 123HelpMe.com 16 Oct 2015: http://www.123HelpMe.com/view.asp?id=1523763.
[10]IAIA13 conference proceedings' impact assessment the next generation 33rd annual meeting of international association for impact assessment 13-16 May 2013, Calgary stampede BMO center Calgary, Alberta, Canada (www.iaia.org)
[11] Environmental Impact Assessment, Proclamation No. 299/2002,

piroojektootni yookiin sanadni mootummaa[12] karoorfame kamuu osoo gara hojiitti hin galamiin dura sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun, erga qaama aangoo qabuuf dhiyaatee eyyama argatee booda, gara hojiitti galamuu akka qabu tumameera. Kunis pirojektoonni adda addaa hojjetaman naannoo irratti miidhaa fiduu danda'an dursanii beekuun tarkaanfiin barbaachisaa akka fudhatamuuf gahee olaanaa kan qabu dha.

Akka Mootummaa Naannoo Oromiyaattis labsiiwwan adda addaa eegumsa naannoof bahanii hojiirra oolaanii jiru. Labsiiwwan kanneen keessaa tokko labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo mootummaa naannoo Oromiyaa labsii lakk. 176/2005 ti. Akkuma kan Federaalaa labsiin kunis pirojektootaa fi sanadootni mootummaa karoorfamanii osoo gara hojiitti hin seenamiin dura sakatta'iinsi dhiibbaa gaggeeffamuu akka qabu kaa'a. Sakattta'iinsi erga gaaggeeffamee booda gabaasni Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaatiif dhiyaachuun yoo fudhatama argatee hojii eegaluu akka qabu tumameera. Qorannoon kunis sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo akka naannoo Oromiyaatti haala kamiin gaggeeffamaa akka jiruu fi rakkooleen sakatta'iinsa kanaa waliin walqabatanii mul'atan maal akka ta'an ifa baasuun furmaata kennuuf;akkasumas ciminoonni jiran daraan akka itti fufan gochuuf qorannoon gaggeeffameera.

1.2. Hima Rakkoo

Hojiiwwan industirii keessatti hojjetaman irraa balfi bahu qilleensa, bishaan, biyyoo fi lubbu qabeeyyii adda addaa akkasumas naannoo irratti miidhaa dhaqqabsiisuu danda'a. Miidhaa dhufu kana hambisuun yookiin xiqqeessuun kan danda'amu dursanii miidhaa pirojektootni naannoo irratti geessisuu danda'an irratti sakatta'iinsa dhiibbaa gaggeesuun ta'a.[13] Kana jechuun, dhimmoota hunda irratti sakatta'iinsi gaggeeffamuu qaba jechuu osoo hin taane, bu'uura seeraan adda bahee dhimmoota sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo irratti geggeeffamuu qaba jedhamuun adda baafame irratti geggeeffamuu qaba jechuu dha. Hima biraatiin, dhimmootni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisanii fi hin barbaachifne seeraan kan adda baafaman ta'u jechuu dha.

[12] Sanada mootummaa jechuun imaammata, sagantaa, seerotaa yookiin waliigaltee addunyaa biyyittiin mallatteessite jechuudha, labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo mootummaa naannoo Oromiyaa, labsii lakk. 176/2005 keewwata 2(13)

[13] Olitti yadannoo lak. 7, F103

Pirojektootaa sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo irratti gaggeeffamuu qaban adda baasuu irratti, labsiin saktta'iinsa dhiibbaa naannoo Oromiyaa dambii bahuun adda baafama jechuun ala dambiin dhimmicha adda baasuuf hanga ammaatti bahe hin jiru. Sababa kanaaf dhimmoota sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo irratti gaggeeffamuu qabuu fi hin gaggeeffamne wanti adda bahe hin jiru. Kun ta'uu dhabuun ammoo dhimmoota sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffaman irratti rakkoo itti gaafatamummaa fi iftoominaa fiduu danda'a.

Sanada mootummaan qophaa'us sakatta'insi dhiibbaa naannoo gaaggeeffamuu akka qabu labsiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo keenyaa kaa'ee jira. Garuu dhimmoonni kun kan akkamiiti? Kan jedhu ilaalchisee seerri keenya ifatti hin teechisne. Akkuma pirojektoota misoomaa, sanadoota mootummaa sakatta'iinsa gaggeessuun barbaachisu dambiin adda hin baane. Adda bahuu dhabuun ammoo dhimmoota sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu barbaachisanii fi hin barbaachisne adda baasuu irratti rakkoo uuma.

Seerotni adda addaa akka Federaalaattis ta'e naannoo keenyaatti bahan; keessattuu labsiin investimentii, eeyyama investimentii kennuufis ta'e haquuf miidhaa pirojektiin sun naannoo irratti fiduu danda'u akka ulaagaatti hin keenye. Kun ta'uu dhabuun ammoo, investeroonni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuf, yoo gaggeessan illee bu'uura sakatta'iinsi akeekeen hojiirra oolchuu irratti hanqinni akka jiraatu godha.

Qaamni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessu ogummaa akkamii qabaachuu akka qabu, adeemsa sakatta'iinsa dhiibbbaa naannoo gaggeessuu irratti beekumsa akkamii qabaachuu akka qabuu fi haal dureen eeyyama hojii ittiin argatan seera biyya keenyaa keessatti hin teechifamne. Kun immoo qulqullina sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamuu irratti rakkoo kan uumuu dha. Adeemsa sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo keessa darbee gaggeeffamu seerri bitu hanga ammaatti wixineerra jira. Kun ta'uu dhabuun gorsitootni adeemsa sakatta'iinsi keessa darbee gaggeeffamu hordofuu irratti rakkoo qabaata. Qulqullinni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaaggeeffamus istaandardii walfakkaataa ta'een gaggeeffamuu irratti rakkoo kan qabaatu dha.

Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffame madaaluu ilaalchisee, qaamni kana madaalu ogummaa dhimma sanaa kan qaban, meeshaaleen deeggaramuu fi yeroo gahaa kanneen

barbaachisu dha. Kana ilaalchisee labsiin sakatta'iinsa Mootummaa Naannoo Oromiayaa waan jedhe hin jiru. A kka labsii kanaatti sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo madaaluuf kenname guyyaa kudhanii dha.[14] Bal'ina qabiyyee sakatta'iinsa irraa kan ka'e qulqullinaan madaalanii murtoo eegumsa naannoo giddu galeessa godhate kennuuf yeroon gahaa kennamuu dhabuun qulqullina sakatta'iinsa gaggeeffamuu irratti rakkoo qabaata. Yeroon madaallii sakatta'iinsaatiif kenname xiqqaachuun hanqinoota sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo keessatti mul'atan osoo hin ilaalamiin akka hafan taasisa.

Sakataa'insa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti hirmaannaan uummataa, keessattuu kanneen kallattiin pirojektichaan miidhaman, hirmaachuu akka qaban labsiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo kan federaalaas ta'e mootummaa Naannoo Oromiyaa tumee jira.Qaamoleen kun hangamtu irratti hirmaata? Eenyutuus hirmaataa jira? Yaada isaaniif xiyyeeffannoo akkamiitu kennamaa jira? Kan jedhu irratti ifaan hin teechifamne. Kun ta'uun ammoo, hirmaannaaa ummataa irratti rakkoo uuma.

Labsiin akka Federaalaatti bahe yeroo sakatta'iinsi madaalamu qaamni aangoo qabu gabaasa dhiyaate ummataaf ifa gochuun yaadni irratti kennaamuu akka qabu kaa'a.[15] Kan naannoo keenyaas yeroo sakatta'iinsi xiinxalamu yaadni ummataa gabaasicha irratti kennamuu fi yaadichi ilaalamu isaa mirkaneeffachuu akka qabu tumee jira. Garuu haala kamiin gabaasni dhiyaate ummataaf ifa ta'uun yaadni isaanii fudhatamuu danda'a? Gabaasa keessatti yaadni isaanii fudhatamuu fi dhiisuun isaa akkamitti mirkaneeffama? Kan jedhu irratti ifaan waan taa'e hin jiru. Kun immoo sakata'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu, miidhaa pirojeektichaan dhufu xiqqeessuuf yookiin hambisuuf tarkaanfii fudhatamu irratti hir'inni akka jiraatu taasisa.

Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu qofti naannoon akka eegamu taasisuu hin danda'u. Akkaatuma gaggeeffame sanaan gara hojiitti hiikamuutu irra jira. Miidhaa pirojektootaa fi sanadootni mootummaa naannoo irraan gahan hambisuuf yookaan xiqqeessuuf sakatta'iinsi erga gaggeeffamee booda qaamni hordofu, hojiirra oolchuu isaanii to'atuu fi gamaggamaa deemu jiraachuun murteessaa dha. Kanneen osoo sakatta'iinsa hin gaggeessiin yookaan bu'uura

[14] Labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu mootummaa naannoo oromiyaa lakk. 176/2005 kwt 11(2)
[15] Olitti yaadannoo lak.11, kwt 15(1)

sakatta'insichaatiin raawwachuu dhaban irratti tarkaanfii fudhachaa deemuun murteessaa dha. Labsiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo mootummaa naanno oromiyaa, abbaan pirojektii bu'uura sakatta'iinsaatiin raawwachuu fi dhiisuun isaa hordofamuu akka qabu ibsee jira. Haata'u malee, gama qaama hordoffii fi gamaggama taasisuutiin hanqinni akka jirutu eerama.[16] Pirojektiin erga hojii jalqabee booda hordoffii fi gamaggamni raawwii yeroo yeroon hin taasifamu taanaan, sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo kaayyoo isaa galmaan akka hin geenye taasisa.

1.3. Gaaffii Qorannoo

Qorannoon kun gaaffiiwwan armaan gadiif deebii kan kenne dha. Gaaffiiwwan kunneenis:-

1) Haguuggiin seeraa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu maal fakkaata?
2) Haalli qabatama sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu maal fakkaataa?
3) Rakkooleen sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo waliin walqabatanii jiran maali?
4) Hanqinaalee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo keessatti mul'ataniif furmaanni maali? kan jedhuuf deebii kennee kan jiru dha.

1.4. Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon kun kaayyoo gooroo fi gooree adda addaa qaba. Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti hudhaalee gama seeraa fi hojmaata irratti mul'atan adda baasuun furmaata fulla'aa ta'e akeekuu fi ciminoonni jiran akka itti fufan gochuu dha.

Kaayyoo gooroo kana galmaan gahuuf qorannicha kaayyoo gooree armaan gadii kan qabaate dha.

- Seerota Idila Addunyaa waa'ee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaaggeessuu ilaalatan sakatta'uun seerota biyya keenya waliin xiinxaluu.
- Hanqinaalee gama sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamee jiru hojiirra oolchuu keessatti mul'atu adda baaseera.
- Rakkoolee hojmaataa gama sakatta'iinsa dhiibbaa gaggeessuun jiran adda baaseera.

[16] Qorannoo duraaf Af-gaaffii Obbo Kumaa Dhaabaa, G/A/H/I Qorannoo Potenshaalaa fi Piromoshinii Biiroo Koomishinii Investimeentii Oromiyaa, waliin gaafa 19/01/2008 taasifame irraa hubachuun ni danda'ama.

- Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qaama gaggeessuu, madaaluu fi haala isaan itti raawwatan ifa godheera.
- Hojiirra oolmaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo to'achuu, hordofuu fi gamaggamuun walqabatee hanqinaalee jiran sakatta'eera.
- Hanqinaalee mul'ataniif yaada furmaataa akeekuu kan jiru dha.

1.5. Faayidaa Qorannoo

Qorannoon kun sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu irratti hanqinaalee seeraa fi raawwii keessatti mul'atan maal akka ta'e adda baasuun furmaata kan keenne dha. Kunis sababa piroojektootaa fi sanada mootummaa garaa garaa hojjetamaniin naannoo irra balaan akka hin geenye ittisuu yookiin miidhaa sana xiqqeessuu dha. Kun immoo naannoo qulqulluu fi jireenyaaf mijataa uumuun misooma itti fufiinsa qabu fiduu keessatti faayidaa kan qabaatu dha. Dabalataanis, mirga naannoo qulqulluu keessa jiraachuu Heera Mootummaa irratti tumamee jiruu fi imaammata eegumsa naannoo mootummaan galmaan gahuu keessatti faayidaa guddaa qaba.

1.6. Fayyadamtoota Qorannoo

Qorannoo kana irraa qaamotni adda addaa fayyadamoo ta'uu danda'u. Qorannoon kun naannoo qulqulluu fi jireenyaaf mijataa taasisuu keessatti gahee guddaa waan qabuuf ummatni naannoo Oromiyaa keessa jiraatan fayyadamoo jalqabaa ni ta'u. Akkasumas, kanneen hojii investimentii irratti bobba'anii jirani fi sanada mootummaa qopheessaan fayyadamoo ni ta'u. Qorannoon kun akkaataa naannoon eegamuu danda'uu fi seerotni dhimma naannoon walqabatanii jiran hojiitti hiikaman irratti kallatti kan kaa'uu waan ta'eef qaamoleen mootummaas ta'ee mit-mootummaa naannoo irratti hojjetan kaayyoo isaanii galmaan gahuu keessatti gahee waan qabuuf fayyadamoo qorannoo kanaa ni ta'u.

Akka waliigalaatti qorannoon kun, naannoof eegumsi barbaachisaa godhamee misoomni itti fufiinsa qabu akka jiraatu taasisuu keessatti gahee waan qabuuf ummanni biyyittii keessa jiraatan qorannoo kana irraa fayyadamoo ta'u. Dhuma irratti qaamoleen adda addaa leenjii fi qorannoo gaggeessaniif akka ka'umsaatti waan isaan gargaaruuf fayyadamoo qorannoo kanaa ni ta'u.

1.7. Mala Qorannoo

Qorannoon kun maloota qorannoo **akkamtaa** (qualitative) fi **hammamtaa** (quantitative) jedhaman walfaanaa kan fayyadame dha. Malli akkamtaa qorannoo kana keessatti fayyadamanis:-

- **Af-gaaffii**: - Kunis qaamota sakatta'iinsa dhiibbaa gaggeessuu waliin kallattiin hidhata qaban irraa yaada bal'aa fi miira isaanii hubachuuf mala filatamaa waan ta'eefi. Kanas qaamolee akka ogeessota (qaama sakatta'iinsa gaggeessu, madaalu), hooggantoota waajjiraalee eegumsa naannoo, bulchiinsaa, investimetii abbootii warshaalee yookiin manaajeroota fi hawaasa naannoo pirojeektii jiraataniif kan taasifameera.

- **Galmeewwan Adda Addaa Sakatta'uun:-**Malli kun hanqinaalee gama hojmaataa fi raawwii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti qabatamaan akka naannoo keenyaatti mul'atan adda baasuuf kan gargaaru dha. Galmeewwan kunis haala garaa garaatiin argamanii jiru. Haalawwan ittiin argamanis:-

  - **Iyyannoowwan: -** Sababa miidhaa piroojektootni hojiirra jiran geessisaniif iyyata hawaasa irraa bulchiinsaaf (aanaa, Godina), Bulchiinsa Magaalaa fi Biiroof dhiyaatani dha. Kunis hanqinaalee jiran beekuu fi komiin dhiyaatu haala kamiin keessummeeffamaa akka jiru beekuuf kan nu gargaare dha.

  - **Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeeffamee Jiru: -** Galmee kana ilaaluun sakatta'iinsi haala kamiin gaggeeffamaa akka jiru, hanqinaalee gama kanaan jiran beekuu fi bu'uura gaggeeffamee jiruun hojiirra oluu fi dhiisuu isaa adda baasuuf kan nu gargaare dha.

  - **Tarkaanfii Fudhataman: -** Bu'uura aangoo Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaatiif kennamee jiruun tarkaanfii pirojektoota irratti fudhataman ilaalamanii jiru. Kunis rakkooleen akkamii akka jiranii fi haala kamiin Biiroon hordoffii fi to'annaa gaggeessaa akka jiru beekuuf kan nu gargaare dha.

- **Galmee Mana Murtii: -** Dhimmootni kunis sababa pirojektootni osoo sakatta'iinsa hin gaggeessiin hojii eegalan, gabaasa sobaa dhiyeessanii fi sababa faalama naannootiin mana murtiitti dhiyaatan ilaaluuf kan itti fayyadamne dha.
- **Gabaasota Dhiyaatan: -** Gabaasotni kun kan Biiroon Federaalaaf, Aanaan Godinaaf, Godinnni Biiroof dhimma naannoo ilaalchisee dhiyeessu akkasumas gabaasa pirojektootni adda addaa dhiyeessan sakatta'amaniiru. Kunis waa'ee naannoo ilaalchisee rakkoolee maal akka jiranii fi maal hojjetamaa akka jiru beekuufidha.

Qorannoon kun mala hammamtaa (**quantitative**) fayyadameera

- **Bar-gaaffii: -** Kunis sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamuu fi raawwii isaa ilaalchisee hanqinaalee akka naannoo keenyaatti jiran sadarkeessuuf kan nu gargaare dha. Ogeessota waajiraalee lafaa fi eegumsa naannoo akkasumas waaajiraalee investimentii hojjetan irraa walitti qabameera.

Akkasumas qorannoon kun hog-barruuwwan, seerotaa fi muuxannoowwan biyyootaa akka Amerikaa, Keeniyaa, Lesotoo, Kanaadaa, Afrikaa Kibbaa sakatta'eera. Pirojektoota rakkoo qabu jedhamanii filataman daawwannaan qorattootaas taasifameera.

Sababa Iddoowwan Daataan Irraa Funaanaman Filataman

Iddoowwan daataan irraa funaanaman haalawwan adda addaa ilaaluun kan filatamani dha. Isaanis:-

- Iddoowwan pirojektootnii fi miidhaan naannoo itti baay'atan qorannoo dursa (preliminary study) adeemsifamee Odeffannoo Biiroo Lafaa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa fi Komishinii Inveestimeentii Oromiyaa irraa argameen. Fakkeenya Godinaalee, Aanolee, Bulchiinsota Magaalaa fi Warshaaleenulaagaa kanaan filataman.
- Hojmaanni isaanii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu fi eegumsa naannoo waaliin kan walqabatan waan ta'eef. Fakkeenya qaama sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo

gaggeessu, Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa fi Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Federaalaa.

- Pirojektoota gaaggeeffamaniif aangoo eeyyama kennuu waan qabaniif. Fakkeenyaaf, Koomishinii Inveestimeentii Oromiyaa, Ejeensii Misoomaa fi Manaajimeentii Lafa Magaalaa, Biiroo Ijaarsa Daandiiwwan Oromiyaa fi kanneen biroo.
- Miidhaawwan pirojektootaan gahan sababa ergama isaaniitiin odeeffannoo gahaa nuuf kennu danda'u jechuun kan filatamani dha. Fakkeenyaaf, Dhaabbata Bineensotaa fi Bosona Oromiyaa (miidhaa bosonaa fi bineensota irra gahee jiru beekuuf), Biiroo Fayyaa Oromiyaa (sababa pirojektootaan miidhaa fayyaa namaa irra gahee jiru beekuuf) ulaagaa kanaan kan filatamani dha.

Bu'uuruma kanaan qaamoleen daataan irraa funaanaman akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

Sadarkaa Federaalaatti: Ministeera Eegumsa Naannoo fi Bosonaa fi Qaama sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessan.

Sadarkaa Naannootti: Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa, Biiroo Inveestimeentii Oromiyaa, Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Oromiyaa, Ejensii Misoomaa fi Manaajimeentii Lafa Magaalaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Biiroo Bishaan Albuudaa fi Inerjii Oromiyaa, Biiroo Fayyaa Oromiyaa fi Biiroo Ijaarsa Daandii Oromiyaa irraa odeeffannoon walitti qabamera.

SadarkaaGodinaaleetti: Godina Iluu Abbaboor, Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Godina Arsii, Godina Wallagga Lixaa, Godina Arsii Lixaa, Godina Shawaa Lixaa fi Godina Shawaa bahaa qaamolee garaa garaa irraa odeffannoon walitti qabameera.

Sadarkaa Aanoleetti: Aanaa Ambo, Gimbii, Walmaraa, Xiyoo, Adaamii Tulluu, Ada'aa, Shaashamannee, Lumee, Sabbataa Hawaas, Mattuu, Laalloo Assaabii, Adaamaa qaamolee garaa garaa irraa odeffannoon adda addaa funaanameera.

Bulchiinsa Magaalotaa: Bulchiinsa Magaalaa Mattuu, Innaangoo, Asallaa, Shaashamannee, Gimbii, Baatuu, Sabbataa, Amboo, Adaamaa, Mojoo, Hoolotaa fi Bishooftuu irraa daataan qorannichaa walitti qabameera.

Warshaaleen daataan irraa funaaname: Costic Soda, Pesticide Sh.Co, Warshaa Gogaa Mojoo, Warshaa gogaa sabbataa, Horaa tanner Bishooftuu, Warshaa Abaaboo (Hoolota), Share Ethiopia dha.

Qaamolee olitti caqafaman kana irraa daataan walitti qabameera. Walumaa galatti hanga daataa karoorfamee fi raawwatamee gabatee gadii keessatti teechifameera.

Mala daataan ittiin funaaname	Karoora	Raawwii
Af-gaaffii	158	149 (94.30%)
Bar-gaaffii	150	138 (92%)
Ida'ama	308	287 (93.18%)

Kanneen gabatee keessatti teechifamaniin ala daatawwan akka sakatta'iinsa gaggeeffamee fi yaada ogeessota xiinxalan (madaalaniin) kennaman, iyyatoota ummatni miidhaan sababa pirojektiin nurra gahe jedhanii gara bulchiinsaa, eegumsa naannoo fi kkf tti dhiyyeessan, galmee mana murtii, tarkaanfiiwwan pirojektoota miidhaa geessisan irratti fudhatama turanii sakatta'ananiiru.

1.8. Daangaa Qorannoo

Hanqina humna namaa fi yeroo qorannoo kanaaf kenname muraasa ta'uu irraan kan ka'e daangaa qorannoo kanaa murteessuun barbaachiseera. Kanaafuu, qorannoon kun naannoo Oromiyaa keessatti sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu fi raawwii isaa irratti qofaa kan xiyyeeffatu dha. Akkasumas, qorannichi sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu fi raawwii isaa keessatti seeraa fi hojmaata jiru irratti kan daanga'u dha. Hima biraatiin, qorannichi sababa hanqinaalee kanaan hangi miidhaa gahe hammam akka ta'e bifa saayisaawaan safaruun agarsiisuuf ogummaa addaa waan barbaaduuf gama keenyaan kan hin raawwatamne ta'us rakkoon akkamii akka jiru kan agarsiisuu dha. Kana malees, qajeeltowwan hog-barruu kessaatti

taa’anii jiran hunda isaanii ogummaa keenyaan safaruu kan hin danda’amne waan ta’eef akkuma waliigalaatti kan ilaallu ta’a malee tokko tokkoon hunda isaanii kan safaraman miti.

1.9. Hanqina Qorannoo

Hima rakkoo fi gaaffiilee qorannoo kanaa deebisuuf daataawwan bifa gara garaatiin funaanuuf karoorfanne argachuu irratti hanqinaaleen tokko tokko nu mudataniiru. Akka fakkeenyaatti, warshaaleen mana hojichaa seennee ilaaluu dhorkamuu. Akkasumas yeroon gahaan daataa walitti qabuufi xiinxala isaaf kennamuu dhabuu. Kun immoo qorannicha haala barbaanneen akka hin gaggeessineef gufuu ta’aniiru.

BOQONNAA LAMA

SAKATTA'A HOG-BARRUU

2.1. Hiikkaa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu

Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoof hiikkoon qaamolee garaa garaatiin kennamee jira. Kunis sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo adeemsa hojiirra oolmaa imaammata, sagantaa yookiin pirojektii tokkoo murteessuun dura miidhaa fi faayidaa inni naannoo irra geessisu danda'u ittiin madaalamuu fi adda baafamu dha.[17]Dhaabbatni Mootummoota Gamtoomanii Sagantaa Eegumsa Naannoos hiikkoo kenneen 'Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo hojiirra oolmaa pirojektii murteessuun dura tooftaa ittiin miidhaa naannoo, hawaasaa fi diinagdee irra gahuu danda'u ittiin adda baafamu jechuun kennee jira.[18]

Waldaan Addunyaa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Gaggeessuu (IAIA) fi Inistiitiyuutiin Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo (IEA) Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo adeemsa gumeewwan misoomaaf dhiyaatan irratti murtii keennuun gara hojiitti seenuun dura miidhaawwan lubbu qabeeyyii, hawaasummaa fi kkf irraatti dhufuu danda'an tilmaamuu, adda baasuu, madaaluu fi salphisuu akka ta'etti hiikanii jiru.[19]

Akka biyya keenyaattis sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuf hiikkaan kennamee jira. Kunis, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo jechuun 'mala pirojektiin yookiin sanadni mootummaa hojiirra osoo hin ooliin dura bu'aa yookiin miidhaa inni naannoorratti fidu ittiin adda baafamuu fi madaalamu' akka ta'e hiikkaan kennameera.[20] Labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu akka naannoo Oromiyaatti bahee jiru irrattis hiikkaan kenname 'Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo jechuun, tooftaa sababa pirojektoota misooma karoorfamaniin yookiin sanada

[17]Barry Sadler Environmental Assessment in a Changing World: Evaluating Practice to Improve Performance (1996), available at http://www.iaia.org/publicdocuments/EIA/EAE/EAE_10E PDF
[18]https://www.cbd.int/impact/whatis.shtml kan ilaalame Onkoloolessa 2008.
[19] Economic Commision of Africa, Review of the Application of Environmental Impact Assessment in Selected African Countries (2005). Available at http://www.uneca.org
[20]Olitti yaadannoo lak.15ff[aa], kwt 2(3).

mootummaa hojiirra oolfamuun dhiibbaa naannoo irra gahuu danda'uu fi faayidaa isaan qaban dursanii qorachuu, adda baasuun beekuu fi madaaluuf gargaaru jechuun laatameera.[21]

Hiikkawwan qaamotaa fi labsiilee adda addaa keessatti kennaman irraa gabaabumatti hubachuun kan danda'amu sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo tooftaa pirojektoonni yookiin sanadni mootummaa osoo hojiirra hin ooliin dura faayidaa yookiin miidhaa isaan naannoo irraan gahuu danda'an ittiin adda baafamanii fi madaalaman akka ta'eedha.Kunis pirojektootni misoomaa naannoof xiyyeeffannoo kennuun guddiinni itti fufiinsa qabu akka jiraatuuf faayidaa guddaa qabaata.

2.2. Kaayyoo Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu

Pirojektootni guddina biyya tokkoof dalagaman naannoo irratti miidhaa geessisuu waan danda'aniif yeroo hojjetaman naannoof xiyyeeffannoon addaa kennamuu qaba.[22]Biyyota heedduu keeessatti sababa baay'ina ummataa fi babal'ina industirii irraa kan ka'e rakkoowwan qulqullina naannoo fi faalamni bishaanii bal'inaan mul'achaa jira. Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo sirnaan gaggeessuun rakkowwan kunneen hanga tokko salphisuun ni danda'ama.[23]

Biyyi keenyas akkuma biyyoota biroo guddina diinagdee ishee saffisiisuuf tattaaffii adda addaa taasisaa jirti. Kana galmaan gahuufis pirojektootni misoomaa baay'inaan hojiirra oolaa jiru. Pirojektootni kunis misooma itti fufiinsa qabu fiduu danda'uutu irra jiraata.[24] Kana mirkaneessuuf dhimmi naannoo hojiiwwan misoomaa, imaammataa fi sagantaawwan adda addaa keessaatti hammachiifamuu qabu.[25]

Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo kaayyoon isaa inni guddaan sababa pirojektoota misoomaa gaggeeffamaniin miidhaan naannoo irra gahu akka hafu, xiqqaatu yookiin salphatu gochuudha.[26]

[21]Miiljalee olii lakoofsa 14ffaa kwt. 2(4).
[22] Human activities are altering natural cycles and systems on an unprecedented scale. For the frist time the commulative effect of development activities are estimated to be on par with biophysical processes as an agent forecological change.
[23] Environmental impact assessment, developing countries and water resource.
[24] Dejene Girma Janka, participation of stakeholder in invironmental impacta assessment in Ethiopia: law and practice Jima University law journal Vol. 4 No. 1 pp 59.
[25]Akkuma oliitti
[26]Miiljalee olii lakkoofsa 1ffaa

Faayidaan pirojektii misooma karoorfame irraa argamuu fi miidhaan naannoo irratti qabu kan wal hin madaalle yoo ta'e, piroojektichi akka hin raawwatamne taasisuuf odeeffannoo barbaachisu kennuuf gargaara.

Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo eegumsa naannoof taasisuun guddinni amansiisaa akka dhufuuf seera gargaaruudha.[27] Kana malees, sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo sirni bulchiinsi qabeenya uumamaa iftoomina, itti gaafatamummaa qabu akka jiraatuu fi uummatni misoomaaf jecha dhimmoota naannoo isaanii miidhu danda'an ilaalchisee murtii kennamu keessatti akka hirmaatan kan gargaaru dha.[28] Kun immoo mirga naannoo qulqulluu keessa jiraachuu heera mootummaa fi seerota adda addaatiin beekamtii argatan akka kabajamuuf gahee olaanaa qaba. Walumaa galatti kaayyoon sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, adeemsa guddina itti fufiinsa qabu fiduuf taasifamu keessatti dhimmi naannoo xiyyeeffannaa akka argatu taasisuudha.

2.3. Qajeeltoowwan Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu

Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo kaayyoo isaa galmaan gahuuf akka ***Sandler*** jedhanitti duudhaalee fi qajeeltowwan ittiin gaggeeffamu qaba. Haaluma kanaan, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo bu'a qabeessa ta'e gaggeessuuf duudhaalee ijoo (core values) sadii qabaachuutu irra jira.[29] Isaanis: - Adeemsi sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo eegumsa yeroo dheeraa naannoof taasisuun guddina itti fufiinsa qabu fiduu (***sustainability)***, Adeemsi sakatta'iinsa dhiibbaa naannnoo ulaagaawwan hundeeffamanii fi irratti waliif galame mirkaneessuu (***integrity***) fi Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo murtiif odeeffannoo madaalawaa fi amanamaa dhiyeessuu (***utility)*** qaba.[30] Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu duudhaalee kanneen irratti hin hundaa'u taanaan kaayyoo barbaadameef galmaan gahuu kan danda'uu miti.

---

[27] Sadler, B 1996. Environmental Assessment in a Changing World: Evaluation Practice to Improve Performance, Final Report of the International Study of Effectiveness of Environmental Assessment.

[28] Mellese Damtie and Mesfin Bayou, Overview of Environmental Impact Assessment in Ethiopia: Gaps and Challenges January, 2008 Pp 9.

[29] Sadler, B 1996. Environmental Impact Assessment in a Changing World: Evaluation Practice to Improve Performance, Final Report of International Study of Effectiviness of Environmental Assessment. The hierarchy of principles can be keyed frist to three core values of touch stones whith impart purpose and direction to EA actions and approaches. These values correspond to instrumental, visible and ultimate ends for EA process, and comprise: ***Integrity***- the process will conform to accepted standards and principles of good practice; ***Utility***- the process will provide balanced, credible information for decision making; and ***Sustainability***- the process will promote environmentally sound development.

[30] http://eia.unu.edu/course/index.html%3Fpage_id=100.html kan ilaalame Onkoloolessa 2008 A.L.H.

Waldaan akka addunyaatti sakatta'iinsa dhiibbaa irratti hojjetu (IAIA) inistiitiyuutii dhimma sakatta'iinsa naannoo Yuunaatid Kingidam waliin ta'uun qajeeltowwan bu'uuraa (basic principles) fi qajeeltowwan bu'uuraa kanneen haammatu qajeeltowwan raawwii (operating principles) sakatta'iinsa dhiibbaa naannoof baaseera.[31]

Bu'uura kanaan sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo qajeeltoowwan bu'uuraa kanneen akka:-

- Kaayyeffataa (Purposive) - Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo qaama murtii kennuuf odeeffannoo eegumsa naannoof taasifamuu fi ilaalcha jireenya hawaasa naannichaaf kenname ibsuu qaba.
- Adeemsaa fi qajeelfama jiraniif xiyyeeffannaa kennuu (Rigorous) – Rakkoolee qoratamaniif furmaata sirrii kennuuf malootaa fi tekinikoota saayinsaawaa fi hoj-maatni isaanii fudhatamaa ta'etti gargaaramuu qaba.
- Qabatamaa (Practical) - Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo odeeffannoo fi bu'aawwan rakkoo furuu danda'an, fudhatamummaa qabanii fi abbaa pirojektiin raawwatamuu danda'an ta'uu qaba.[32] Kana jechuun filannoo rawwatamuu hin dandeenye miidhicha hambisan yookiin xiqqeessan kaa'uurra pirojektichi naannoo miidhu danda'uun isaanii gabaafamuu qaba jechuudha.
- Baasii qusachuu (Cost-effective) - Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo odeeffannoo jirutti gargaaramuun yeroo fi qabeenya jiru qusannoon fayyadamuun raawwatamuu qaba.[33]

[31] Sadler, B 1996. Environmental Assessment in a Changing World: Evaluation Practice to Improve Performance, Final Report of the International Study of Effectiveness of Environmental Assessment. Canadian Environmental Assessment Agency, Ottowa, Canada.

[32] According to Pacifica F. Achieng Ogola, on his presentation on Surface Exploration for Geothermal Resources, The World Bank directives requires systematic comparison of proposed investment design in terms of site, technology, processes etc in terms of their impacts and feasibility of their mitigation, capital, recurrent costs, suitability under local conditions and institutional, training and monitoring requirements (World bank 1999). For each alternative, the environmental cost should be quantified to the extent possible and economic values attached where feasible, and the basic for selected alternative stated. The analysis of alternative should include a NO PROJECT alternative.

[33] According Sadler, environmental impact assessment performance is worse when it is inefficient, time comsuming and costly in relation to the benefits deliverd. Kanarraa wanti hubatamu sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo hanga danda'ametti qulqullina sakatta'iinsichaa hanga hin miinetti yeroo fi baasii qusannaan raawwatamuu kan qabu ta'uu isaati. Economic Comision of Africa on its publication about the application fo EIA in selected African countries said, the cost of EIA and the time associated with the study are important factors that can, to great extent influence the appreciation and acceptance of EIA process on the part of developer. In this regard, it should be ensured that the cost of the study is not prohibitive, relative to the cost of the project. In order to come up with good results, enough time should be allocated to the study. However, tradeoffs should be made between the objective of coming up with a good study and the time considerations of project proponent.

- Bu'a qabeessa (Efficient) - Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo abbaa pirojektii fi hirmaattota irratti miidhaa olaanaa gama faayinaansii fi yerootiin osoo hin geessisiin ulaagawwanii fi kaayyoo isaa galmaan gahuu qaba.
- Xiyyeffataa (Focused) - Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo miidhaa naannoo irratti dhufuu danda'ugiddugala godhachuu qaba.
- Hirmaachisaa (Participative) - Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamu namoota keessatti hirmaachuu fedhanii fi addatti qaamota pirojektichaan miidhamuu danda'an hirmaachisuu qaba.
- Ogeessota hedduu hirmaachisuu (Interdisiplinary) - Adeemsa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti ogeessotni adda addaa dhimma hawaas-dinagdee, naannoo fi kkf irratti beekumsa gahaa qaban hirmaachuun gaggeeffamu qaba.
- Amanamaa (Credible) – Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo ogeessota gahumsa qabaniin, qulqullinaan, bu'uura seeraan, al-loogummaan, madaalawaa ta'een gaggeeffamuu, qaama bilisa ta'een mirkanaa'uu fi madaalamuu qaba.
- Guutuu (Integrated) – Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu haala walitti dhufeenya hawaas-diinagdee fi naannoo bifa ibsuun ta'uu qaba.
- Iftoomina (Transparent) – Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo haala ifaa fi salphaa ta'een rakkoo jiru adda baasee uummataaf ifa ta'uu qaba.
- Sirnaawaa (Systematic) – Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo odeeffannoowwan miidhamuunaannoo ibsan argame, filannoowwan dhiyaatanii fi dhiibbaa inni qabu, tarkaanfiiwwan hordoffiif barbaachisanii fi miidhawwan qoratamanii hafan haala ifa ta'een agarsiisuu qaba.[34]

Qajeeltowwan bu'uuraa kunneen sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo maal haguuguu akka qabu kan ibsan yoo ta'u, qajeeltowwan raawwii (operating principles) ammoo sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo yeroo akkamii akka gaggeeffamu, dhimmoota akkamii irraati akka gaggeeffamu, miidhawwan akkamii xiinxaluu akka qabuu fi qaamota akkamii hirmaachisuu akka qabu qajeeltoo ibsuudha.[35] Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo bu'a qabeessa ta'e gaggeeffamuu fi dhiisuun isaa kan madaallu qajeeltowwn raawwii kana irratti hundaa'uun ta'a. Sababiin isaas

[34] The institute of environmental management and assessment EIA training source manual second edition (2002) pp 128.
[35] Olitti yaadannoo lak.19ff[aa]

qajeeltowwan bu'uuraa tokkoo tokkoo qajeeltowwan raawwii keessattis ta'e adeemsawwan sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo keessa darbu hundaa keessatti kan mul'atani dha.

Qajeeltoowwaan raawwii (operating principles) kunneenis:-

- Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo murtii pirojektii dura gaggeeffamuu fi yeroo hojii pirojektichaa hojiirra oolmaan isaa hordofamuu qaba.
- Pirojektoota misoomaa miidhaa geessisuu danda'an hunda irratti sakatta'iinsi gaggeeffamuu qaba.
- Sakatta'iinsi haala miidhaa lubbu qabeeyyii fi hawaas-dinagdee kan akka (fayyaa, aadaa, koorniyaa, haala jireenyaa, umurii) fi guddina itti fufiinsa qabu fiduun danda'amuun gaggeeffamuu qaba.
- Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo hawaasa sababa hojii pirojektii karoorfameen miidhamuu danda'anii finamoota naannichaa fedhii qaban hirmaachisuu qaba.[36] Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qulqullinaan gaggeessuu fi murtii madaalawaa naannoo fi hawaasa naannichaatiin fudhatama qabu dabarsuuf hirmaannaan ummataa akka waliigalaattii fi kanneen kallattiin hojii naannichatti hojetamuun miidhamuu danda'an addatti hirmaachuun murteessaadha.

Akkaataa qajeeltowwan kanaatiin sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamee hojiirra kan oolu taanaan, pirojektootni misoomaa miidhaa naannoo irraan osoo hin gahiin guddina biyyatiif gumaacha guddaa taasisuu danda'u.

2.4. Adeemsa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuun Keessa Darbu

Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamu adeemsota adda addaa keessa darba. Sadarkaaleen sakatta'iinsi dhiibbaa naanno keessa darbu kun biyyoota kamiyyuu keessatti yeroo gaggeeffamu adeemsaalee kun hordofamuun gaggeeffamuu kan qanabi dha.[37]

---

[36] IAIA\P-F\Principles, January 1999. Available athttp://www.iaia.org/publicdocument/special-publications/Principles%20of%20IA_web.Pdf.

[37] Achieng Ogola, EIA Genaral procedure barreeffama jedhurratti sadarkaalee sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeessu keessa darbuu chaartiin yoo teechiseera. Dhaabbatni mootummoota gamtoomanii sagantaa dhimma naannoos sadarkaa sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo keessa darbu akkas jechuun ibseera. The main stages in the proposed draft environmental impact assessment includes screening, schoping, study phase, review decision making jechuun kaa'eera. These broadly defined stages in the proposed procedure reflect what is now considered to be good practice within environmental impact assessment. Sadler, B bifuma walfakkaatuun

Akka biyya keenyaattis ta'ee naannoo keenyaatti sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamu adeemsaalee keessa darbuu qabu wixineen manuwaalii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggessuu Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Federaalaa baasee jiru ibseera.[38]Kanaafuu, sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo adeemsaalee armaan gadii keessa darbuun kan gaggeeffamu ta'a.

2.4.1. Calallii Duraa (Pre-screening Consultation)

Calalliin duraa akka adeemsa sakatta'iisi dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessa darbuu qabuutti kan ilaalamu miti. Haata'u malee, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamu bu'a qabeessa taasisuuf kan gargaaru waan ta'eef itti fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e wixineen maanuwaalii adeemsa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu Federaalaa ni ibsa.[39] Sadarkaan kun yeroo abbaan pirojektii fi waajiraleen dhimma naannoo irratti hojjetan walitti dhufuun akka itti sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu qabu irratti mari'atani dha. Calallii duraa gaggeessuun wal hubannaan gaarii akka jiraatu, yeroon sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu akka qusatamuu fi sakatta'iinsicha gaggeessuuf wantoota barbaachisan adda baafachuuf kan gargaaru waan ta'eef itti fayyadamuun isaa gaariidha.[40]

2.4.2. Calallii (Screening)

Gaggeessi sakatta'iinsa dhiiibbaa naannoo calallii irraa egala.[41] Calalliin adeemsa pirojektiin tokko sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeesssuun barbaachisaa fi hin barbaachisu, akkasumas yoo kan barbaachisu ta'e yoom gaggeeffamuu akka qabu kan ittiin murtaa'uudha.[42] Abbaan pirojektii sadarkaa kana irratti daataa waa'ee pirojektichaa ilaallatu kan akka hanga

---

sadarkaalee sakattahinsi dhiibbaa naannoo keessa darbu barreeffama isaa keessatti calallii irraa kaasee hanga hordoffiin pirojektichaa akkamiin akka gaggeeffamuu akka tahe ibseera.

[38] Environmental Protection Authority procedural guidelines for Environmental Impact Assessment(draft), 2003 p 8

[39]Akkuma lak. 38ff[aa]

[40]Akkuma lak. 39ff[aa]

[41] According to Pacifica F. Achieng Ogola, on his presentation on Surface Exploration for Geothermal Resources, EIA process kicks off with project screening. Which is done to determine whether or not a proposal should be subject to EIA and, if so, at what level of detail? Guidelines for whether or not an EIA is required are country specific depending on the laws or norms in operation. Legislation often specifies the criteria for screening and full EIA. Development banks also screen projects presented for financing to decide whether an EIA is required using their set criteria

[42]Olitti yaadannoo lak.40ff[aa], F9

pirojektichaa, amala pirojektichaa, waa'ee lafa sanaa, hojii achirratti hojjetamuu fi dhiibbaa inni qabu qaama dhimma eegumsa naannoo irratti hojjetuuf dhiyeessu dha.[43]

Sadarkaan kun yeroo baay'ee kan murtaa'u dambii fi qajeelfama bahuuni dha. Kunis, karaa sadiin ta'uu danda'a. Isaanis: - pirojektoota sakatta'iinsa dhiibaa naannoo gaggeessuu qabanii fi hin qabne tarreessuun, ulaagaa pirojektoota sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisu adda baasuun yookiin lamaan isaanii walitti makuun ta'uu danda'a.[44] Calallii kana irratti hundaa'uunis pirojektiin yaadame sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuf hin dirqamu, Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo guutuun gaggeeffamuu qabaa fi sakatta'iinsi duraa (preliminary assessment) tu barbaachisa dhimmi jedhu sadarkaa itti adda baafamudha.[45]

Wixineen maanuwaalii adeemsa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo Abbaan Taayitaa Federaalaa baase pirojektoota sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo guutuu, gartokkee fi gaggeessuun hin barbaachisnee tarreessee kaa'eera. Asirratti rakkoon jiru, wixineen maanuwaalichaa kan hin mirkaneeffamne waan ta'eef hojiirra oolchuuratti rakkoo uuma. Akka waliigalaatti adeemsa calallii kana keessatti dhimmootni sakatta'iinsi gaggeeffamuu fi hin gaggeeffamne sadarkaa itti adda baafamani dha.

2.4.3. Daangessuu (Scopping)

Sadarkaan kun dhimmoota sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo irratti xiyyeeffachuu qabu itti adda baafamani dha. Dhimmoota hundaa xiinxaluuun yeroo fi baasi hin malleef waan saaxiluuf waantoota naannoo irratti miidhaa fiduu danda'an irratti qofaa xiyyeeffachuun barbaachisaa dha.[46]Kunis, rakkoowwan irratti xiyyeeffatamuu qabanii fi miidhawwan pirojektichaan dhufuu danda'an adda baasuu dha.[47] Kaayyoon daangessuu kunis gareewwan pirojektii yaadame kanaan miidhamu danda'an akka itti hirmaatan taasisuu, filannoowwan miidhaa gahuu danda'u ittiin

[43]Olitti yaadannoo lak. 41ff[aa]
[44] Mulugeta Getu, defiance of environmental governance: environmental impact assessment in Ethiopian floriculture industry (2013) pp 24.
[45]Olitti yaadannoo lak. 41ff[aa]
[46]According to Ahimad and Sammy, 1987, the aim of EIA is not to carry out exhaustive studies on all environmental impact for all projects. Scoping is used to identify the key issues of concern at early stage in the planning process.
[47] Olitti yaadannoo lak.44ff[aa], F25.

ittisan adda baasuu, xiyyeeffannoo kennamee jiru xiinxaluu fi sagantaawwan walfakkaataa dhiibbaa akkamii uumuu akka danda'an baruuf kan gargaaruudha.[48]

2.4.4. Sakatta'iinsa Gaggeessuu (Impact Assessment)

Sadarkaan kun pirojektiin misoomaa hojjetamuuf karoorfame miidhaa inni naannoo, haawaasummaa fi diinagdee irratti fiduu danda'u iddoo itti adda bahu dha.[49] Sadarkaa kana irratti miidhaawwan pirojektiin misoomaa geessisuu danda'uu xiinxalamee filannoowwan miidhaan sun ittiin hafuu yookiin xiqqaachuu danda'u itti teessifamani dha. Filannoo biraatti fayyadamuun miidhaa naannoo fi hawaas-diinagdee ummata naannichaa bifa hin miineen pirojektichaa galmaan gahuu danda'amuu fi dhabuu isaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti kan adda bahu dha.

Sadarkaa kanatti miidhaawwan pirojektichaan dhufuu danda'anii fi tooftaan ittiin ittifamu yookiin hir'ifaman akkasumas barbaachisaa ta'ee yoo argame, akkaataa itti sirna bulchiisa lafaa keessatti makamu ni xiinxalama. Yoo wanti hin yaadamiin naannoo irratti miidhaa fiduu danda'u uumames haala itti furmaata argachuu qabu sadarkaa kanatti ibsama. Rakkoowwan pirojektiin walqabatanii miidhaa dhufanyeoo yeroon hordofuun miidhaan akkamitti to'atamuu akka danda'us sadarkaa kanatti ibsamuu qaba.[50] Akka waliigalaatti miidhawwanii fi faayidaa pirojektiin misoomaa naannoo, hawaasaa fi diinagdee biyyaa irratti qabaatu ibsuun filannoowwan eegumsa naannoo mirkaneessaan kaa'uun pirojektiiwwan misoomaa guddina biyyaaf oolchuun akkamitti akka danda'amu sadarkaa itti ibsamu dha.

2.4.5. Xiinxaluu (Reviewing)

Sadarkaa kanatti adeemsota armaan olitti ibsaman keessatti wantota haammatamuu qabanii fi hin hammatamiin hafan, gabaasni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qophaa'e odeeffannoo murtii kennuuf dandeessisu ta'uu fi dhiisuu isaa iddoo itti adda baafamuu dha.[51] Akka wixinee maanuwaalii Abbaan Taayitaa Eegumsa Naannoo Federaalaa qopheesseetti, sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffame kooppiin shan qaama gabaasicha xiinxaluuf dhiyaachuu akka

[48] Akkuma lak.47ff[aa]
[49] Olitti yaadannoo lak. 35ff[aa]
[50] Olitti yaadannoo lak. 34ff[aa], F129.
[51] Akkuma lak. 50ff[aa]

qabu dha.[52] Sadarkaa kana irratti dhimmoota sadarkaawwan darban keessatti ilaalaman hundaa sakatta'uun gabaasni dhiyaate gahaa ta'uu fi dhiisuun kan itti murtaa'u dha. Sakatta'iinsi gaggeeffamee dhiyaate gahaa fi murtii pirojekticha irratti kennuu kan dandeessisu yoo ta'e, pirojektiin misoomaa akkam akka ta'u sadarkaa itti adda bahuu fi gara sadarkaa itti aanuutti darbuudha.

2.4.6. Murtii Kennuu (Decision making)

Sadarkaan kun iddoo bu'aan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun itti argamsiifamu dha. Bu'uuruma kanaan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo erga gaggeffamee xiinxalamee booda akka Federaalaatti Abbaan Taayitaa Eegumsa Naannoo akka Naannoo Oromiyaatti immoo Biiroon Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo pirojektii misoomaa karoorfame irratti murtii kan kennu ta'u. Kunis sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffame mirkaneessuu, yeroo hojii pirojektichaa keessatti dhimma naannoo irratti hojjetaman, hojiiwwan naannoo irratti hojjetaman akka gabaasu, pirojekticha ulaagaa malee yookiin ulaagaa inni guutuu qabu teechisuun mirkaneessuu,yoo barbaachisee argames ofii isaatiin qorannoo gaggeessuun yookiin kufaa taasisuun sadarkaa itti murtaa'u dha. [53]

Pirojektiin tokko sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamee akka itti fufu murtiin kan kenname yoo ta'e Abbaan Taayitaa Eegumsa Naannoo yookiin akka naannooleetti qaamni aangoo qabu sartifikeetii qulqullina naannoo kennuuf aangoo qabu.[54] Sertifikeetiin qulqullina naannoo kennameef jechuun garuu hojiin dhimma naannootiif hojjetamu xumurame jechuu miti. Bu'uura sakatta'iinsa gaggeeffameetiin raawwatamuu isaa hordofuun qaamolee naannoo irratti hojjetan irraa kan eegamuudha. Kanaafuu, qaamoleen kun raawwii pirojektootni dhimma naannoo irratti hojjechuuf waadaa seenanii fi pirojektootni miidhaa naannoo irratti geessaa jiraachuu fi dhiisuu isaanii hordoffii fi gamaggama taasisuun qabu.

[52]Olitti yaadannoo lak. 45ff[aa], F12.
[53] Olitti yaadannoo lak. 48ff[aa], F 27.
[54] Olitti yaadannoo lak.52ff[aa], F13.

2.5. Qaama Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessu

Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo bu'a qabeessa ta'e gaggeeffamuu kan danda'u odeeffannoo barbaachisu sirnaan funaanuun yoo danda'ameedha. Kunis ogummaa namoota sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessanii waliin hidhata cimaa qaba.[55] Kanaafuu, ulaagaa gaggeessitootni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qabaachuu qaban tarreessuun namoota ulaagicha guutaniin qofa akkka gaggeeffamu gochuun murteessaadha.[56] Qaama sakkatta'iinsa dhiibbaa naannoo akka gaggeessuuf dirqama qaban ilaalchiseebiyya kamiyyuu keessatti qaama pirojektii naannoo irratti miidhaa geessissuu danada'u akka hojjetamuuf yaada dhiyeesseeti.Fakkeenyaaf, Biyya Amerikaatti namni gochaa naannoo miidhuu danda'u akka hojjetamuuf yaada dhiyeesse sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuf ni dirqama.[57] Hima biraatiin qaamni pirojektiin misoomaa akka kennamuuf gaafate sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamuuf wantoota barbaachisan hunda ni haguugu jechuudha. Qaamni yaada dhiyeessu kunis nama dhuunfaa yookiin qaama mootummaa imaammata, sagantaawwan misoomaa dhiyeessu ta'uu danda'a.

Biyya keenya keessattis qaamni pirojektiin misoomaa akka kennamuuf gaaffii dhiyeessu yookiin sekterri mootummaa immaammatas ta'ee hojiin misoomaa akka hojjetamuuf yaada dhiyeessu gara hojiitti osoo hin seenamiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu akka qaban imaammata naannoo biyyaa keessatti,[58] labsiiwwan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu kan Federaalaa[59] fi naannoo Oromiyaa[60] irratti teechifameera. Wixineen maanuwaalii adeemsa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Federaalaatiin bahes, qaamni pirojektiif yaada dhiyeesse yookiin sagantaawwan mootummaa yoo ta'e sekterri mootummaa dhimmicha gaafate sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun bu'aa fi miidhaa hojichi naannoo irran gahuu danda'u dhiyeessuu akka qabu ibsameera.[61]

Akka waliigalaatti qaamni sakatta'iinsa dhiibbaa gaggeessuuf dirqamu abbaa pirojektiin akka hojjetamuuf yaada dhiyeesse akka ta'e muxannoo biyya Ameerikaas ta'ee seerotni biyya

[55] Handbook of environmental impact assessment: Vol. 2: Impact and limitations pp 71.
[56] Akkuma lak. 55ff[aa], F74.
[57] Olitti yaadannoo lak.13ff[aa], F111
[58] Imaammata naannoo Itoophiyaa bara 1997, lakkoofsa 4.9 (b)
[59] Olitti yaadannoo lak. 20ff[aa], kwt 7.
[60] Olitti yaadannoo lak. 21ff[aa], kwt. 14
[61] Olitti yaadannoo lak. 54ff[aa], F17.

keenyaa ni ibsu. Kana jechuun garuu abbaan pirojektii misoomaaf yaada dhiyeesse ofuma isaatii sakatta'iinsa gaggeessa jechuu miti.

Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qulqullina qabuu fi odeeffannoo gahaa argachuun dhimma naannoo irratti murtii sirrii kennuun kan danda'amu sakatta'iinsi garee ogummaa dhimma adda addaa qabuun yoo gaggeeffame qofaa dha.[62] Kanuma irraa ka'uun biyyootni adda addaa qaama sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuf eeyyama hojii yeroo kennan ulaagaa guutamuu qabu kan akka sadarkaa barumsaa, gosa bornootaa, dhimmootaa fi hangaa muuxannoo hojii barbaachisu tarreessuun qaama guuteef kan kennani dha. Akkasumas haala gorsitootni ittiin bulan, itti gaafatamummaa fi imaanaa isaan irratti kaa'amee jiru kan ibsu biyyootni dambii baasatanii jiru.

Fakkeenyaaf, Kanaadaa keessatti qaamni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo irratti eeyyama gorsaa argachuu barbaadu gosoota barnootaa kanneen akka:- Saayinsii naannoo, Injiinariingii, Bulchiinsa Naannoo (Environmental Management), Seera, Baayoloojii, Ji'oografii fi Teekinooloojii naannoo irratti digirii kan qabanii fi dhimma eegumsa naannoo (environmental protection), eegumsaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa (conservation and preservation of natural recourses) fi kkf irratti muuxannoo hojii waggaa shan qabaachuun dirqama.[63]Kana malees, dandeettii fi of danda'ee dhimmicha hojjechuu mirkaneeffachuuf qormaatni gahumsa isaanii mirkaneessu kan kennamu dha.

Odiitii dhimma naannoo irratti gorsaa ta'uuf namni barbaaduus ulaagawwan ta'aan kana guutuu qaba. Dabalataan ulaagaawwan kanaan ala iyyataan dhaabbata Kanaadaatti dhimma kana irratti qormaata kennuun karaa interneetiin (online) qoramee qabxii dhibbeentaa torbaatamaa ol (% 70) fiduutu irraa eegama.[64] Adeemsa kana keessa darbuun sertifikeetii dhimma sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo irratti hojjechuu isa dandeessisu argata. Qaamni sertifikeetii argatan kunis dambii ittiin

[62]UNEP Resource Manual, Case Study from Developing countries. According to this manual, a group of people from a range of disciplinary backgrounds, working together to ensure the integrated use of the natural and social sciences and the environmental design arts in planning and decision-making which may have an impact on man's environment has to conduct the environmental impact assessment. The material is available at http://www.unep.ch/etu

[63] Certified Environmental Professionals (EP) ECO Canada, pp 5-6.

[64]Akkuma lak. 63ff[aa], F7.

bulmaataa ogeessota sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo biyyittii eeguu qabu.[65] Akka fakkeenyaatti, dambiin ittiin bulmaata isaanii gabaasaa sobaa yookiin dogoggora dhiyeessuun kan gaafachisu akka ta'e, qorannoo saayisaawaa ta'e gaggeessuun eegumsa naannootiif xiyyeeffannoo kennuu akka qabanii fi kana raawwachuu yoo baatan itti gaafatamummaa akka hordofsiisu tumameera.[66]

Biyya Maleeshiyaa keessatti sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo hojiirra ooluu kan jalqabe ***Environmental Quality Act, 1974*** bahe kutaa 34A jalatti tumaa jiruunidha. Labsiin bara 1987 keessa bahe pirojektootni 19 gara hojiitti seenuun dura dirqama sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu akka qaban ibsameera.[67] Muummeen dhimma naannoo irratti hojjetuus akka tooftaa eegumsa naannootti, namootni gorsaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ta'uu barbaadan lammii biyyichaas ta'e kan alaa gahumsa isaan qabaachuu qaban tarreesseera.[68] Haaluma kanaan, gorsaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ta'uuf yoo xiqqaate dhimma bulchiinsa naannoo waliigalaa irratti muuxannoo waggaa 7 fi waggaa 5 ammoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo yookiin hojiiwwan isaan walqabatan keessatti hirmaannaa kan qabu ta'uu qaba.[69]Akkasumas, leenjiiwwan dhimma sakatta'iinsaa irratti kan fudhate, hubannoo adeemsawwan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo (calallii, daangessuu, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, dhiibbaan tooftaa ittiin salphatu, ogummaa gabaasa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qopheessuu) kan qabu, karooraa fi dambiiwwan eegumsa naannoo biyyattii irratti hubannoo kan qabu ta'uu akka ulaagaatti teechifamaniiru.[70] Namni dhimma tokko irratti gorsaa ta'uuf barbaadu ogummaa irratti gorsaa ta'uuf barbaade kan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu waliin walitti hidhatiinsa qabuta'uu qaba. Fakkeenyaaf, dhimmoota akka qorannoo dhimma lafaa fi biyyee (geology and soil), albuuda baasuu (mining), qulqullina qilleensaa fi foolii (Air quality and odour) fa'a irratti gorsaa ta'uu barbaadu ogumma kana waliin walitti hidhatiinsa qabu qabaachuu mala. Kana argachuufis gosoota barumsaa dhimmichi ilaalu irratti PHD, Digirii fi Dippiloomaa muuxannoo hojii walduraa duubaan 3/5/7 qabaachuu qabu.[71]

[65]Akkuma lak.64ff[aa], 9.
[66]Akkuma lak. 65ff[aa], 19.
[67] Malaysia EIA registration scheme guidance document, EIA/VER-2/2008 (1.1)
[68]Akkuma lak. 67ff[aa]
[69]Olitti yaadannoo lak. 67ff[aa], EIA/VER-2/2008 2.1
[70]Akkuma lak. 69ff[aa]
[71]Akkuma lak.70ff[aa]

Biyyi Leseetoos qaama sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuf ulaagaa baafattee jirti. Haaluma kanaan, gorsaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ta'uuf gosa barnootaa walitti dhufeenya naannoon lubbu qabeeyyii waliin qabu (ecology), saayinsii umaamaa yookiin injiinariingii kan baratee fi muuxannoo dhimma bulchiinsa naannoo (environmental management), eegumsa naannoo fi kan isa fakkaatu irratti qabaachuun barbaachisaaa akka ta'e dha.[72] Kanaaf muuxannoo PHD, Maastersii, yookiin Digirii dhimma naannoo waliin walqabatu irratti yoo xiqqaate walduraa duubaan waggaa 3/5/6 qabaachuu kan qabani dha. Kana malees waa'ee imaammata naannoo fi seerora biyyittii irratti hubannoo gahaa qabaachuu qabu. Akkasumas dhimma irratti gaggeessan loogii malee amanamummaan gaggessuu akka qaban dambii ittiin bulmaataa muummeen naannoo qopheessee ni ibsa.[73]

Biyya keenya keessattis turmaata yeroo dheeraatiin booda seera sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo keessatti ibsamuu baatus, qajeelfama ***2/2006*** kan ministeerri bosonaa fi eegumsa naannoo baase ulaagaa namni dhuunfaa fi dhaabbatni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, ooditiii naannoo fi jijjiirama qilleensaa irratti gorsaa ta'uu barbaadu guutuu qabu qajeelfamichaan ibsameera. Qajeelfamni kun, kaayyoo tajaajilli ogeessotaa fi dhaabbata sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, ooditii naannoo fi jijjiirrama qilleensaa irratti hojjetanii sadarkaa isaa kan eeggate akka ta'uu fi walitti dhufeenyi isaanii akka cimuuf qajeelfamicha baasuun akka barbaachise kutaa kaayyoo jalatti ibsameera.[74]

Qajeelfamichis daangaan raawwii isaatii gorsitoota irratti akka ta'ee fi ogeessotni sakatta'iins dhiibbaa naannoo dhiyaate madaalan (Ministeera bosonaa fi eegumsa naannoo, biiroo eegumsa naannoo naannolee akkasumas waajjiraalee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo akka gaggeessanii fi madaalaniif bakka bu'iinsi kenname ulaagaa qajeelfamicha keessatti taa'e qabaachuuf akka hin dirqamne kwt 2.2 irratti ibsameera.

[72]Guiding Principles on Requirements for EIA Lead Consultant and Consultants for Undertaking Environmental Impact Assessment Studies in Lesotho. Available at http://www.environment.gov.ls/documents/Guiding_requirements_LeadEIAConsultant.pdf

[73]Akkuma lak. 72ff[aa]

[74] Qajeelfama 2/2006, qajeelfama dhimma naannoo irratti sakatta'iinsa dhiibbaa, odiitii naannoo fi jijjiirama qilleensaa irratti kenniinsa tajaajila gorsaa fi mirkaneessa ogummaa kwt 3.

Akka qajeelfamichaatti namootni dhuunfaan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo irratti gorsaa ta'uu danda'an kanneen gosa barumsaa akka imaammataa/seeraa, soosholojii/sooshaal workii/environmental economics, agricultural economics, joograafii, saayinsii fayyaa naannoo (environmental health), eegumsa naannoo, bosonaa, bineensota bosonaa, lubbu qabeeyyii, itti fayyadama qabeenya bishaanii, kemikal injinarii, kemistirii, qabiinsa gataa adda addaatiin sadarkaa barumsaa digirii jalqabaa, mastersii fi dokteriin muuxannoo waggaa 3-5, 1, 0; 6-8, 3, 1; 9-10, 6, 4; 11, 9, 7 kanneen qaban; gorsaa jalqabaa I, gorsaa jalqabaa II, gorsaa fi gorsaa olaanaatiin eeyyamni ni kennama.

Dhabbataan gorsaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ta'uuf ammoo namootni dhuunfaan akka ulaagaa armaan olitti taa'eetti eeyyama gorsuu qaban walitti dhufuun kan hundaa'u ta'a. Bu'uura kanaan, dhabbatni gorsaa sardarkaa I; II; III namoota gosa barumsaa: imammata/seeraan eyyama gorsaa qabu tokko, soosholoojii/ikonomiksiin gorsaa olaanaa, saayinsii fayyaa naannootiin gorsaa, eegumsa dacheetiin gorsaa olaanaa, lubbu qabeeyyii garagaraatiin gorsaa olaanaa, itti fayyadamaa fi eegumsa bishaaniin gorsaa olaanaa, maandisii naannootiin gorsaa olaanaa, qabiinsa gataa adda addaa gorsaa olaanaa yookiin gorsaa kan qaban walitti dhufuun dhaabbatni hundaa'uun sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuf eeyyamni kennamuu akka danda'u qajeelfamichi tumeera. Sakatta'iinsi gorsaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ogummaa dhimma adda addaa irratti qabaniin gaggeeffamuu baannaan sakatta'iinsi bu'a qabeessa ta'e ni gaggeeffama jechuun rakkisaa dha.

Akka waliigalaatti eegumsa naannoo mirkaneessuuf xiyyeeffannoon qaamota sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessaniif kennamuu akka qabu namatti agarsiisa. Sababiin isaas sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo nama gahumsa dhimma naannoo irratti qabuun kan hin gaggeeffamne yoo ta'e, xiyyeeffannoon seerota adda addaa keessatti naannoof kenname hojiirra oolchuu irratti hanqinni akka uumamu taasisuu danda'a. Kanaafuu, dhaabbatni gorsaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo namoota ogummaa barnoota adda addaa kan akka Injinariingii, Saayintistii fi kkf ogeessota naannoo irratti qorachuu danda'an of keessaa qabaachuu qaba.[75] Dhaabbatni gorsaa kunis qorannoo sakatta'iinsaa gaggeessuun gabaasa qopheessee abbaa pirojektii kenna. Baasiiwwan adeemsa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti

[75] Olitti yaadannoo lak. 57ff[aa], F112.

barbaachisan immoo abbaan pirojektichaan kan haguugaman ta'u. Gabaabsin dhiyaate qaama aangoo qabuun madaalamee bu'aa inni dinagdee biyyaa fi miidhaa naannoo irratti dhufuu danda'u xiinxaluun pirojektii sana irratti murtiin kan kennamu ta'a.

2.6. Qaama Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Madaalu

Qaamni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo irra deebiin erga ilaalamee booda gahaa ta'uun isaa yoo itti amaname qaama madaaluuf aangoo qabuuf ergama. Madaalliin kunis sakatta'iinsi qulqullina qabu gaggeeffamuu fi adeemsa sirrii hordofuu isaa adda baasuuf gargaara.[76]Biyyootni adda addaa qaama sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo madaalu garaa gara ta'e qabu. Biyyoota akka Kanaadaa fi Awustiraaliyaa keessaatti ejensii dhimma naannoo (environmental agency) irratti hojjetuun madaalama. Biyyoota akka Itaalii fi Neezerlaand keessaatti immoo qaama of danda'ee Komishiinii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo madaaluuf dhaabbateen raawwatama.[77] Qaamni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffame madaalus namoota ogummaa adda addaa qaban irraa walitti dhufaniin raawwatama. Fakkeenyaaf, Kanaadaa keessatti ogeessa naannoo, Injinerii, Keemistirii, ogeessa Baayooloojii fi kkf niin madaalama.[78] Qaamni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeesse qorannoo isaa xumuree gabaasa isaa dhimma naannoo irratti qaama hojjeetuuf erga dhiyyessee qaamni sunis maadaalee barbaachisaa yoo ta'e ummatni madaallii irratti akka mari'atu taasisuun yaadota ummata ilaalcha keessa galchuun hojjetama.[79]

Kan biyya keenyaa kan Kanaadaa waliin walfakkaata. Labsiin hundeeffama qaama eegumsa naannoo hundeessuuf bahe naannolee, bulchiinsotni magaala Finfinnee fi Dirredawaa qaama eegumsa naannoo irratti hojjetu hundeeffachuu akka danda'an aangessee jira. Bu'uuruma kanaan bulchiinsi magaala Finfinnee sakatta'iinsa gaggeeffame ogeessoota torbaan akka madaalamu qabu seera isaanii keessatti baafataniiru. Garuu qabatamaan ogeessotni jiran shan (5) akka ta'e barreeffamootni naannoo kanarratti jiran ni agarsiisu.[80] Ogeessotni kunneenis :- ogeessa biyyee qoratu (soil chemist), ogeessa eegumsa naannoo irratti hojjetu (environmentalist), dhimma hawaasummaa fi aadaa irratti kan hojjetu (sociologist and social anthropologist), qabeenya uumamaa irratti kan hojjetu (natural resource professional) fi ogeessa dhimma ijaarsaa fi

[76]Akkuma lak. 75ff[aa], F113.
[77]Olitti yaadannoo lak.17ff[aa]
[78] Environmental management Vo. 10 No. 2 pp 157.
[79]Olitti yaadannoo lak.77ff[aa]
[80]Olitti yaadannoo lak.76ff[aa],F113.

maashinoota industiriiwwan fayyadama irratti hojjetu (chemical engineer) kan of keessatti hammateedha.[81] Kan duraan ture ogeessa lama irraa gara shaniitti kan guddate ta'us, ammallee ogeessi siivil injiinarii (civil engineer) fi qulqullinaa (sanitary engineer) kan hin jirree fi sakatta'iinsa gaggeeffame qulqullinaan madaaluuf ogeessotni kun barbaachisaa akka ta'e dha.[82]

Akka naannoo Oromiyaatti qaamni qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo madaalu Biiroo Lafaa fi Eegumsa Naannoo akka ta'e labsiin sakatta'iisa dhiibbaa naannoo mootummaa naannoo Oromiyaa murteessuuf bahe ni ibsa. Garuu labsichi ogeessota meeqaa fi akkamiitiin madaalamuu akka qabu waanti jedhe hin jiru.

Qorannoon sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo erga gaggeeffamee booda gabaasni isaa xiinxalaaf Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannootiif dhiyaata.[83] Akka mootummaa Federaalaatti yoo ta'e ammoo Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannootiif dhiyaata.[84] Gabaasni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo dhiyaatus namni kamiyyuu salphaatti hubachuu kan danda'u, barreeffamichi odeeffannoo guutuu dhimmicha irratti murtii kennuu dandeessisuu fi ragaalee sirrii ta'an qabaachuu qaba. Biiroonis gabaasa dhiyaate erga xiinxalee booda, yaada ummataa fi ogeessota irraa kenname yaada keessa galchuun guyyaa hojii kudhan keessaatti pirojektichi naannoo irratti dhiibbaa kan hin geessisne ta'uu yoo itti amane haalduree tokko malee hojiirra akka oolu hayyama.

Dhiibbaa gahu hambisuun yookiin haala gahaa ta'een ittisuun kan danda'amu ta'uu isaa kan itti amane yoo ta'e, dhiibbaa gahu hambisuuf yookiin sadarkaa quubsaa ta'een gadi-buusuuf tarkaanfii fudhatamu haaldureewwan barbaachisan tarreessuun akka guutaman ajajuun hojiirra akka oolu hayyamuu danda'a.

Dhumarratti, pirojektichi dhiibbaa naannoo irraan gahu haala quubsaan hambisuun kan hin danda'amnee fi dhiibbaan gahu qabeenya uumamaa naannoo yookiin jireenyaa fi fayyaa ummataa daran kan miidhu ta'uu isaa yoo itti amane pirojektichi akka hojiirra hin oolle dhorkuu

[81] Akkuma lak. 80ff[aa]
[82] Akkuma lak. 81ff[aa]
[83] Olittii yaadannoo lak. 60ff[aa], kwt. 11.
[84] Olitti yaadannoo lak. 59ff[aa], kwt 9

qaba.[85] Kun garuu ta'uu kan danda'u namoota ogummaa adda addaa qabaniin yoo xiinxalame dha.

Akka waliigalaatti qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo kan gaggeessuu gorsaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo irratti hojjechuuf nama/qaama eeyyama qabuu fi baasiwwan adeemsa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti bahan hunda kan haguugu nama pirojektiin akka kennamuuf gaafatuunidha.

2.7. Seerota Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu Akka Idila Addunyaa tti

Waraana Addunyaa **I** dura sababa saffisaan babal'inni washaalee fi magaalotaa biyyoota dhihaa keessa tureef miidhaa guddaan qabeenyaa uumamaa irra gahee ture. Rakkoon kunis waraana Addunyaa **II** booda waan itti fufeef ilaalchi eegumsa naannoof kennamuu akka Idil-addunyaatti eegale.[86]Miidhawwan naannoo irra gahanii furmaata keennuuf akka Addunyaatti taarkaanfii kan fudhatte yeroo jalqabaaf biyya Ameerikaati. Akkasumas biyyi kun yeroo jalqabaatiifbara1970 keessa Imaammata Naannoo Biyyoolessaa *(National Environmental Policy)* biyya baafatte dha. Dabalataanis biyyi kun yeroo duraaf waa'ee Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu ilaalchisee seera mataa ishee kan tumatte dha.

Yeroo ammaa kana biyyoonni adda addaa sadarkaa garaa garaa irratti argaman waa'ee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ilaalchisee seera mataa isaanii baafatanii jiru. Akkasumas seerota kanaan ala waliigalteewwan Idila-addunyaa naannoof eegumsa kennan hedduun mallatteeffamanii kan jirani dha. Waliigalteewwan kana keessattis waa'een sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo haala adda addaatiin ibsamee kan jiru dha. Seerota, waliigalteewwan, konveenshinootaa fi murtiiwwan adda addaa sadarkaa Idil-addunyaatti waa'ee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu beekkamtii argatanii jiran keessaa muraasni isaanii haala armaan gadiitti ibsamanii jiru.

[85]Olitti yaadannoo lak. 83ff[aa], Kwt. 11 (2-4)
[86] Achieng Ogola, Environmental Impact Assessment General Guideline, toora interneetii, http//WWW.UNU-GTP-SC -05-28.pdf

2.7.1. Konveenshinii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Pirojektoota Daangaa Qaxxaamuranii Gaggeessuu

Konveenshiniin kun, dhimma sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ilaalchisee waliigaltee biyyoota adda addaa gidduutti taasifame isa jalqabaa dha. Kunis bara 1991 biyya Fiinlaad Epsoo tti raawwatame. Kana irraa ka'uunis *Konveekshinii Epsoo* jedhamuun beekama. Akka Konveenshinii kanaatti miseensonni waliigaltee kanaa pirojektoota hojjechuuf yaadan osoo hin eegaliin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu akka qaban kaa'a. Akkasumas biyyootni miseensa konveenshinichaa ta'an pirojektii naannoo irratti miidhaa fiduu danda'u gaggeessuu yoo barbaadan dursa beeksisuu fi irratti mari'atamuu akka qabu teechiseera. Dabalataan konveenshinichi, dirqama miseensotaa ifaan kaa'uu irra darbee qajeeltoowwan hordofamuu qaban, adeemsa sakatta'iinsichi ittiin gaggeeffamu fi ulaagaawwan guutamuu qabanii fi qabiyyee isaa tarreessee jira.

Dirqama miseensota irratti gatame keessaa muraasni: miseensonni seera ifaa fi iftoomina qabu konveenshinii kana hojiirra oolchuu danda'u baafachuu fi adeemsa isaa diriirfachuu; ummanni loogii tokko malee sakatta'iinsa irratti akka hirmaatan gochuu; qaama yookiin dhaabbata eegumsa naannoo irratti hojjetuuf beekkamtii fi deeggarsa barbaachisaa gochuu; pirojektoota sakatta'iinsi dhiibbaa irratti gaggeeffame gabaasa gochuu; Abbaa taayitaa eegumsa naannoo fi eegumsa fayyaa waliin marii taasisuu fi kkf hojjechuu akka qabani dha.[87]Dabalataan, konveenshiniin kun sakatta'iinsi qabiyyee maal qabaachuu akka qabu kaa'ee kan jiru dha. Haaluma kanaan qabiyyeen sakatta'iinsaa kunis:[88]

- Qabiyyee fi kaayyoo guddaa piroojektichaa fi hariiroo inni kan biroo waliin qabu,
- Pirojektichi yoo hojiirra oole jijjiirrama naannoo irratti dhufu,
- Naannoo sana wantoota miidhuu danda'an,
- Sababa piroojektichaatiin miidhaa naannoorratti uumamu,
- Kaayyoo seerota Idil-addunyaa, biyyoolessaa fi kanneen biroo eegumsa naannoof kennanii jiranii fi ilaalcha pirojektichi kennuuf jedhu,
- Maloota miidhaa sababa piroojektichaan dhufan hambisuu yookiin xiqqeessuu dandeessisan,

[87] Protocol on strategic environmental assessment on the convention on environmental impact assessment in a trans boundary contex, Kewwattoota (3, 8 fi 9)
[88]Akkuma lak. 87ff[aa], annex IV

- Sababa maloota kanneen biroo caalaa miidhaa naannoo irra gahu xiqqeessuuf yookiin hambisuuf filatame,
- Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti rakkoowwan gama odeeffannoo, beekumsa, ogeessota argachuu fi kkf waliin walqabatanii mul'atanii fi
- Odeeffannoo kennamee jiru haala ifaa fi gabaabaa teekinika addaa hin barbaanneen dhiyeeffamuu akka qabu dha

Yeroo ammaa kana seerri Idila addunyaa biyyoonni pirojektoota naannoo irratti miidhaa fiduu danda'u osoo hin hojjetamiin yookiin qaama gaafateef osoo eeyyamni/hin kenniin dura sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessu akka qabu akeeka. Akka seerri Idil-adduunyaa kun akeekutti raawwatamu dhabuu irraan kan ka'e yeroo dhihoo as dhimmoonni adda addaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo tiin walqabatee mana murtii Idila addunyaa (ICJ) tti dhiyaachaa jiru. Fakkeenyaaf, Iyirlaandii fi Yuunaatid Kingidam dhimma *Mixed oxide plan,* Faransaayii fi Niwuu Zilaand dhimma Faransaayii qorannoo lafa jalaa niwukilaaraa irra deebiin eegalte fudhachuun ni danda'ama.[89]

2.7.2. Dikilaareeshinii Ri'oo (Rio Declaration)

Qajeeltoon 17^{ffaa} Dikilaareeshinii kanaa (17th Principles of *RioDeclaration)*, waa'ee misoomaa fi eegumsa naannoo, biyyoonni dikilaareeshinii kana mallatteessan pirojektii hojjechuuf karoorsuun dura naannoo irratti miidhaa fiduu fi dhiisuu isaaf sakatta'iinsa gaggeessuu akka qaban agarsiisa. Akkasumas biyyoonni guddina itti fufiinsa qabu galmeessuuf hojiiwwan hojjetaman bu'aa sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo agarsiiseen ta'uu akka qabus kallattii kaa'eera.

Qajeeltoon 14^{ffaa} konveenshinii kanaas karoorri bu'uurreffamu kamuu meeshaa misoomaa fi naannoon kan walitti araarsu ta'uu akka qabu dha. Karoorri qubsumaa fi babal'ina magaalotaa haala naannoo miidhuu hin dandeenyee fi faayidaa hawaasaa, diinagdee fi naannoo guddisuu danda'uun ta'uu akka qabu dha.[90]

Qajeeltoowwan Konveenshinii Ri'oo hojiirra oolchuuf Ajandaan 21 taa'ameen miseensonni konveenshinichaa bu'uuraalee misoomaa mijaawaa ta'an jireenya namaaf guutuun dura, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu fi miidhaa naannoo irra gahuu danda'u ilaalcha

[89]Olitti yaadannoo lak. 28ff^{aa}, F6
[90] Rio declaration principle 15

keessa galchuun barbaachisaa akka ta'etti kaa'a. Murteen sadarkaa hunda biratti darbus iftoomina, qindoominaa fi haala itti gaafatamummaa qabuun ta'ee, naannoof ilaalchi kennamuu akka qabu; akkasumas adeemsa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti hirmaannaan nama dhuunfaa, garee fi dhaabbataa baay'ee barbaachisaa waan ta'eef biyyoonni dikilaareeshinicha mallatteessan rawwachuu akka qaban kallattii agarsiiseera.[91]

2.7.3. Konveenshinii Mootummoota Gamtoomanii Jijjiirrama Qilleensaa fi Lubbu Qabeeyyii Gara garaa (UN Convention on Climate Change and Biological Diversity)

Konveenshiniin kun bara 1992 keessa hojiirra kan oole dha. Koonveenshiniin kunis walduraa duubaan keewwattoota 4 fi 14 jalatti tumaa waliigalteewwan kanaa gara qabatamaa hojiitti jijjiiruuf sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa.

Bu'uura konveenshinii kanaatiin, biyyoonni kamuu pirojektoota adda addaa lubbu qabeeyyii gara garaa irratti miidhaa dhaqqabsiisuu danda'u kan hojjetan yoo ta'e sakatta'iinsa naannoo gaggeessuun miidhaan naannoo irra gahuu danda'u haala itti hambifamu yookiin xiqqaatu kaa'uuf dirqama qabu. Akkasumas biyyoonni miseensa konveenshinii kanaa ta'an haala itti sakatta'iinsi naannoo gaggeeffamuu qabuu fi hojiirra oolmaa isaa irratti sirna mijaawaa diriirfachuu akka qaban tumameera. Karaa birootiin biyyoonni waliigaltee kana mallatteessan sagantaa fi immaammanni isaan baafatan lubbu qabeeyyii irratti miidhaa fiduu fi dhiisuun isaanii ilaalcha keessa galchuu akka qabani dha.[92]

2.8. Seerota Waa'ee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu Akka Federaalaatti

Seerri waa'ee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qajeelchu osoo hin bahiin dura yaad-rimeen sakatta'iinsa dhiibbaa gaggeessuu sekteroota muraasa keessa tureera. Bara 1980 keessa gargaarsa Sagantaa Misooma Mootummoota Gamtoomanii/Dhaabbata Fayyaa Addunyaa (UNDP/WHO) tiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun rakkoo fayyummaatiif bishaanii fi kanneen bishaan waliin walqabatanii jiran irratti qofaa kan daanga'e yoo ta'eyyuu eegalamee ture.[93]

[91] United Nation on Enviromental Program, Environmental protection and suistainable development, Agenda 21.
[92] Dr. Dejene Girma, The Chance to improve the system of EIA in Ethiopia: A look at the new investment proclamation, Oromia law journal vo.3, no. 1, p. 142
[93] Olitti yaadannoo lak. 89ff[aa], F16

Abbaan Taayitaa Dhaabbata Biyyoolessa Misooma Sululaa Itiyoophiyaa sektera dursee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun gahee hojii isaa keessatti haguuggii seeraa kenne dha. Sakatta'iinsa kanaafis qajeeltoowwan adda addaa baafachuun jal'isii hojjetamu irratti sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu akka qabu qaama hojii isaa akka ta'u taasisee kan ittiin hojjechaa ture dha.[94]

2.8.1. Heera Mootummaa Federalawaa Dimokiraatawaa Rippabilika Itoophiyaa

Heerri Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippabilika Itoophiyaa tumaawwan seeronni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu qajeelchan akka bahaniif kallattii argisiiseera. Misoomni diinagdee kamiyyuu nageenya naannichaa kan hin miine ta'uu akka qabuu fi imaammannii fi sagantaan yeroo karoorfamuu fi hojiirra oolanitti nageenyummaa naannoo akka hin miineef ummanni irratti hirmaachuu akka qabu kaa'ameera.[95] Dabalataanis, sababa sagantaawwan adeemsifamuun namoonni miidhaman beenyaa maallaqaa yookiin kanneen biroo miidhaa gahee jiru waliin walgitu argachuu akka qaban tumamee jira.[96] Hima biraatiin, ummanni mirga naannoo qulqulluu keessa jiraachuutiin walqabatee hojiiwwan misoomaa naannoo irraan miidhaa geessissuu danda'an irratti hirmaachuun yaada isaanii kennuun mirga heera mootummaa irratti taa'ee jiru ta'uu isaati.

Galmoonni armaan olitti ibsaman kun kaayyoo isaanii irra gahuu kan danda'an sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun akka ta'e beekamaa dha. Pirojektiiwwan gaggeeffaman naannoo akka hin miine gochuun kan danda'amu dursamee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun akka ta'e ifa dha. Kanaafuu, Heerri Mootummaa keenya jecha sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu jedhu yoo dhabeyyuu yaadni isaa bu'uura Heeraa kan qabu ta'uu hubachuun nama hin rakkisu.

[94] Olitti yaadannoo lak. 93ff[aa]
[95] Heera Mootummaa Federaalawaa Dimookraatawaa Itoophiyaa, keewwata 92
[96] Akkuma lak. 95ff[aa], kwt 44

2.8.2. Imaammata Eegumsa Naannoo Itoophiyaa Waa'ee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu Irratti

Biyyi keenya hanga bara 1997'tti imaammata eegumsa naannoo guutuu ta'e hin qabdu turte. Garuu, bara 1997'tti qabeenyaa jiru kunuunsuu fi haala itti fufiinsa qabuun irraa fayyadamuuf imaammata eegumsa naannoo baafattee jirti. Kaayyoon waliigalaa imaammata kanaas, itti fayyadamaa fi bulchiinsi qabeenya uumamaa tajaajila amma kennuun dhaloota dhufu osoo hin miidhiin guddina itti fufiinsa qabu fiduu dha.

Imaammanni naannoo kun kaayyoo waliigalaa kanaan ala kaayyoo gooree kan akka naannoo kunuunsuu, kanneen madaala naannoo eegan misoomsuu, lubbu qabeeyyii adda addaa eeguu, eegumsa naannoo keessatti uummata hirmaachisuu fi aangessuu of keessatti qabatee jira.

Akkasumas, imaammatichi barbaachisuummaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuus haguugee jira.[97] Kunis seerri waa'ee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo fi odiitii naannoo hoogganu tumamuu akka qabuu, pirojektiiwwan adda addaa mootummaanis ta'ee nama dhuunfaatiin gaggeeffaman irratti sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo akka gaggeeffamuu fi qajeelfamni kana hoogganu akka jiraatu tumamee jira. Dabalataanis, qaamni itti gaafatamummaan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessu, qindeessuu, mirkaneessuu fi eegumsa naannoo odiit godhu dhaabbachuu akka qabu tumeera. Imaammatichi sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo daangaa maal qabaachuu akka qabu, adeemsa isaa fi dhimmoota maal haammachuu akka qabu ibseera.

2.8.3. Seera Yakkaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippaablika Itoophiyaa Keessatti Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu

Akkuma seerota biroo seera yakkaa Itoophiyaa keessattis sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun haammatamee jira. Namni kamuu pirojektii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisu, qaama aangoo qabu irraa eeyyama osoo hin argatiin kan gaggeesse yookiin dhimma kana ilaalchisee gabaasa sobaa kan dhiyeesse hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen adabsiisuu akka danda'u kaa'amee jira.[98] Tumaan kun sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo seera yakkaa keessaatti iddoo kan argate ta'uu mirkaneessa.

[97] Olitti yaadannoo lak. 58ff[aa]
[98] Seera Yakkaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaa, Keewwata 521.

2.8.4. Labsii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu

Labsiin kun pirojektiin kamuu mootummaanis ta'ee abbootii qabeenyaatiin hojjetamuuf karoorfame miidhaa inni fidu beekuuf sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamuu akka qabu tumeera. Pirojektoonni sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo irratti gaggeeffamuu qabu, osoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo hin gaggeessiin dura hojii hojjechuu akka hin qabne labsichi kaa'eera.[99] Pirojektoonni gara hojiitti seenuu kan danda'an, dursa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qajeelfamaa fi ulaagaa abbaa taayitaa eegumsa naannootiin kaa'ame guutee gaggeeffamuun fudhatama yoo argate qofa dha.[100] Kanaan ala bahamuun pirojektiin raawwatamee yoo argamee adabbiiwwan adda addaa kan hordofsiisu ta'uu isaati.[101]

Piroojektichi akka hojjetamuuf qaamni eeyyama kennuus qaama naannoo eeguuf aangoo qabu irraa eeyyama argachuu isaa qulqulleeffachuu qaba. Raawwatamuu pirojektichaa ilaalchisee abbaan taayitaa eegumsa naannoo dhimma sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaaggeessuutiin walqabatee eeyyama isaa kan tursiise yookiin haqe yoo ta'e, qaamni eeyyama investimentii kennes eeyyama kenne tursiisuu yookiin haquu qaba.[102]

Pirojektiin hojjetamuuf karoorfame naannoo kan miidhuu fi hin mine ta'uu isaa adda baasuuf sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamutti hirmaannaan ummataa baay'ee barbaachisaa dha. Kunis ummanni gochaa kanaan kallattiinis ta'ee al kallattiidhaan miidhamuu danda'an yeroo sakatta'iinsi gaggeeffamuu fi madaalamu irratti hirmaachuun dhimma naannoo irratti murtiin qulqullina qabu akka kennamuu fi piojektiif eegumsi akka taasifamuu gochuuf gahee guddaa qaba.

Sanadootni mootummaas hojiirra ooluuf sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamuu akka qabuu fi ummanni irratti hirmaachuu akka qabu afuura seerichaa irraa hubachuun ni danda'ama.[103] Labsuma kana irratti sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamee qaama

[99]Olitti yaadannoo lak. 84ff[aa], kwt 3
[100]Akkuma lak.99ff[aa], kwt. 7
[101]Akkuma lak. 100ff[aa], kwt. 18
[102]Akkuma lak.101ff[aa], kwt 12
[103] Environmental impact assessment proclamation No. 299/2002 Art. 9(2); keewwata kana irratti qaamni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo madaalu yaada ummatnii fi expertiin sakatta'iinsicha gaggeessee kenne yaada keessa galchuudhaan dhimma pirojektichaa murtoo kan kennu akka ta'e ibsameera. Kunis kan argisiisu yeroo sakatta'iisi

madaaluuf aangoo qabuuf dhiyaatees ummataaf ifaa ta'ee yaadni akka itti kennamu qabu kaa'a.[104] Hata'u malee, ummata haala kamiin beeksifamuu akka qabu, yeroo hangamii keessatti ummatni yaada isaa dhiyeessuu akka qabu irratti wanti jedhame hin jiru. Qabatamaan yoo ilaalamus qaama madaaluuf dhiyaatee akka Federaalaatti guyyoota 15 keessatti akka naannoo Oromiyaatti immoo guyyoota 10 keessatti murtiin pirojektichaa irratti kan kennamu waan ta'eef qabatamaan yaadni ummataa fudhatamaa kan hin jirre ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kunimmoo sakatta'iinsi qulqullina qabu akka hin gaggeeffamnee fi murtiin kennamus fedhii hawaasaa giddu gala akka hin godhanne taasisa.

2.8.5. Seera Investimentii Keessatti Waa'ee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu

Wantoota naannoo fi qabeenyaa uumamaa irratti miidhaa gaggeessuu danda'an keessaa tokko gochaawwan investimentiiti. Investimentiin qabeenyaa uumamaa fi naannoo irratti miidhaa fiduu waan danda'uuf sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun seera investimentii keessatti haguuggii seeraa kennuun barbaachisaa dha.

Kaayyoon labsii investimentii Federalawwaa Dimookraatika Rippaablika Itoophiyaa, jireenyi ummata biyyattii fi sosochiin hawaas-diinagdee akka fooyya'u taasisuudha.[105] Kanas guddina diinagdee ariifachiisuun, qaabenya uumamaa biyyitti hojiirra oolchuu fi itti fayyadamuun, oomishaa fi oomistummaa guddisuun gabaa biyya keessaa cimsuunii fi kkf akka ta'e labsichaan teechifamee jira.[106]

Labsicha keessaatti dhimmi naannoo eeyyama investimentii kennisiisuufis ta'e haqsiisuuf akka ulaagaatti hin ilaalamne. Eeyyama investimentii haaromsuufis investerri hojii isaatiin jijjiiramni naannoo irratti dhufe maal akka ta'e ilaalcha keessa osoo hin galchiin, yeroon eeyyamichaa waggaan tokko akkuma dhumeen baatii tokko gidduutti iyyata dhiyeeffachuun ta'a.[107] eeyyama investimentii haquufis wantotni ilaaman namichi eeyyama kan argate ragaa sobaa ykn

---

gaggeeffamu ummatni keessattuu kanneen pirojektichaan kallattiin miidhamuu danda'an akka hirmaachifaman nama hubachiisa. Hata'u malee, qaamni sakatta'iinsa gaggeessse sun hin hirmaachisne yoo ta'e sakatta'iinsichi maal akka ta'u irratti waanti ibsame kan hin jirre ta'uun hanqinadha.

[104] Akkuma 103ff[aa], kwt. 15

[105] Labsii lakk. 769/2012, labsii investimentii kwt 5.

[106] Labsii lakk. 769/2012, labsii investimentii kwt 5(1-3).

[107] Labsii lakk. 769/2012, labsii investimentii kwt 17(2).

dogoggorsiisuun yoo ta'e, sababa gahaa malee eeyyama investimentii yoo haaressuu baate, sadarkaa hojii pirojektichi irra jiru yeroo walitti aanu lamaaf qaama aangoo qabuuf hin gabaasiin yoo hafe[108] eeyyamni akka haqamu labsichi ni ibsa. Kaayyoon investimentii guddina itti fufiinsa qabu akka dhufuuf akka ta'e kutaa kaayyoo labsichaa keessatti kan ibsame yoo ta'ellee; kaayyoo dhimma naannoof xiyyeeffannoon yoo kenname malee galma gahuu hin dandeenye qabatee labsicha keessatti immoo dhimma naannoo akkasumaan callisee bira darbee jira. Hata'u malee, guddini itti fufiinsa qabu dhufuu kan danda'u xiyyeeffannoo guddina dinagdeef kennamuu fi naannoof keennamu wal madaalaa yoo deeme dha.[109] Kun immoo investeroonni eegumsa naannoo irratti akka hin xiyyeeffanne taasisuu danda'a.

2.8.6. Seera Albuuda Baasuu Keessatti Waa'ee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu

Wantoota naannoo irratti miidhaa cimaa geessisuu danda'an keessaa tokko gochaa albuuda garaa garaa baasuuti. Gochaan akkanaa yeroo raawwatamu naannoof ilaalcha kennuun barbaachisaa dha. Sababa kana irraa ka'uun labsiin Federaalaa waa'ee albuuda baasuu seensa isaa keessatti mootummaan dirqama naannoo kunuunsuun faayidaa dhaloota ammaa fi of duraa mirkaneessuuf misooma albuudaa itti fufiinsa qabu naannoo waliin walsimatu gochuu akka qabu ibsa.[110] Kana irraa ka'uun seerichas baasuun akka barbaachise dha. Dhimmoota albuuda baasuu waliin walqabatan kanneen humna namaan baasuu yookiin iddoo albuudaa barbaaduu irraa kan hafe osoo eeyyama hojii hin argatiin dura sakatta'iinsa naannoo gaggeessuun eeyyama qaama aangoo qabu irraa argachuu akka qaban tumamee jira.[111] Kana irraa akka waliigalaatti hubachuun kan danda'amu labsiin kun sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuf haguuggii seeraa kennee kan jiru ta'uu isaati.

[108] Labsii lakk. 769/2012, labsii investimentii kwt 19(2d).
[109] According to Goodland et al. 1996, the integration of economic, social and environmental concerns in the development process in a balanced way is key to the attainment of ***sustainable development***. EA is one of the policy innovations designed to contribute to such integration at or above the project level. If applied at the project level, it is termed traditional reactive environmental assessment; and SEA, if applied above the project level.
[110] Seensa Labsii Albuudaa Baasuu Mootummaa Dimookraatawaa Federaalaa Itoophiyaa lakk. 678/2010
[111] Akkuma lak. 106ff[aa], kwt 60(1).

2.9. Seerota Waa'ee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaaggeessuu Akka Naannoo Oromiyaatti Jiran

Akka Naannoo Oromiyaattis pirojektoota adda addaa hojjechuuf sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisaa akka ta'e seerota adda addaa irratti caqafamee jira. Kanneenis akka armaan gadiitti teechifamaniiru.

2.9.1. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Heerri motummaa naannoo keenyaas akkuma heera mootummaa federaalaa jecha sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo jedhu ifatti hammachiisuu baatus sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun bu'aawwan dhufan teechisee jira. Akka Heera Naannoo kenyaatti nammootni naannichaa naannawaa qulqulluu fi jireenyaaf tolu keessa jiraachuuf mirga akka qaban ibsameera.[112] Mirga naannoo qulqulluu fi jireenyaaf mijatu keessaa jiraachuu kana mirkaneessuufis mootummaan dirqama akka qabu heerichumti ibseera.[113]

Hojiiwwan misooma diinagdeef hojjetaman kamiyyuu nageenya naanniichaa kan hin booressine ta'uu akka qabu heerrichi ni kaa'a. Kanarraa kan hubatamu, hojiiwwan misooma diinagdee naannicha keessatti hojjetaman naannoo irratti miidhaa kan hin geessifne ta'uu akka qabani dha. Kana dhugoomsuuf ammoo hojiiwwan misoomaa sun osoo hin raawwatamiin dhiibbaa kan qabanii fi hin qabne ta'uun isaanii adda bahuu kan qabu ta'uu isaati. Nageenya naannoo ummatichaa ilaalchisees immaammatnii fi sagantaan yeroo bahuu fi hojiirra oolu ummatichi yaada isaa akka ibsu godhamuu akka qabu heerichi kaa'era.[114]

Walumaa galatti heerri mootumaa afaan ifa ta'een sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo hojiiwwan naannicha keessatti hojjetamuuf karoorfaman osoo gara hojiitti hin seeniin gaggeeffamu qaba hin jedhiin malee kaayyoo sakatta'iinsa dhiibbaa naanoo fi hirmaachisummaa ummataa dhimma naannoo irratti jiraachuun barbaachisaa akka ta'e kallattii kan agarsiisu dha.

[112] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe labsii lakk. 46/1994 kwt 44(1).
[113] Akkuma lak. 108ff[aa], kwt 107(1).
[114] Akkuma lak. 109ff[a], kwt 107(3).

2.9.2. Labsii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Hojii misoomaa (pirojektootni adda addaa) yeroo karoorfamu, iddoon hojii filatamuu fi sanadoota mootummaan baasu naannoo irratti miidhaa geessisu isaanii dursanii adda baasuun tarkaanfii sirreeffamaa kaa'uun barbaachisaa dha. Sirreeffamni kunis fudhatamuu kan danda'u sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun akka ta'e beekamaa dha. Kaayyoo kana galmaan gahuu fi haala qindaa'aa ta'een eegumsa naannoo mirkaneessuuf labsiin lakk. 176/2005 kan tumame ta'uu isaa seensa labsichaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo sababa pirojektoota misoomaa karoorfamaniin yookiin sanada mootummaa hojiirra oolfamuun dhiibbaa naannoo irra gahuu danda'uu fi faayidaa isaan qaban dursanii qorachuun adda baasanii beekuu fi madaaluuf tooftaa to'annoof gargaaru dha.[115]

Namni kamiyyuu pirojektii adeemsisuuf waa'ee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ilaalchisee eeyyama Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa irraa argachuu qaba. Osoo Biiroo irraa eeyyama hin argatiin hojii pirojektii kamuu adeemsisuun dhorkaa ta'uu isaati. Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo kunis dhimmoota hunda irratti adeemsifama jechuu miti. Dhimmoota sakatta'iinsi dhiibbaa adeemsisuu barbaachisanii fi hin barbaachifne ilaalchisee dambiin kan murtaa'u jechuun labsicha keewwata 7 jalattii tumamee jira. Haata'u malee, dambiin pirojektoota sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisuu fi hin barbaachisne murteessu hanga ammaatti hin baane.

Qaamni investimentii, daldalaa, ijaarsaa fi kanneen biroo akka hojjetamaniif eeyyama kennu dursa dhiibbaa pirojektichi naannoo irratti fiduu danda'uu isaa eeyyama biiroo lafa baadiyaa fi eegumsa naannoo Oromiyaa irraa argachuu qaba.[116] Sanadni mootummaas osoo hojii hin eegaliin dura qaamni gaafatu sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun Biiroof gabaasa erga godhee booda ilaalamee fudhatama yoo argate hojiirra oolfamu.[117] Qaamni pirojektii adeemsisu sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun Biiroo irraa osoo eeyyama hin agatiin hojii eegalee fi gabaasa sobaa dhiyeesse adabbii adda addaatiin adabamuu akka danda'u labsichi teechiseera.

[115] Olittii yaadannoo lak. 85ff[aa], kwt 2(4)
[116] Akkuma lak. 111ff[aa], kwt 5(4).
[117] Akkuma lak. 112ff[aa], kwt 8(1).

Biiroonis sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo isaaf dhiyaate sirriitti xiinxalee madaaluuf dirqama qaba. Kana malees, Biiroon yeroo gabaasni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaaggeeffamus ta'ee yeroo xiinxalamu ummanni, keessattuu hawaasni miidhaan irra gahuu danda'a jedhame yaadamu, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo sana keessatti hirmaachuu isaanii mirkaneefachuuf dirqama qaba.[118]Yoo sakatta'iinsichi gaggeeffamu ummata hin hirmaachisne yoo ta'e maal ta'uu akka qabu wanti jedhame hin jiru. Dhimma hirmaannaa ummataa ilaalchisees ummatni haala kamiin akka hirmaatuu fi yeroo hangamii keessatti yaada isaa dhimma pirojektichaa irratti dhiyeessuu akka danda'u wanti ifaan taa'e hin jiru.

2.9.3. Labsii Investimentii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Investimentiin sirnaan hin adeemsifamne taanaan babal'inni isaa wantoota nageenya naannoo irratti miidhaa fiduu danda'an keessaa isa tokko dha. Nageenya naannoo eeguuf misoomni adda addaa adeemsifamuun dura sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamuu qaba. Kunis miidhaa dhufu dursanii beekuun tarkaanfiiwwan nageenya naannoo mirkaneessan akka fudhatamu gargaara. Kanaafuu, labsiiwwan misooma biyya tokkoo saffisiisuuf bahan itti fufiinsa qabaachuuf eegumsa naannoof xiyyeeffannoo kennuu qabu. Haa ta'u malee, labsii investimentii bulchiinsi mootummaa naannoo Oromiyaa (labsiin lakk. 138/2000) eegumsa naannoo ilaachisee keessattuu, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu callisee kan bira darbe dha. Labsichi haala investeroonni itti keessummeeffamuu qabanii fi bulchiinsa investimentii ibsuun ala eegumsa naannoof xiyyeeffannoo wanta taasifamuu qabu irratti wanti jedhe hin jiru. Kun immoo investeroonni gochaawwan yookiin tarkaanfiiwwan naannoo irratti dhiibbaa geessisu illee akka hojjetan kan isaan hin dhorkine yookiin jajjabeessu jechuun ni danda'ama.

2.10. Qaamolee Eegumsa Naannoo Irratti Hojjetan

Qaamoleen mootummaa eegumsa naannoof itti gaafatamummaa qaban kanneen akka Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Federaalaa, Qaama Naannoolee keessatti naannoo akka eeganiif aangoon kennameefii jiruu fi qaama sekteroota hunda keessatti eegumsa naannoo too'atu dha.[119]

2.10.1. Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Federaalaa (Environmental Protection Authority)

[118] Akkuma lak. 113ff[aa], kwt 12
[119] Labsii Qaama Eegumsa Naannoo Hundeessuuf bahe, Labsii lakk. 295/2002, kwt. 2(4)

Qaamni kun akka Federaalaatti naannoof eegumsi akka godhamuuf kan hundaa'e dha. Kaayyoo guddaan Abbaa Taayitaa kanaas sochiiwwan misoom-diinagdee raawwataman haala fulla'aa, namootaaf mijatuu fi nageenya naannoo mirkanessuu danda'an imaammata, tarsiimoowwan, seerotaa fi sadarkaawwan baasuun bu'a qabeessuummaa isaanii mirkaneessuun hojiiwwan qabatamaa hojjetaman to'achuu dha.[120]Abbaan Taayitaa kun pirojektiiwwan adda addaa yeroo karoorfaman sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo akka gaggeessan to'achuuf qaama aangoo qabu dha. Akkasumas sakatta'iinsi gaggeeffamee fi gaggeeffamuuf jedhu ummataaf ifa (ummata hirmaachisuu) gochuu, pirojektoota sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamuu qabuu fi hin qabne adda baasuu, qajeelfama sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamuu fi yeroo madaalamu guutuu qabu baasuu dha. Dabalataan Abbaan Taayitaa kun pirojektootni hojii isaan dalagan odiitii gochuu fi hojiirra oolmaa isaanii to'achuu dha. Abbaan taayitichaa qaamolee adda addaa waliin walitti dhufuun akkaataa eegumsi naannoo mirkanaa'uu danda'u irrattis kan hojjetuudha. Abbaan taayitichaa naannooleef eegumsa naannoo irratti deeggarsa addaa addaa kennuuf dirqama qaba. Yeroo ammaa abbaan taayitaaa jedhamuun hafee gara ministeeraatti jijjiirramuun Ministeera Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiirama Qilleensaa jedhama.

2.10.2. Qaama Akka Naannooleetti Eegumasa Naannoo Irratti Aangoo Qaban

Naannooleen qaama naannoo isaanii eeguu danda'u hundeeffachuuf aangoo qabu.[121] Kanas hirmaannaa ummataa cimsuun imaammataa fi tarsiimoowwan mootummaan Federaalaa baasee irratti hundaa'uun kan baafatani dha. Akkasumas, hojiirra oolmaa isaanii irratti gamaggama, hordoffii fi to'annoo ni raawwatu. Kanaaf naannooleen dirqama kana kan raawwatu qaama of danda'e yookiin qaama duraan jiru jalatti gahee kana raawwatu kan qabaatan ta'uu isaati.[122]

Akka naannoo Oromiyaatti Biiroon Lafaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa abbummaan waa'ee eegumsa naannoo irratti akka hojjetuuf labsii lakkoofsa 147/2001'n hundaa'eera. Biirichi hojiiwwan misooma adda addaa gaggeeffaman kamuu naannoo irratti miidhaa akka hin dhaqqabsiifne to'achuuf aangoo qaba.[123] Akkasumas, sagantaalee pirojektoota misoomaa kan

[120] Olitti yaadannoo lak. 115ff[aa], kwt 5
[121] Akkuma lak. 116ff[aa], kwt 15
[122] Akkuma lak. 117ff[aa]
[123] Labsii Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, labsii lakkoofsa 147/2001, kwt. 5(12).

mootummaas ta'ee kan nama dhuunfaa yeroo karoorfaman sakatta'iinsa dhiibbaa dursamee akka adeemsifamu taasisuu, ulaagaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoof barbaachisu qopheessuu, qaama barbaachisuuf kennuu fi hojiirra oolmaa isaanii to'achuuf aangoo fi dirqama qaba.[124]

Naannooleen eegumsa naannootiif qaama of danda'e kan akka naannoo Oromiyaa osoo hin taane biiroo biraa jalatti aangoo fi dirqama kennanis jiru. Fakkeenyaaf, Naannoon Sababaa fi Sablammii Ummattoota Kibbaa Biiroo duraan jiru Biiroo Qonnaa fi Misooma Baadiyaa jalatti eegumsi naannoo akka hoogganamu taasisaniiru.[125]

Akka waliigalaatti qaamni of danda'e hundaa'es hundaa'uu baates naannooleen pirojektoota gara garaa kanneen sadarkaa naannootti eeyyama argachuun hojii hojjetan sakatta'iinsa dhiibbaa akka gaggeessan gochuu, haala hoj-maata isaanii to'achuu fi haala naannoo isaanii odiiti gochuuf aangoo kan qabani dha.

2.10.3. Qaama Eegumsa Naannoo To'atu Sekteroota Keessatti Hundeeffamu

Qaamni kun labsii Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Federaalaa (labsii lakkoofsa 295/2002)'n eegumsa naannootiif akka hundaa'amu jedhame keessaa isa tokko dha. Kunis, sekteroonni mootummaa seeraan beekkamtii qaban, sadarkaa Federaalaattis ta'ee sadarkaa naannootti, hojiiwwan isaan hojjetan bu'uura seerri eegumsa naannoo qajeelchuun ta'uu fi dhiisuu isaa qaama to'atuu fi hordofuu danda'u hundeeffachuu akka qabani dha.

Garuu qaamni kun sadarkaa naannooleetti kan hundaa'ee hin jirree fi sadarkaa Federaalaatti sekteroota akka Abbaa Taayitaa Daandii Itoophiyaa, Koorpooreeshinii Humna Ibsaa Itoophiyaa fi Ministeera Bishaanii qofaa keessatti hundaa'ee kan jiru ta'uu isaati.[126]

2.11. Sakatta'iinsa Dhiibbaa Gaggeessuu Keessatti Hirmaannaa Qaamolee Gara Garaa fi Mirga Odeeffannoo Argachuu

Qajeeltoon Ri'oo Dikilaareeshinii 10^{ffaa}n dhimma naannoo ilaalchisee qajeeltowwan gurguddoo kan akka odeeffannoo argachuu[127], hirmaannaa uummataa[128] fi mirga haqa argachuu[129] kan of

[124] Akkuma lak. 119ff^{aa}, kwt 5(13).
[125] Olitti yaadannoo lak. 94ff^{aa}, F32
[126] Akkuma lak. 121ff^{aa}, F33

keessaa qabu dha. Qajeeltoowwan gurguddoo Ri'oo Dikilaareeshinii 10ffaa kana hojiirra oolchuuf, Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti Sagantaa Eegumsa Naannoo (*United Nation Environmental Program (UNEP)* qajeelfama *Baali* jedhamu Guraandhala *bara 2010* keessa baase jira. Kaayyoon guddaan qajeelfama kanaas miseensotni haala qajeeltoo Ri'oo Dikilaareeshinii 10ffaa hojiirra oolchuu danda'an seeraa fi adeemsa dhuunfaa isaanii akka baafatan gochuu dha.[130]

DikilaareeshiniinRi'oo, eegumsa naannoo fi misooma ilaalchisee lammiiwwan sadarkaa adda addaa irratti argaman mirga hirmaachuu akka qaban kaa'a. Qaamoleen kunis ummataa fi dhabbattoota adda addaa pirojekticha irraa fayyadamoo ta'an, akkasumas pirojektichaan miidhamuu kan danda'an hunda ni dabablata. Kanaafuu, qaamoleen kun adeemsa bulchiinsaa fi murtii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo irratti odeeffannoo fi beekumsa qoodachuun waa'ee dantaa isaanii ilaalchisee yaada kennuu kan danda'an ta'uu isaati.

Qaamoleen sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamu irratti hirmaachuun yaada kennuuf mirga qaban kunneen qaama mootummaa, uummata, garee lammiiwwanii (citizen groups), qaama mit-mootummaa, garee dhimma bashannanaa irratti hojjetan, garee beektotaa, garee daldalaa fi dhaabbata beektotaa ta'uu danda'u.[131]

Dimokiraasii naannoo[132] keessatti Abbaan Taayitaa naannoo daataa fi odeeffannoo waa'ee naannoo ibsu dhaqqabamaa ta'e lammiileef kennuu qaba. Sadarkaa biyyoolessaattis namni

---

[127]Openness and transparency in decision making, more efficient and effective environmental regulations

[128]Informed citizen participation, mechanism for integrating citizen concerns into public policy making, enhanced ability of governments to respond to public concerns and demands, build consensus, improve acceptance of and compliance with environmental decisions and Build ownership of the decisions

[129]Protecting the rights to access o information and participation, questioning decisions, competent legal bodies to, protect environmental rights and independent and expeditious judicial processes for environmental damage

[130] Bal'inaan qajeelfama 10ffaa kana haala ittiin hojiirra oolamuu danda'u, Access to information, public participation, and access to justice in environmental matters Engaging national governments in the conversation
West Asia Regional Consultative Meeting
26-27 November, 2013
Amman, Jordan, toora interneetii http//www.Access_to_information_and_public_participation.pdf irraa ilaaluun ni danda'ama

[131] Olitti yaadannoo lak. 24ffaa

[132] Environmental democracy is defined as a participatory and ecologically rational form of collective decision making. In other words, the concept refers to a process whereby people participate in making decisions that have

kamuu wantoota naannoo irratti miidhaa geessisanii fi gochaawwan hawaasa keessatti raawwatamaniif odeeffannoo gahaa qaama aangoo qabu irraa argachuu qaba. Akkasumas adeemsa murtii kennuu keessattis mirga irratti hirmaachuu qabu. Mootummaanis dhimma kana ilaalchisee haala mijataa uumuu fi hubannoo uummataa cimsuuf diqama kan qabu ta'uu isaati.[133]

Dhimma naannoo ilaalchisee qaamolee garaa garaa hirmaachisuu fi odeeffannoo kana biraan gahuun faayidaa adda addaa qaba. Kunis walhubannaa lammiiwwanii fi qaama naannoo irratti murtee kennan gidduu akka jiraatu taasisuu, hirmaannaa lammiiwwanii cimsuun imaammatni guddina naannootiif gahee olaanaa taphatu akka bahu gochuu, iftoominnii fi itti gaafatamummaan akka jiraatu taasisuu faa dha.[134] Dabalataanis, ummanni piroojekticha akka qabeenyaa isaatti akka ilaalu gochuu, wantoota naannoo irratti miidhaa geessisan haala itti hafu yookiin xiqqaachuun danda'amu fala sirrii ta'e kaa'uu, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qulqullina qabu gaggeessuu fi to'annoo taasisuuf illee faayidaa olaanaa kan qabu dha.[135]

Biyyoonni garaa garaa maloota adda addaatti gargaaramuun qaamolee kana hirmaachisu. Fakkeenyaaf, biyya **Guyana** yoo ilaalle, seera isaanii keessatti abbaan piroojeektii yeroo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessu ummata hirmaachisuu akka qabu ka'ameera. Ummatni dhimma naannoo isaanii miidhuu danda'u irratti tooftaan ittiin hirmaatan: abbaan piroojektii ummata walitti qabee mariisisuun, qaama fedha qabu kamuu fi dhaabbata naannoo irratti hojjetaniif marii qopheessuun, gaaffiilee adda addaa qopheessuun qaamni pirojektichaan miidhamuu danda'an gaafficha akka deebisan gochuun, qaamolee odeeffannoo barbaachisoo kennaniif (kanneen akka bulchitoota naannichaa) tiif af-gaaffii taasisuun ta'uu danda'a. Caalaatti hirmaannaan akka cimuu fi qaamni kamiyyuu dhimmaa pirojektii hojjetamuuf karoorfamee jiruu irratti yaada akka kennuuf odeeffannoowwan argaman cuunfuun baasii mataa isaatiin gaazexaa irratti akka maxxanfamu taasifama. Qaamni kamiyyuu guyyaa 28 keessatti waa'ee pirojektichaa irratti yaada qabu karaa barbaadeen; jechuun barreeffamaan, qaamaan dhiyaachuun dhiibbaa inni jireenyaa fi naannoo isaanii irratti qabu ibsuu danda'a. Hirmaannan ummataa kunis sadarkaa

---

bearing on the environment. See generally, Michael Mason, Environmental Democracy, Earthscan Publication Ltd, London, 2006, p.1

[133] Ri'oo Dikilaareeshinii Qajeeltoo 10ff[aa]

[134] The Regional Environmental Center for Central and Eastern Europe, the transposition of the convention on access to information, public participation in decision making an access to justice in environmental matters.

[135] Miiljalee olii lakkoofsa 127ffaa

sakatta'iinsa duraa (preliminary assessment), yeroo sakatta'iinsi gaggeeffamu (preparation of the study) fi yeroo sakatta'iinsi irra deebiyamee ilaalamu keessatti (review of the EIS) dha.[136]

Erga sakatta'iinsi gaggeeffame abbaa taayitaaf dhiyaatee boodas abbaan piroojektii fi qaamni sakatta'iinsa gaggeesse sakatta'iinsa gaggeeffame sana gabaabinaan maal akka fakkaatu gaazexaa biyyattii guyyaa guyyaan bahu irratti akka bahu taasisu. Ummatni yaada isaa sakatta'iinsi gaggeeffame yeroo madaalamus akka hirmaatuuf guyyootni jatama (60) ni kennama.[137]

Biyyaa Ameerikaa keessattis, ummatni dhimma naannoo isaanii irratti murtii kennamuuf deemu ilaalchisee yaada akka kennaniif guyyootni 45 ni kennama. Kun garuu akka dhimma isaatti gabaabbachuu yookin dheerachuu ni danda'a.[138]

Afrikaan Kibbaa qaamoleen adda addaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamu irratti akka hirmaataniif odeeffannoo maloota garaa garaatti fayyadamuun dhaqqabsiisuu irratti muuxannoo gaarii qabdi. Malootni kennuunis, naannoo pirojektichi itti gaggeeffamu, iddoo mul'achuu danda'uu fi bakka argamuuf mijataa ta'etti waa'ee pirojektii gaggeeffamuuf yaadamee beeksisa maxxansuun, qaamolee adda addaaf beeksisa barreeffamaa erguun akka hubatan taasisu. Fakkeenyaaf, abbaa qabiyyee bakka pirojektichi itti gaggeeffamuuf karoorfamee, jiraattota naannoo, abbaa qabiyyee naannoo sanatti dhihoo jiru, mana maree magaalaa naannichaa, bakka bu'aa hawaasaa, qaama mootummaa kamuu naannoo sanatti aangoo qabu, qaama mootummaa eegumsa naannoo irratti hojjetu beeksisa barreeffamaanii fi miidiyaa adda addaatti fayyadamuun ummatni akka dhimma naannoo irratti hirmaatu taasisaa jirti.[139]

Akka biyya keenyaatti yeroo sakatta'iinsi gaggeeffamuu fi madaalamu ummanni haala kamiin hirmaachuu akka qaban ibsamee hin jiru. Akka labsii federaalli baasee jiruutti qaamni aangoo sakatta'iinsa madaaluuf qaban gabaasa dhiyaate ummataaf ifaa gochuun yaada isaanii fudhachuu

[136]Citizen Participation in the Environmental Impact Assessment Process in Guyana: Reality or Fallacy?' 2/1 Law, Environment and Development Journal (2006), p. 45, available at http://www.lead-journal.org/content/06034.pdf
[137] Oliitti yaadannoo lak.132ff[aa], F47
[138] Olitti yaadannoo lak.131ff[aa]
[139] Chapter 12 pdf, p. 345 south africa

akka qaban kaa'a.[140] Akkasumas, yeroo sakatta'iinsi dhiibbaa gaggeeffamu yaadni ummataa akka waliigalaatti, keessattu warren piroojektichaan miidhamuu danda'an, irraa fudhatamuu fi madaalliin kennamuu isaa mirkaneeffachuu akka qaban ibsa.[141] Tumawwan kana irraa hubachuun kan danda'amu sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamu keessatti ummanni hirmaachuu akka qaban hiikkoon yoo bira gahameyyuu haala kamiin hirmaachuu akka qaban ibsamee hin jiru. Dabalataan qaamni aangoo qabu gabaasa dhiyaate ummataaf ifaa gochuun yaada irratti akka kennan yoo jedheyyuu qaamni kam akka kennu, haala kamiin kennuu akka qaban, odeeffannoon akkamitti bira akka gahuu, yeroo hagamii keessatti akka dhiyeeffatanii fi kkf ilaalchisee waan jedhame hin jiru.

Labsiin sakatta'iinsaa akka naannoo keenyatti bahee jirus qaamni aangoo qabu yeroo gabaasni qorannoo madaalamu yaadni ummataa, keessattu kanneen hojiirra oolmaa piroojektichaan miidhamuu dandada'an, jiraachuu isaa mirkaneeffachuu qabu jedha.[142] Tumaan seera kanaa haala kamiin mirkaneeffachuu akka qaban hin keenye. Dabalataan seerri naannoo keenyaa yeroo sakatta'iinsi xiinxalamu (madaalamu) akka irratti hirmaataniif waan jedhe hin jiru. Kun immoo akka waliigalaatti mirga hawaasni murtii dhimmanaannoo irratti kennamutti hirmaachuu fi odeeffannoo argachuu heeraa fi seerota Idila addunyaa biyyi keenya mallatteessitee jirtuun haguuggii argatee jiru kan miidhu ta'a.

Gama biraatiin, ummatni hangamii hirmaachuu akka qabanis dhimma xiyyeeffannaa kennamuufi qabu dha. Dhimma kana ilaalchisee seerotni keenyas ta'e kan biyyoota muuxannoo isaanii olitti ilaallee ummata hanga kanatu gahaadha waan jedhu hin teechisane. Barreeffamootni dhimma kana irratti jiranis ummatni hammam yoo hirmaate gahaa akka jedhamu hin ibsine. Haa ta'u malee, bu'a qabeessummaa hirmaannaa ummataa madaaluuf ulaagawwan jiran keessaa saampiliin ummata irratti hirmaachuu qabuu ummata naannoo sanaa bakka bu'uu bifa danda'uun ta'uu akka qabuu dha.[143] Hirmaannaan ummataa bu'a qabeessa akka ta'uufis, sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamus ta'e erga hojiitti seenamee ooditii dhimma naannoo irratti

[140] Olitti yaadannoo lak. 104ff[aa], kwt. 15(1)
[141] Akkuma lak. 136ff[aa], kwt. 15(2)
[142] Miiljalee olii lakkoofsa 85ffaa Kwt. 12
[143] Wouters et al.—evaluating public inputs in National Park Management Plan reviews pp 20.

ummatni hirmaachuu akka qaban hog-barruuwwan dhimma kana irratti barreeffaman ni ibsu.[144] Irratti hirmaachuu qofas osoo hin taane yaada bu'a qabeessa ta'e ummata irraa argachuuf yeroon gahaan marii ummataaf kennuun barbaachisaa fi qulqullina sakatta'iisa dhiibbaa naannoo gaggeeffamuufis murteessaa dha.[145]Muuxannoowwan biyyoota olitti ilaalle kanaan wal-bira qabnee yoo ilaallu, sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamus ta'e yeroo madaalamu ummatni akka irratti hirmaatu taasisuu irratti seerri keenya hanqina kan qabu ta'uu isaati.

2.12. Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu fi Mirga Haqa Argachuu

Dimookiraasiin naannoo, iftoominnii fi itti gaafatamummaan akka jiraatuuf ummanni murtii naannoo miidhuu danda'an irratti akka hirmaatan kan jajjabeessu dha.[146] Yeroo ammaa kana seerri Idil-addunyaa fi biyyolessaa mirga murtii kennamu irratti hirmaachuu, mirga odeeffannoo fi haqa argachuu qajeeltowwan dimookiraasii naannoo ta'uu isaaniif beekamtii kennee jira. Dikilaareshiniin Ri'oo qajeeltoon 10^{ffaa}s naannoon sirnaan akka eegamuuf sirni bu'a qabeessa ta'e gama mana murtii fi bulchiinsaatiin haqa argamsiisuuf hojjetu jiraachuun dogongorri akka sirreeffamuu fi miidhaa dhaqqabeef beenyaan kaffalamu taasisuu akka qabu akeeka.

Mirgi haqa argachuu, itti gaafatamummaa mootummaa yookiin dhuunfaa guddisuu, bilisummaa odeffannoo cimsuu, lammiiwwan haala hiikkaa qabuun dhimma naannoo irratti akka hirmaatan gochuu, dogongorri akka sirratuu fi beenyaan akka kaffalamu taasisuu keessatti gahee guddaa kan qabu dha.[147]

Mirgi haqa argachuu kunis sadarkaa sadi (3) kan qabu dha.[148]

1ff^{aa}**Jalqaba** (Beginning): Sadarkaa kana irratti mirgi haqa argachuu kun qaama dhimma kana ilaalu jiraachuu (odeeffannoo qabaachuu, mirga himachuu qabaachuu, gargaarsa seeraa fi teekinikaa argachuu) dabalata.

---

[144] Akkuma oliitti
[145] IAIA 11 Conference proceedings Impact Assessment and Responsible Development fo isfrustracture, business and industry. 31st Annual Meeting of the International Association for Impact Assessment 28 May-4 June 2011, Centro de Conveciones.
[146] Olitti yaadannoo lak.128ff^{aa}
[147] George (Rock) Pring and Catherine (Kitty) Pring, Greening Justice: Creating and Improving Environmental Courts and Tribunals, The Access Initiative, p. 12
[148] Akkuma lak. 143ff^{aa}, F19

2ff[aa] **Gidduu** (Middle): Mirgi haqa argachuu sadarkaa kanarratti ka'u, adeemsa bu'a qabeessa, madaalawaa fi humna isaa giddugalessa taasiseen qaama abbaa seerummaa dhimmicha naannoo inni jirutti ilaaluuf argachuudha.

3ff[aa] **Dhuma** (End): Sadarkaa kana irratti murtii qaama abbaa seerummaan kenname mirga raawwachiisuuti.

Biyya **Keeniyaa** keessatti mirga haqa argachuu dhimma naannoo ilaalchisee, qaamotni adda addaa dhimmicha keessummeessuuf hunda'aniiru.[149] Kanneen keessaa tokko koree komii ummataa dhagahu dha. Walitti qabaan koree kanaa, nama ulaagaa Abbaan seeraa mana murtii olaanaa Keeniyaa guutu ta'ee, ministeeraan kan filatamuudha. Bakka bu'aa abukaatotaa, bakka bu'aa seera hawaasa Keeniyaa, bakka bu'aa mit-mootummaa kan isaaniin dhiyaatu (kan akka barreessaatti tajaajilu), bakka bu'aa dhaabbata daldalaa Ministeeraan dhiyaatu fi namoota lama Ministeeraan dhiyaatan warreen bulchiinsa naannoo irratti gahee guddaa qaban of keessaa qaba.[150] Gaheen koree kanaas, himannaa yookiin komii miidha naannoo kamiyyuu fuudhuun keessummeessuu, haala Abbaan Taayitaa Bulchiinsa Naannoo Biyyoolessaa (National Environment Management Authority) immaammata naannoo hojiirra oolchu irratti qorannaa taasisuu, komiin dhiyaachuu baatus dhimma naannoo ilaalchisee kaka'umsa mataa ofiitiin qorannoo taasisuun hojiiwwan gurguddoo koreen kun hojjetuudha. Qorannoo gaggeessan kanas bu'aa isaa qaama imaammata naannoo baasuuf aangoo olaanaa qabu, Koree Dhimma Naannoo Biyyoolessaa (*National Environmental Council)* jedhamuuf dhiyeessa.[151]

Keeniyaan qaama abbaa seerummaa dhimma naannoo ilaalu (*National Environmental Tribunal)* kan jedhamus seera isaaniitiin hundeessanii jiru. Qaamni kun dhimmoota mana murtii idileetiin ilaalaman dabalataan kan ilaalu dha. Akkasumas, akka oliyyannootti murtii qaamni aangoo naannoo irratti qabu kennee jiru ofitti fuudhuun ni ilaala. Dhimmoonni kunis kanneen akka sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo kufaa taasifame, eeyyama abbaa piroojektiif kennuu diduu fi

[149] Olitti yaadannoo lak. 144ff[aa]
[150] Akkuma lak. 145ff[aa]
[151] Dr. Patricia Kameri-Mbote, International Environmental Law Research Center, Towards Greater Access To Justice In Environmental Disputes in Kenya: Opportunities for Intervention

oliyyannaa ummata naannootiin eeyyama Abbaan Taayitaa Bulchiinsa Naannoo Biyyoolessaa abbaa piroojektiif kenname irratti dhiyaatu ta'uu danda'a.[152]

Dhuma irratti sakatta'iinsa dhibbaa naannoo ilaalchisee iyyatni yookiin komiin qaamolee garaa garaa irraa mana murtii oliyyata dhagahuutti dhiyaachuun murtiin kan itti kennamu ta'a. Fakkeenyaaf, dhimmoota akka Titaaneemii Kiwale baasuu, Bosona ciruu fi Pirojeektii anniisaa sondu Miri'ufudhachuun ni danda'ama.[153]

Akka biyya keenyaatti namni kamuu, dhimma murtiidhaan murtaa'uu, qabu mana murtiitti yookiin qaama biroo kan aangoo abbaa seerummaa seeraan kennameefitti dhiyeessuu fi murtii argachuudhaaf mirga akka qabu heera mootummaa federaalaa fi heera keenya irratti ibsamee jira.[154] Mirgi kunis dhimmoota naannoo waliin walqabatan illee haguuguu kan danda'u ta'uu isaati.Labsii to'annaa faalama naannoo akka federaalaa fi naannoo keenyaatti bahee amma hojiirra jiru keessatti namni kamuu, dantaan isaa miidhamuu osoo agarsiisuun hin barbaachisiin, faalama naannoo sababa induustiriin dhufu ilaalchisee mana murtiitti oliyyata fudhachuu akka danda'u aangessee jira.[155] Kana jechuun, namni lammii Itoophiyaa ta'e tokko dhimma faalama naannoo ilaalchisee mirga himannaa mana murtiitti hundeessuu kan qabu ta'uu isaati. Kunis qaamni miidhaa dhaqqabsiise maallaqaa fi hidhaan akka adabamu taasisuu danda'a. Dabalataanis qaamni miidhaa dhaqqabsiise baasii isaatiin bakka naannoon dura turetti akka deebi'uu fi namoota miidhaan irra dhaqqabeef beenyaa kaffaluuf dirqama kan qabu dha.[156]

Akka labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo bahee amma hojiirra jiruutti namni kamuu haala raawwii pirojeektichaa irratti yaada kennameen yookiin yeroo hordoffii yookiin pirojeekticha ilaalchisee Biiroo irraa murtii kenname kamiyyuu irratti komiin yoo qabaate hoogganaaf dhiyeeffachuu akka qaban kan federaalaas[157] ta'ee kan naannoo keenyaa[158] ni kaa'u.Garuu murtii hoogganaan kenname ilaalchisee namni komii qabu mana murtiitti yookiin qaama abbaa seerummaa qabu birootti akka fudhataniif waan jedhame hin jiru. Kun immoo mirga haqa

[152] Akkuma lak. 147ff[aa]
[153] Akkuma lak. 148ff[aa]
[154] Heera Mootumaa Federaalaa fi Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt 37(1)
[155] Environmental pollution control procalamation, No. 300/2002, Art. 11(2).
[156] Akkuma lak. 151ff[aa], kwt 17(c).
[157] Olitti yaadannoo lak. 136ff[aa], kwt 17(1)
[158] Olitti yaadannoo lak. 114ff[aa], kwt 18(1)

argachuu lammiilee Heera mootummaa keenyaa fi waliigaltee Idila addunyaa biyyi keenya mallatteessite kan akka Dikilaareeshinii Ri'oo qajeeltoo 10^{ffaa} keessatti taa'ee jiru hojiirra oolmaa isaa irratti rakkoo akka qabaatu taasisa.

BOQONNAA SADI

Xiinxala Daataa

Rakkoolee Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuun Walqabatanii Mul'atan

Seensa

Qorannoon kun daataawwan bifa af-gaaffii, bargaaffii, seerota, galmeewwan adda addaa funaanamanii fi daawannaa qorattootaan taasifame giddu gala godhachuun xiinxalame. Haaluma kanaan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu fi raawwii isaatiin walqabatee hanqinaalee naannoo keenya keessatti mul'atan xiinxalamaniiru. Kanneenis hanqinaalee qajeeltoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo waliin walqabatanii jiran, rakkoolee adeemsa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo waliin walqabatanii mul'atanii fi rakkoolee biroo adeemsaa fi qajeeltoon ala jiraniin madaalamuun xiinxalamaniiru.

3.1. Rakkoolee Qajeeltoo Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuun Walqabatanii Jiran

Qajeeltoowwan mata duree kana jalatti xiinxalaman kan sakatta'a hoogbarruu keessa jiran kanneen ogummaa keenyaan safaramuu danda'an haala haguuguun ta'ee gariin isaanii Adeemsa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessas waan jiraniif mata duree sana jalattis ilaalamanii kan jirani dha.

3.1.1. Hirmaannaa Ummataa

Qajeeltoowwan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo keessaa tokko qorannoo sakatta'insa dhiibbaa naannoo gaggeeffamu keessatti ummata hirmaachisuu dha. Dhimma kana ilaalchisee rakkoolee jiran beekuuf Af-gaaffii, bargaaffii fi galmeewwan adda addaa sakatta'amaniiru. Pirojeektootni kanaan dura gaggeeffamanii fi amma gaggeeffamaa jiran irratti ummatni yeroo sakatta'iinsi gaggeeffamu hagam keessatti hirmaataa akka jiru sadarkeessuuf hirmaattota qorannoo kanaa ijoo kana irratti bar-gaaffii guutan namoota 132 keessaa namoonni 18(13.6%) olaanaa yoo jedhan, namoonni 52(39.4%) hirmaannaan ummataa giddugaleessa jedhaniiru. Namootni 62(47%) ta'an immoo hirmaannaan uummataa gadaanaa dha jedhaniiru.

Kanneen sakatta'iinsi yeroo gaggeeffamu hirmaannaan ummataa olaanaa fi giddu galeessa jedhan yaada ummata irraa fudhachuun kan dur turee waliin walbira qabamee yoo ilaalamu fooyya'iinsi kan jiru ta'uu isaa kaasaniiru.[159] Hirmaannaan ummataa kan durii caalaa fooyyeen yoo jiraateyyuu, kanneen sakatta'iinsa gaggeessan yeroo sakatta'iinsichi gaggeeffamu ummata hirmaachisuu irratti hanqinni adda addaa akka jiru ka'eera. Ummata hirmaachisuu ilaalchisee Bulchiinsa Gandaa, Bulchiinsa Aanaa fi Waajjira Inveestimeentii malee, qabatamaan ummata naannoo sana jiraatanii pirojeektii gaggeeffamu irraa fayyadamoo yookiin miidhamoo ta'anii fi ogeessota Waajjira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo hirmaachisuu irratti hanqinatu jira.[160]

Seerri sakatta'iinsi yeroo gaggeeffamu ummatni irratti hirmaachuu qaba yoo jedheyyuu, ulaagaa seerichaan taa'e guutuuf malee qaama hirmaachuu qabu hirmaachisuu irratti hanqinni ni jira. Fakkeenyaaf, sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo Pirojektii '***afri-flower plc flower farm project***' jedhamuuf gaggeeffame sadarkaa naannootti mirkanaa'ee yeroo ammaa gara hojiitti seenee jiru irratti maqaan namoota dookumeentii keessatti akka yeroo sakatta'iinsi gaggeeffamu irratti hirmaataniitti teechifaman jiraattota aanaa sanaa kan hin taane dha.[161] Namoota gara biroo walitti qabuun suuraa isaanii dokumentii sakatta'iinsa gaggeeffamee keessatti ummatoota hirmaatanidha jedhanii teechisaniiru.

Hirmaannaa ummataa waliin walqabatee rakkoon jiru inni biroo yaada ummataati jedhamee dursa kompiiteraan barreeffamuun maqaa namootaa qofaa dokumentii sakatta'iinsaa irratti guutuun kan jiru dha.[162] Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo pirojektii ***Tamirat Demise Water Bottling Project*** jedhamu gaafa guyyaa 29/03/08 gaggeeffamee dhiyaate irratti dhimmicha ummanni akka waliif galee jiru barreeffama koompiiteraan ibsuun iddoo duwwaa qophaa'ee jiru irratti maqaan namootaa qalamaan kan guutamee jiru dha.[163] Osoo qabatamaan ummatni

[159] Cuunfaa bargaaffii qorannoo kanaaf bara 2008 keessa funaaname irraa
[160] Af-gaaffii Obbo Lijaalem Gurmeessaa, Ab.Ad. Hojii Egumsa Naannoo W/L/E/N G/W/Lixaa, waliin gaafa 09/05/08 taasifame
[161] Af-gaaffii Obbo Hayiluu Warquu, Ab.A.d. Hojii Eegumsa Naannoo A/Walmaraa, waliin gaafa 15/05/08 taasifame
[162] Af-gaaffii Obbo Sintaayyoo Bafiqaaduu, Hordoffii fi Qo'annoo Istaandardii Eegumsa Naannoo fi Xiinxalaa Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo BLBENO waliin gaafa 04/05/08 taasifame
[163] Af-gaaffii Obbo Haabtaamuu Fayyee, Raawwataa Hojii S/DH/N A/S/Hawaas, waliin gaafa 23/05/08 taasifame

jedhaman kun dursa mariisifamaniiru ta'ee sakatta'iinsa sana keessatti akkuma yaada isaaniiti jedhamee ibsameetti kompiiteraan barreeffama ture.

Gama biraatiin, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamu irratti ummani yeroo mariisifamus bu'aa pirojektiin hojjetamuuf karoorfame qabu; keessattuu waa'ee qacarrii, mana barnootaa, mana yaalaa ijaaruu, daandii, ibsaa fi bishaan galchuu malee miidhaa pirojeektichi fidu ummataaf kan ibsamu miti.[164] Osoo ummanni faayidaa fi miidhaa isaa dursee beekuun pirojeektiin hojii eegala ta'ee ummanni akka qabeenyaa isaatti ilaala ture. Amma garuu kun waan hin jirreef rakkoon tokko yeroo ka'u ummanni qabeenyicha balleessuutti fiigaa jira.[165] Kana immoo haala qabatamaa yeroo ammaa jiru irraa hubachuun kan danda'amuu fi hanqinni hirmaannaa ummataa kan jiru ta'uu isaa agarsiisa.[166]

Hirmaannaan ummataa dookumeentii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qophaa'u irratti yoo taasifames yaada ummataa fudhachuun furmaata kennuu irratti hanqina bal'aatu jira. Fakkeenyaaf, warshaa Gogaa Chaayinaa Afrikaa fudhachuun ni danda'ama. Yeroo mariin adeemsifamu ummanni naannoo sanaa Kantiibaa Bulchiinsa Magaalichaa dabalatee miidhaa (akka fakkeenyaatti foolii badaa) qaba jedhamee didamaa ture. Kana irra darbuun mootummaan Federaalaa eeyyama kennee amma miidhaa geessisaa kan jiru dha.[167]

Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamu irratti hanqinni hirmaannaa ummataa akka jiraatu taasise keessaa tokko qaawwaa seeraati. Labsiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo kan Fedeeraalaas ta'e kan mootummaa naanooo oromiyaa sakatta'iinsi yeroo gaggeeffamuu fi madaalamu ummanni haala kamiin hirmaachuu akka qabu ibsee hin jiru. Akka labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannno Federaalaatti qaamni sakatta'iinsa madaalu gabaasa dhiyaate ummataaf ifaa gochuun yaada isaanii fudhachuu akka qaban kaa'a.[168] Akkasumas, yeroo sakatta'iinsi dhiibbaa gaggeeffamu yaadni ummataa akka waliigalaatti, keessattu warren piroojektichaan miidhamuu

[164] Af-gaaffii Obbo Xaabuushee Dabalee, Q/Garee Qorannoo Pooteenshaalaa fi Piroomooshinii Inves. G/A/N/F waliin gaafa 04/05/08, Af-gaaffii Obbo Sintaayyoo Bafiqaaduu, Hordoffii fi Qo'annoo Istaandardii Eegumsa Naannoo fi Xiinxalaa Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo BLBENO, waliin gaafa 04/05/08 taasifame.
[165] Af-gaaffii Obbo Nagaasaa Baanee Hoogganaa, WLEN Magaalaa Amboo, waliin gaafa 13/05/08 taasifame
[166] Af-gaaffii Obbo Nagaasaa Baanee Hoogganaa, WLEN Magaalaa Amboo, waliin gaafa 13/05/08 taasifame.
[167] Af-gaaffii Obbo Xaabuushee Dabalee, Q/Garee Qorannoo Pooteenshaalaa fi Piroomooshinii Inves. G/A/N/F, waliin gaafa 04/05/08 taasifame
[168] Olitti yaadannoo lakk. 11ff[aa], kwt. 15(1)

danda'an, irraa fudhatamuu fi madaalliin kennamuu isaa mirkaneeffachuu akka qaban ibsa.[169] Tumawwan kana irraa hubachuun kan danda'amu sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamu keessatti ummanni hirmaachuu akka qaban hiikkoon kan bira gahamu yoo ta'eyyuu haala kamiin hirmaachuu akka qaban irratti wanti ibsame hin jiru.

Labsiin sakatta'iinsaa akka naannoo keenyatti bahee jirus qaamni aangoo qabu yeroo gabaasni qorannoo madaalamu yaadni ummataa, keessattu kanneen hojiirra oolmaa piroojektichaan miidhamuu dandada'an, jiraachuu isaa mirkaneeffachuu qabu jedha.[170] Tumaan seera kanaa haala kamiin mirkaneeffachuu akka qaban hin keenye. Seerri naannoo keenyaa yeroo sakatta'iinsi xiinxalamu (madaalamu) ummatni haala kamiin akka irratti hirmaatanis ta'e irratti hirmaachuullee akka qaban waanti jedhe hin jiru. Ummata jechuun eenyu akka ta'ee fi odeeffannoon qaama kana bira haala kamiin gahuu akka qabuu fi yeroo hagam isaaniif akka kennamuu qabu muuxannoowwan gaggaarii akka biyyoota Guyana, Ameerikaa fi Afrikaa Kibbaatti seera biyya keenyaatiin haguuggii kan hin arganne dha. Kanaaf, ummatni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo irratti qixa barbaadamuun akka hin hirmaanneef sababa guddaa ta'ee jira.

Akka waliigalaatti daataawwan bar-gaaffii, af-gaaffii, sanadootaa fi seerota keenya irratti xiinxala taasifameen sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo keessatti hirmaannaan ummataa hanqina kan qabu ta'uu isaati. Kun immoo mirga hawaasni akka waliigalaatti murtii dhimma naannoo isaanii irratti kennamurratti hirmaachuu fi odeeffannoo argachuu heeraa fi seerota Idila addunyaa biyyi keenya mallatteessitee jirtuun haguuggii argate akka gara hojiitti hin hiikamne taasisa.

3.1.2. Bu'aa Isaa Ummata Beeksisuu

Qajeeltoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu ummata hirmaachisuu qofaa osoo hin taane erga hirmaatanii booda illee bu'aa isaa beeksisuu dabalata. Kunis yaadni ummataan kenname sun sirnaan gabaasicha keessatti haammatameera moo hin haammatamne kan jedhu adda baafachuuf gargaara. Kunis wantoota ummanni kaase sababa itti kufaa ta'e, yoo fudhatameera ta'e haala kamiin akka haammatame ifaa gochuufi dha. Dabalataan, hirmaannaa ilaalchisee kan komii qabu

[169] Akkuma lakk. 163ff[aa], kwt. 15(2)
[170] Olitti yaadannoo lakk. 14ff[aa], Kwt. 12

yoo jiraate qaama komii dhagahutti dhiyeeffachuun osoo pirojektichi hojii hin eegaliin murtiin haqa qabeessa ta'e akka argamuuf tajaajila.

Akka labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo bahee amma hojiirra jiruutti namni kamuu haala raawwii pirojeektichaa irratti yaada kennamee ilaalchisee Biiroo irraa murtii kenname kamiyyuu irratti komii yoo qabaate hoogganaaf dhiyeeffachuu akka qaban labsii federaalaas[171] ta'ee kan naannoo keenyaa[172] ni kaa'u. Garuu murtii hoogganaan kenname ilaalchisee namni komii qabu mana murtiitti yookiin qaama abbaa seerummaa qabu birootti akka fudhataniif waanti jedhame hin jiru. Ifatti labsichaan teechifamuu dhabuun namni dhimma naannoo irratti hagni' remedy' jiruu hanga komii hoogganaatti dhiyeeffachuutti jedhamee akka fudhatamu taasisuu danda'a. Kun immoo mirga haqa argachuu lammiilee Heera mootummaa keenyaa fi waliigaltee Idila addunyaa biyyi keenya mallatteessite kan akka Dikilaareeshinii Ri'oo qajeeltoo 10^{ffaa} keessatti taa'ee jiru hojiirra oolchuu irraatti qaawwi akka jiraatu taasisa.

Akka waliigalaatti bu'aa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ummataaf ibsuu ilaalchisee akka naannoo keenyaatti kan hin beekamnee fi hojiirra hin oolledha.

3.1.3. Sakatta'iinsi Dhiibbaa Naannoo Odeeffannoo Sirrii/Madaalawaa/ Amanamaatti Fayyadamuu

Qajeeltoo kana ilaachisee haalli qabatama sakatta'iinsa naannoo keenyatti gaggeeffamaa jiru maal akka fakkaatu beekuuf daataan bifa garaa garaatiin funaanameera. Haaluma kanaan, hirmaattota qorannoo kanaa bar-gaaffii qajeeltoo kana irratti guutan 122 keessaa namoonni 14 (11.5%) sakatta'iinsi gaggeeffamaa jiru odeeffannoo sirrii fayyadamuu irrattii olaanaa dha yoo jedhan, namoonni 70(57.4%) giddugaleessa jedhaniiru. Namootin 38(31.5%) immoo akka naannoo keenyaatti sakatta'iinsi gaggeeffamu odeeffannoo sirrii/madaalawaa/amanamaa funaanuu fi itti fayyadamuu irratti haalli jiru gadaanaa dha jedhaniiru.

[171] Olitti yaadannoo lak. 11ff^{aa}, kwt 17(1)
[172] Olitti yaadannoo lak. 14ff^{aa}, kwt 18(1)

Ragaan af-gaaffiin argames yaaduma kan cimsuun, qaamni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessu qaamaan iddoo pirojektiin itti hojjetamuuf yaadameetti argamuun haala qabatama naannichaatiin kan hojjetu osoo hin taane dookumeentii naannoo biroof qophaa'ee jiru isa biroof fayyadamuun kan jiru ta'uu isaati.[173] Sakatta'iinsi gaggeeffamus yeroo tokko tokko haala qabatamaa naannoo sanaa kan ibsu miti. Akka fakkeenyaatti, sakatta'iinsi Godina Wallagga Lixaatti gaggeeffame dhiyaate tokko '***Lafa Caffee'*** jechuun dhiyaate. Haa ta'uutii, lafti Caffee jedhamus naannoo sana kan hin jirree fi lafti akkasii naannichatti kan hin beekamne dha. Kun immoo sakatta'iinsi gaggeeffamu tokko tokko haala qabatamaa jiru irraa hagam akka fagaatee jiru agarsiisa.[174]

Dookumeentiiwwan qophaa'anis yeroo baay'ee kan pirojektii aanaa tokkoof qophaa'e aanaa biraaf galagalchuun waan fayyadamaniif qabatamaan hojiitti hiikuuf baay'ee rakkisa.[175] Sakatta'iinsi gaggeeffamu marii hawaasaatiin kan hin gabbatne dha. Bakka hawaasni qixa sirriin itti hin hirmaannetti ammo odeeffannoo sirrii irratti hundaa'amuun raawwatameera jechuun rakkisaa dha.[176]

Gorsitootni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ogummaa gosa pirojektii hojjetamuuf karoorfamee waliin walsimu qabaachuu, ogeessa adda addaa hirmaachisuu, ragaa gahaa ta'e argachuu fi kkf irratti hanqinni kan jiru dha. Sakatta'iinsa fedhii abbaa pirojektii guutu gaggeessuutu mul'ata.[177] Kun immoo wantoota naannoof eegumsa taasisan irratti akka isaan hin xiyyeeffanne taasisuu danda'a. Gama birootiin ragaawwan hin jirretti akka fayyadaman akkasumas raga sirrii ta'e akka keessaa baasaniif gahee mataa isaa ni qabaata.

Sakatta'iinsi yeroo amma gaggeeffamaa jiru dhimma daldalaa fakkaataa jira.[178] Kanas kan agarsiisu xiyyeeffannoo dhimma naannoof kennuu caalaa fedhii abbaa pirojeektii caalchisuu,

[173] Cuunfaa bargaaffii qorannoo kanaaf bara 2008 keessa funaanamee fi Afgaaffii Obbo Taayyee Asheetuu, Ab.Ad. Eegumsa Naannoo W/L/E/N A/Lumee, waliin gaafa 05/05/08 taasifame
[174] Olitti yaadannoo lakk. 156ff[aa]
[175] Olitti yaadannoo lakk. 155ff[aa]
[176] Akkuma lakk. 170ff[aa]
[177] Cuunfaa bargaaffii qorannoo kanaaf bara 2008 keessa funaaname, Af-gaaffii Obbo Biraanuu Jimaa, A/Adeemsa Hojii Eegumsa Naannoo Waajjira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii, waliin gaafa 12/05/08 taasifame
[178] Olitti yaadannoo lakk. 158ff[aa]

iddoo pirojeektiin itti hojjetamuuf karoorfame osoo hin deemiin sakatta'iinsa gaggeessuu, interneetii irraa fudhachuu fi kkf jiraachuu dha. Kana immoo dookumeentii gorsitootni qoratanii dhiyeessaan irraa hubachuun ni danda'ama.[179]

Qajeeltoo sakatta'iinsa gaggeessuu kana ilaalchisee akka labsiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 176/2005 kwt. 10(1) jalatti gabaasni qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo odeeffannoo dhugaa yookiin ragaa gahaa fi qulqullina qabu; waa'ee pirojektichaa, pirojeektichi waan guutuu qabuu fi haala kamiin hojii irra ooluu akka qabu murteessuuf kan Biiroo dandeessisu ta'uu qaba jechuun tumamee jira. Haata'uutii, haala qabatamaa jiruun hojiirra oolmaa irratti hanqinni kan jiru ta'uu isaa odeeffannoo armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama.

Labsii lakk. 176/2005 keewwata 5(2) jalatti Pirojeektiin walfakkaatu bakka adda addaatti yoo karoorfame, qorannoon sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo kophaa kophaatti bakka pirojektiin itti hojjetamuuf yaadametti gaggeeffamuu akka qabu tumamee jira. Afuurri tumaa seera kanaa pirojeektiin kamuu haala qabatamaa naannichaa fi pirojektichaa irratti hundaa'ee gaggeeffamuu akka qabu agarsiisa. Gama kanaan hanqinaaleen akka jiran hubachuun danda'ameera. Fakkenyaaf, pirojektiin daandiwwanii Godina Arsii Aanaa Xiyoo keessatti hojjetame tokko kan daandiwwan baadiyyaa afurii bakkuma tokkotti akka waan tokko ta'aniitti hojjetamee jira.[180]

Walumaagalatti dookumentiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo yeroo qophaa'u odeeffannoo amanamaa/sirrii/madaalawaatti gargaaramuu ilaalchisee hanqinaaleen akka jiran hubachuun danda'ameera.

3.1.4. Pirojeektootni Osoo Hojii Hin Eegaliin Sakatta'iinsa Gaggeessuu

Qajeeltoo kana ilaachisee haalli qabatamaa jiru maal akka fakkaatu beekuuf ragaan bifa adda addaatiin funaanamee jira. Haaluma kanaan, namoota dhimma kana irratti bar-gaaffii guutan 122 keessaa namoonni 34 (27.9%) pirojektootni osoo hojii hin eegaliin sakatta'iinsa gaggeessuu

[179] Olitti yaadannoo lakk. 158ff[aa]
[180] Afgaaffii Obbo Xilaahun Dajanee, Abbaa Adeemsa Eegumsa Naannoo Waajjira Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Xiyoo, waliin gaafa 9/5/2008 taasifame.

irratti sadarkaa olaanaa jedhamu irratti argama yoo jedhan, namoonni 54 (44.3%) haalli jiru giddugaleessa jedhaniiru. Namoonni 34 (27.9%) immoo pirojektootni osoo hojii hin eegaliin dura sakatta'iinsa gaggeessuu irratti haalli jiru gadaanaa dha jechuun yaada isaanii kennaniiru.

Pirojektootni gara hojiitti osoo hin seeniin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu irratti rakkoo hedduutu ture. Qaamni kamuu Inveestimeentii yeroo gaafatu miidhaa naannoo irratti sababa pirojektichaan dhufu osoo hin qoratiin hojii akka eegalan taasifamaa ture. Rakkoon kun yeroo ammaa bakka tokko tokkotti hanqinni kan jiru ta'ullee, labsiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo erga bahee fooyya'iinsi kan jiru akka ta'e hirmaattotni qorannoo kanaa yaada isaanii kennanii jiru.

Ammas gara hojiitti osoo hin seeniin sakatta'iinsa gaggeessuu irratti rakkoon pirojektoota mootummaan gaggeeffaman irratti bal'inaan mul'ata. Pirojektootni misoomaa kan mootummaan baajata isaatiin hojjetu sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun waraqaa qulqullina naannoo Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa yookiin caasaalee Biirichaa sadarkaa sadarkaan jiru irraa eeyyama fudhachuu irratti hanqinni jira.[181]

Pirojektootni mootummaan gaggeeffaman heedduun isaanii Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo osoo hin gaggeessiin kan hojjetamanii dha. Akka fakkeenyaatti, Pirojeektiin buufata konkolaataa magaalaa Amboo keessatti ijaaramaa jiru iddoo bal'aa fi baajata guddaan ramadameefii hojjetamaa kan jiru dha. Pirojektiin kun faalama naannoo fiduu kan danda'uu fi mukkeen haadhoo jiran muruun adeemsifamaa jira. Pirojeektichi sakatta'iinsa gaggeessuu osoo qabuu garuu osoo hin gaggeessiin hojjechaa kan jiru dha.[182]

Ijaarsi daandiiwwanii yeroo hojjetamus sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo kan hin qophoofnee fi yoo qopha'ellee qaama dhimmi isaa ilaaluuf dhiyeessuu irratti hanqinni kan jiru dha.[183] Daandiwwan hedduun sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo osoo hin gaggeessiin gara hojiitti waan

[181] Olitti yaadannoo lakk. 158ff[aa]
[182] Olitti yaadannoo lakk. 161ff[aa]
[183] Af-gaaffii Obbo Biraanuu Jimaa, A/Adeemsa Hojii Eegumsa Naannoo Waajjira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii, waliin gaafa 12/05/08 taasifame, Afgaaffii Obbo Qaasim Gadaa, Raawwataa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo WLBEN G/Arsii, waliin gaafa 12/5/2008 taasifame, Afgaaffii Birqii Baqqalaa, Ogeessa SDHN W/L/E/N A/Amboo, waliin gaafa 13/05/08 taasifame

galamuuf miidhawwan adda addaa gahaa jiru. Fakkeenyaaf, Sababa Daandii Haaroo Bookii hojjetamaa jiruun Gandooliin Aanaa Walmaraa keessatti argaman; kanneen akka Ganda Cofee, Haroo Bokii, Addee Simbiriit Qottuu jallisii laga Boobee irraa fayyadamaa turan sababa pirojeektii kanaaf fayyadamni jallisii yeroo ammaa irraa citee jira. Sababa cirrachaatiif boolla qotameen namoonnii fi horiin miidhamaa kan jirani dha. Gandooleen Faaccee, Tulluu Raadaa fi Golii Liiban warren rakkoo kanaan miidhamaa jirani dha.[184]

Pirojektootuma mootummaan gaggeeffaman ta'ee kanneen fandii alaatiin hojjetaman; keessattuu Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (UN) fi waayiloota isaatiin deeggaraman gargaarsa argachuuf jecha sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamaa jira. Kunis qajeelfama baankiin addunyaa gargaarsa kennuuf misoomni hojjetamu naannoo irra miidhaa kan hin geessifne ta'uu sakatta'insaan mirkaneessuuf jedhameeti.[185] Fakkeenyaaf, hospitaalaa hojjechuuf sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo ni gaggeeffama. Hojiidhuma walfakkaatu kan mootummaan baajata ofii isaatiin hojjetu irraati haalli sakatta'iinsi hin gaggeeffamne ni mul'ata. Kun immoo guduunfaa sakatta'iinsi kan gaggeeffamu gargaarsa hojii pirojeektiif oolu argachuuf kan hojjetamu ta'uu agarsiisa.

Pirojektootoota dhuunfaan gaggeeffaman ilalchisee erga labsiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo mootummaa naannoo Oromiyaa bahee hojiirra oolee hanqinaalee tokko tokko jiraniin ala fooyya'iinsi ni jira. Haata'uutii, ammallee iddoon itti sakatta'iinsi gara hojiitti erga galamee booda gaggeeffamuu fi osoo hin gaggeessiin hojjetamus ni mul'ata. Fakkeenyaaf, *Warshaan Jiipsam* Burraayyuutti argamu erga hojii eegalee booda sakatta'iinsi kan gaggeeffame.[186] Kun immoo pirojektiin gaggeeffamu dursee eegumsa naannoof maal hojjechuu akka qabu kallattii sirrii akka hin kaa'annee fi tarii pirojeektichi miidhaa guddaa geessisa taanaan carra hafuu yookiin naannoo sana irraa gara birootti jijjiirramuu kan hambisu dha.

[184] Olitti yaadannoo lakk. 157ff[aa]

[185] Af-gaaffii Sintaayyoo Bafiqaaduu, Hordoffii fi Qo'annoo Istaandardii Eegumsa Naannoo fi Xiinxalaa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo BLBENO, waliin gaafa 04/05/08 taasifame, Af-gaaffii Biraanuu Jimaa, A/Adeemsa hojii eegumsa naannoo Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii, Afgaaffii Obbo Qaasim Gadaa, Raawwataa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo WLBEN G/Arsii, waliin gaafa 12/5/2008 taasifame

[186] Olitti yaadannoo lakk. 158ff[aa]

Pirojektootni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoos ta'e akkaataa qabiinsa naannoo (Environmetal Management Plan) osoo hin qopheessiin hojii eegalanii ammallee akkasumatti osoo hin qopheeffatiin hojjetaa jiranis ni jiru.Fakkeenyaaf, warshaalee Aanaa Sabbataa Hawaas keessatti argaman kanneen akka Warshaa Habaaboo Eden Roozaa, Sheebaa Filaawor, Warshaa Albuudaa Shaang Loong fi Warshaan Albuuda Zalaamam Hagos jedhaman caqasuun ni danda'ama.[187] Akkasumas, Warshaa Muka Elektirikaa Affeelu kan Magaalaa Shaashamannee keessatti argamu aara baasuun faalama qilleensaan miidhaa naannoo irratti geessisaa jiru akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.[188] Warshaan kana ilaalchisee waajirri lafaa fi eegumsa naannoo aanaa Shaashamannee xalayaa lakkoofsa ***WLBEN-A-SH/502/08 gaafa guyyaa 08/04/08*** akka dhiyeessaniif gaafatu illee dhiyeessuu kan hin dandeenye.

Pirojektootni osoo hojii hin eegaliin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu ilaalchisee rakkoon biroo, dambiin dhimmoota sakatta'iinsi irratti barbaachisu bu'uura labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannooo gaggeessuu mootummaa naannoo Oromiyaa keewwata 7 tiin dambiin adda bahuu dhabuu isaati. Dhimmoota sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo irratti gaggeeffamuu qabuu fi hin qabne ilaalchisee dambiin wixineen isaa waggaa lama dura qophaa'ee hanga ammaatti osoo hin bahiin kan jiru dha. Kun immoo iftoominaa fi itti gaafatamummaa irratti rakko mataa isaa kan uumu dha.[189]

Labsicha keewwata 5 jalatti pirojektiin sakatta'iinsa dhibbaa gaggeessuun barbaachisu gaggeessuun eeyyama Biiroo irraa yoo fudhate malee hojii hojjechuun dhorkaa akka ta'e tumamee jira. Osoo sakatta'iinsa hin gaggeessiin hojii eegaleera taanaanis bu'uura labsichaa kwt. 19(1)'tiin adabbiin akka isa eeggatu kaa'amee jira. Haa ta'u malee, haala qabatamaa jiru irraa kan hubatamu keewwatoota kana raawwachiisuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu isaati.

Akka waliigalaatti qajeeltoo kana ilaalchisee hanqinaaleen hojmaataa fi seeraa akka jiran xiinxala taasifame irraa hubachuun ni danda'ama.

[187] Olitti yaadannoo lakk. 159ff[aa]
[188] Af-gaaffii Duuressaa Tiyyaa, Ab. Ad. Eegumsa Naannoo WLBEN A/Shaashamannee, Afgaaffii Amaan Tunee, Raawwataaa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo A/Shaashamannee, waliin gaafa 19/5/2008 taasifame
[189] Olitti yaadannoo lakk. 158ff[aa]

3.1.5. Sakatta'iinsi Gaggeeffamu Miidhaawwan Dhaqqaban Kan Hambisu/Xiqqeessu Ta'uu

Qajeeltoo kana irratti hanqinaalee jiran beekuuf ragaan bifa lamaan kan funaannamani dha. 1ffaa, Dookumeentiiwwan sakatta'iinsa gaggeeffamanii qaama dhimmi isaa ilaaluuf dhiyaatan miidhaawwan gahuu malan hambisuu keessatti maal akka fakkaatan beekuuf odeeffannoo funaanaman yoo ta'u; inni 2ffaa, Pirojektootni eeyyama argatanii hojiirra jiran sakatta'iinsa gaggeeffameen miidhaan gahuu male hangam akka hafe yookiin xiqqaate beekuuf odeeffannoo walitti qabame dha. Xiinxalli dhimma kanaan walqabatus bifuma kanan taasifamee.

3.1.5.1. Dookumeentii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Miidhaa Naannoo Irra Gahu Hambisuu/Xiqqeessuu Ilaalchisee

Dookumeentiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamu miidhaa naannoo, hawaas-diinagdee fi fayyaa lubbu qabeeyyii irratti dhufuu danda'u xiinxaluun filannoowwan miidhaa san hambisuu yookiin xiqqeessuu dandeessisan dhiyeessuu irratti maal akka fakkaatu madaaluuf daataan bar-gaaffii fi af-gaaffiin qaamolee adda addaa irraa funaanamee jira. Bu'uuruma kanaan, sakatt'iinsi gaggeeffamu miidhaa gahuu danda'u hambisuu/hir'isu danda'uu madaaluuf namoota bar-gaaffii dhimma kanarratti guutan 121 keessaa namoonni 27(22.3%) olaanaa yoo jedhan, namoonni 60(49.6%) immoo giddu galeessa jedhaniiru. Namoonni 34(28.1%) immoo sakatta'iinsi gaggeeffamu sababa pirojektoota misoomaa hojjetamaniin miidhaa naannoo irra gahuu danda'u filannoowwan hambisuu yookiin xiqqeessuu danda'an fudhachuu yoo madaalan gadaanaa jedhaniiru.

Namootni bar-gaaffii guutan dhimma kana irratti yaada isaanii bal'inaan yoo teechisan, sababa pirojektoota hojjetamaniin miidhaawwan gahuu danda'an filannowwan hambisuu yookiin xiqqeessuu danda'an fudhachuu irratti hanqinni ni jira jedhaniiru. Sababa isaatis yoo ibsan, sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo ogeessota ogummaan sun barbaaduun akka hin gaggeeffamne, qaamoleen itti hirmaachuu qaban kan irratti hin hirmaanne, interneetii irraa kan fudhatamuu yookiin jarjaraan osoo sirnaan hin ilaalamiin hojjetamaa kan jiruu fi qaamaan iddoo pirojeektichi

itti gaggeeffamu osoo hin deemin hojjetamaa kan jiru waan ta'eef qabatamaan miidhaa gahuu danda'u hambisuu yookiin xiqqeessuu irratti rakkoo akka qabu kaasaniiru.[190]

Sakatta'iinsa gaggeeffamee dhiyaatuun walqabatee qulqullina dhabuun heddumminaan ni mul'ata.[191] Fakkeenyaaf, pirojektii bakka tokkoof qophaa'e irraa garagalchuun/waraabuun kan bakki isaa wal hin fakkaanne dhiyeessuun ni jira. Kanas yaadota qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo irratti kennnaman tokko tokkorraa hubachuun ni dand'ama.

Pirojektootni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo yoo qopheeffatanillee; pirojektootuma sanaan miidhaan naannoo irratti dhaqqabaa jiraachuun bal'inaan mul'ata. Fakkeenyaaf warshaa 'Balezaf Alchohol' sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo baballina warshichaatiif gaggeesse irratti yaada kenname irraa sakatta'iinsichi balfa dhangala'aa haala itti yaalamuu fi faaltota ittisan sirnaan akka hin xiixalamne xalayaa lakk. ***W/E/N/21-75/976 gaafa 25/8/2006*** barra'e irraa ni hubatama. Warshaan 'Sher Ethiopia' haala qabiinsa naannoo (environmental management plan) isaa keessatti bishaan itti fayyadame midhaa lubbu qabeenyii haroo keessaa akka hin miineef yaalee akka gad-lakkisuu fi *recycle* godhee akka fayyadamu teechiseera. Qabiinsa gataa jajjaboo ilaalchises iddoo qaama kamirrattuu miidhaa hin dhaqqabsiifnetti akka gatu teechisee jira. Qabatamaan garuu hafteen muka abaaboon irraa muramee gara maasaa qonnaan bultootti gatamuun miidhaan horii gataa sana nyaatan irratti gahaa akka ture ***xalayaa lakk. DENBMB/333/07 gaafa 25/06/2007 barreeffame*** irratti haala qabiinsa gataa isaanii akka sirreessaniif warshaalee sher Ethiopia shananiif barraa'e irraa hubatameera.

Warshaan 'Habashaa Simmintoo' sakatta'iinsa kan gaggeessee ta'us, adeemsa oomishaa simmintoo keessatti dhagaa caccabsuuf dhukaasa adda addaa kan fayyadamuu fi saba kanaatiin miidhaan jiraattota naannoo irra gahaa kan jiru ta'uu iyyata jiraattotni ganda Bakakkaa fi Qoree Oddoo gaafa 02/02/2008 waajjira eegumsa naannoo bulchiinsa magaala Hoolotaatti dhiyyeeffatan irraa hubachuun ni danda'ama.

[190] Olitti yaadannoo lakk. 155ff[aa]

[191] Afgaaffii Biraanuu Jimaa, A/Adeemsa Hojii Eegumsa Naannoo Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii; Qaasim Gadaa, Raawwataa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo G/Arsii, waliin gaafa 12/5/2008 taasifame.

Warshaan daakuu kiyyaa adeemsa hojii keessatti naannoo faaluun miidhaa hawaasaa fi naannoo irratti geessisuu isaa irraa kan ka'e himatni gara mana murtiitti dhiyaatee warshaa kanatti murtaa'eera.[192] Warshaaleen akka ASBM, Animol, Ayikadis fi Ethio-Cement fa'a sakatta'iinsa dhiibbaa kan gaggeessan ta'ullee miidhaa naannoo fi hawaasa irratti geessisaa akka jiran akeekkachisa qaamni eegumsa naannoo irratti hojjetu barreessaa turee fi iyyata ummataa irraa hubachuun danda'ameera.

Akka waliigalaatti, qulqullinni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamaa jiru hanqina akka qabuu fi dhimmoota silaa xiinxalamuu qabu osoo hin xiinxaliin qophaa'aa kan jiru ta'uu isaati. Gama biraan sakatta'iinsi gaggeeffamu miidhaawwan sababa pirojektootaan naannoo irratti dhaqqabsiisaa jiraachuun sakatta'iinsi gaggeeffamu miidhawwan hambisuu yookiin xiqqeessuu danda'uu kaa'uu irratti hanqinni kan jiru ta'uu isaa kan agarsiisu dha.

3.1.5.2. Miidhaa Pirojektoota Misoomaa Gaggeeffamaniin Dhufe

Miidhaawwan pirojektoota misoomaa hojjetamaniin dhaqqaban kallattiinis ta'e al kallattiin sakata'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamaniiin walitti hidhamiinsa ni qabaata. Waan ta'eefuu, rakkoo gama kanaan jiru adda baasuuf daataan walitti qabameera. Haaluma kanaan, pirojektootni misoomaa gaggeeffamaa jiran miidhaa isaan naannoo irratti dhaqqabsiisan hagam akka ta'e sadarkeessuuf daataan bar-gaaffii, af-gaaffiin fi yaadotni jiran walitti qabamaniiru.

Miidhaa pirojektootni geessisan ilaalchisee namoota dhimmichaaf bar-gaaffii guutan132 keessaa namoonni 41(31.1%) miidhaa olaanaa geessisaa jiru yoo jedhan, namoonni 81 (61.4%) immoo miidhaa giddu galeessa geessisaa jiru jedhaniiru. Namootni 10(7.6%) pirojektootni misoomaa gaggeeffamaa jiran miidhaa gad-aanaa dhaqqabsiisaa jiru jechuun yaada isaanii kennaniiru.

Qaamoleen pirojektootni miidhaa geessisaa jiru jedhan yaada dabalataa af-gaaffiin taasifameef fakkeenyaan deeggaruun kennanii jiru. Pirojektootni misoomaa gaggeeffamaa jiran miidhaa fi

[192] Lakk. G 89604 ta'een gaafa 18/09/2007 himata waajjirri eegumsa naannoo warshaa daakuu kiyyaa irratti xuraa'aa yaalii tokko malee boolla qotee itti kuusuun foolii isaatiin miidhaa hawaasa naannoo irratti geessise jechuun himatee manni murtiis himatamaan haala faalama naannoo hin geessisneen boolla dallaa isaa keessatti qotee itti fayyadamuu akka qabu ykn teekinooloojii faalama maqsu akka fayyadamu jechuun gaafa 30/10/2007 murtoo kenneera.

faayidaa garaa garaa qabaachuu danda'u. Miidhaa dhaqqabaa jiran keessaa warshaaleen xuraawaa baasuun faalama garaa garaa geessisaa jiru.[193] Pirojektoota miidhaa hawaasa irra geessisaa jiran keessaa, warshaa ASBM (Sandaafaa), Ayiikaa Addis (Sabbata), Warshaa Gogaa (Sabbata, Sulultaa, Mojoo keessatti argaman), Warshaa Chaayinaa Afrikaa (Sululta), Sher Ethiopia, Sooda Ash (Baatuu) fi kkf caqasuun ni danda'ama. Warshaaleen kun keemikaala adda addaa gadhiisuun faalama bishaanii fi qilleensaa dhaqqabsiisaa kanneen jirani dha.[194] Akka fakkeenyaatti laga Mojoo, laga Axabalaa (Aanaa Sabbataa Hawaasitti argamu), laga Hawaas, laga Aqaaqii fudhachuun ni danda'ama. Magaalaa Mojoo fi Aanaa Lumee keessa warshaalee adda addaatu argama. Keessattuu warshaaleen gogaa dhangala'aa xuraawaa gadhiisuun gara laga Mojootti akka makamu taasisaa jiru. Qonnaan bultootni aanaa sanaa baay'een isaanii tajaajila gara garaa kanneen akka dhugaatii, huccuu michachuu, jal'isii fi kanneen biroof laga Mojootti fayyadamaa turan. Yeroo ammaa sababa xuraawaan warshaalee kana keessaa bahu lagichatti makamuuf faalamee jira. Bishaanicha yeroo ilaalan boora'aa kan fakkaatuu fi foolii ajaa'aas kan qabu dha. Loon bishaanicha yeroo dhugan gogaan kan irraa qunca'uu fi namni yoo qaama ittiin dhiqate waan akka cittoo qaamatti fidaa jira. Oomisha jal'isii ilaalchisee callaan argamu kan duraanii caalaa baay'ee kan gadi bu'ee fi dhandhamni isaa illee garaa garummaa akka qabu ogeessotni waajjira lafaa fi eegumsa naannoo fi jiraattotni naannichaa ibsaniru.[195] Miidhaa pirojektootaan gahaa jiran kanas ilaalchisee iyaannoon jiraattota irraa dhiyaachaa kan jiru dha. Fakkeenyaaf, iyyannoo jiraattotni Aanaa Ada'aa Ganda Waajjituu Dibdibbee dhangala'aa warshaa **East Africa** keessaa bahuun miidhaan akka horiin bishaan sun dhuguun du'uu, foolii ajaa'aa irraa ka'uun da'imman dhukkubsachuun hedduminaan akka jiru iyyata gaafa ***20/04/2008*** barreeffamee Wajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Ada'aatti dhiyaatee fi wajirichi xalayaa lakkoofsa ***WLBEN/A/A/700/08 gaafa 21/04/08*** gara waajjira Eegumsa Naannoo Magaalaa Duukamitti barreeffame irraa hubachuun ni danda'ama.

Yeroo tokko tokko faayidaa yeroof argamu malee miidhaa naannoo irratti dhufu ilaalamaa kan hin jirre ta'uu hirmaattotni qorannoo kanaa kaasanii jiru. Fakkeenyaaf, haroon Abijaataa erga

[193] Olitti yaadannoo lakk. 186ff[aa]

[194] Afgaaffii Obbo Xaabuushee Dabalee, Q/Garee Qorannoo Pooteenshaalaa fi Piroomooshinii Inves. G/A/N/F, waliin gaafa 04/05/08, Obbo Mohaammad Guddataa, Ogeessa Xiinxala Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Waajjira Eegumsa Naannoo Magaala Baatuu, waliin gaafa 16/5/2008 taasifame.

[195] Afgaaffii Obbo Biraanuu Baalchaa, Itti Gaafatamaa W/B/M/Mojoo, waliin gaafa 05/05/08, Obbo Taayyee Asheetuu, Ab.Ad. Eegumsa Naannoo W/L/E/N A/Lumee waliin gaafa 05/05/08 taasifame, Obbo Soorii Alamuu, Shaalloo Waaqjiraa, Nagaash Asaffaa, Illinu Baalchaa jiraattota Magaalaa Mojoo waliin gaafa 02/06/08 taasifame

piroojeektiin soodaa ash hojii jalqabee kaasee miidhaan irra gahaa jira. Bishaan sanatti kemikaalaa naquun bishaanicharraa *aashii* kan *koostik soodaan* itti fayyadamu oomishaamaa waan jiruuf harichi gara goguutti deemaa jira. [196]

Warshaan '**Jorg Shoe'** jedhamu Mojo keessatti argamu lafa Heektaara 40 ol fudhachuun warshaa dhaabaa jira. Warshaan kun akkuma ijaarsa isaa eegaleen laga qulqulluu 'Moommoo' jedhamu kan gandi qotee bultoota 'Maammoo Shokee fi Xaafii Abbuu' keessa jiraatan dhugaatii fi jal'isiin itti fayyadaman biyyoo fi xuraawaa mana fincaaniin jalaa balleessee ummanni iyyachaa kan jirani dha.[197]

Warshaaleen gogaa Magaalaa Sabbata keessatti argaman, warshaa Ayikaa Addis, warshaa Meettaa Biiraa, warshaa Araqee (Biheeraawwii fi Baalazaaf) fi kanneen biroo dhangala'aa keemikaala halluu adda addaa qabu gadi lakkisuun gara laga Axabalaa kan Aanaa Sabbataa Hawaas keessatti argamuutti makamaa jira. Sababa keemikaala warshaalee kana keessaa bahee laga kanatti makamuutiin lagichi faalamee jira. Warshaaleen kun keessattuu, warshaan alkoolii fi gogaa **AFDAN** naannoo lagaatti kan hundeeffamani dha. Laga kanaatti qotee bultootni gandoota hedduu dhugaatii, jallisii, qurxummii horsiisuun fi kanneen birootiif itti fayyadamaa turan. Amma faayidaa dur kennaa ture argamsiisaa kan jiru osoo hin taane miidhaa geessisaa kan jiru dha. Gandoota 38 aanicha keessaatti argaman keessaa gandootni hedduun laga kanatti fayyadamaa kan turan yoo ta'u, yeroo ammaa akka tasaa horiin dhugnaan gogaan qunca'uu, lubbuun du'uu, gatachuu fi maseensisaa akka jiru ragaan af-gaaffiin argame ni agarsiisa.[198]

Warshaalee abaaboo Aanaa Ejeree keessatti argaman yeroo keemikaalaan abaaboo miiccan keemikaalichi laga Cirriitti makamuun karaa laga Bargaa irraan Awaashitti makamuun faalama geessisaa jira.[199] Warshaan Animool jedhamu kan aanaa Dandii keessatti argamus balfi achi keessaa bahu laga Awaashitti kan makamuu fi ummatni yeroo hedduu iyyannoo dhiyyeessuu

[196] Olitti yaadannoo lakk. 155ff[aa]
[197] Afgaaffii Obbo Abbabaa Irkoo, Qon. Ho. Kenn. Tajaajila Deeg. Fi Hor. Inveestimeentii M/Mojoo, waliin gaafa 05/05/08 taasifame
[198] Afgaaffii Obbo Mansuur Musummaa Huseen, Xiinxalaa fi Sakatta'a Dhiibbaa Naannoo M/Sabbataa, Obbo Tufaa Kabbadaa Kutaa Komii uummataa A/S/Hawaas, Obbo Abbabaa Laggasaa Dubbi Fixaa B/A/S/Hawaas, Obbo Dayyaas Ayyaanoo Dubbi Fixaa B/A/S/Hawaas, waliin gaafa 23/05/08 taasifame
[199] Af-gaaffii Obbo Silashii Baqqalaa, Ab.Ad. fi B/b Waajjira Inveestimeentii G/SH/Lixaa, waliin gaafa 12/05/08 taasifame

irraa ka'uun warshichi yeroo xiqqoof cufamee; jijjiirama homaa osoo hin fidiin deebiyee banamee hojii isaa itti fufee akka jiru hubatameera.[200] Dabalataanis keemikaalonni maal akka ta'anii fi kan miidhaa geessissan ta'uu fi dhiisuun isaanii osoo sirriitti adda hin bahanii awwaallamaa jiru. Kun immoo booda bishaan lafa keessaa bahee amma ummanni itti fayyadamaa jirullee carraan miidhuu isaa bal'aa akka ta'e ogeessotni fayyaa ibsaniiru.[201]

Bu'uuraalee misoomaa kanneen akka daandii yeroo hojjetamanii fi cirrachi/albuudni yeroo baafaman miidhaan naannoo irra gahaa kan jiru dha. Keessattuu daandiiwwan aspaaltii yeroo hojjetaman kan lolaan keessa yaa'u bo'oo sirnaan hojjechuu dhabuu, yeroo daandiin hojjetamu dhukkeen ka'ee qabeenyaa fi ummata irratti dhibee akka hin geessisneef bishaa yeroo yeroon itti naqamuu akka qabu beekamaa dha. Garuu haalli kun qabatamaan raawwachaa kan hin jirre dha. Fakkeenyaf, daandii aspaaltii ijaarsi daandiwwan Itoophiyaa Beddellee – Mattuu hoojjechuu erga jalqabee waggaa shan ol lakkoofsisus xumuruu hin dandeenye. Yeroo kana keessatti dhukkeen lafa sanarraa ka'u buna ummataa baay'ee kan miidhaa turee fi ammallee miidhaa kan jiru dha.[202] Akkasumas, daandii guddaa Gimbii keessa bahee Asoosaa deemu fudhachuun ni danda'ama. Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo haala taa'umsa lafa sanaaf deebii kennuu danda'uun hojjechuu dhabuu, yoo hojjetames hojiirra oolchuu dhabuu irraa kan ka'e manni jireenyaa jiraattotaa fi ooyiruun lolaan miidhamaa kan jiru ta'uu isaa namoonni af-gaaffiin taasifameef ibsanii jiru.[203]

Kana malees, daandiif jecha Ashawaa fi dhagaa yeroo baafatan biyyee balleessuu, boolla bananii dhiisuun namootaa fi loon irratti miidhaan gahaa kan jiru dha.[204] Hojii daandii mijeessuuf warshaaleen hojjetamanis dhagaa baasuuf boolla qotanii dhiisuun miidhaan gaha jira. Fakkeenyaaf, Warshaan dhagaa daaku Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii naannoo

[200] Af-gaaffii Obbo Silashii Baqqalaa Ab.Ad. fi B/b Waajjira InveestimeentiiG/SH/Lixaa gaafa 12/05/08, Obbo Mararaa Faanaa, Expertii Eegumsa Naannoo WLEN G/SH/Lixaa, waliin gaafa 13/05/08 taasifame

[201] Af-gaaffii Obbo Daamxoo Araddoo, Qindeessaa S/Wash fi Exteenshinii Fayyaa BEFO, waliin gaafa 06/05/08 taasifame

[202] Af-gaaffii Daani'eel Gabiree, Ogeessa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo WLBEN G/Iluubbaaboor, waliin gaafa 11/6/2008 taasifame.

[203] Afgaaffii Obbo Tsaggaayee Abbashuu, Gimbii Itti/G/B/M/K Magaalaa Gimbii, Afgaaffii Teessoo Miijanaa, I/G/W/I/M Gimbii, Biqilaa Makonnon W/E/N/M Gimbii gaafa 09/05/08, Afgaaffii Girmaa Awwaqee Qabeenya Humna Namaa Magaalaa Inaangoo, Amsaaluu Ittafaa, Kantiibaa Bulchiinsa Magaalaa Inaangoo, waliin gaafa 10/05/08 taasifame

[204] Olitti yaadannoo lakk. 156ff[aa]

Odaa Kaarraa ganda 02 keessatti argamu faalama sagalee geessissuutti dabalaan lafa qotee boollessuun miidhaa naannoo irratti uumaa kan jiruu dha.[205] Akkasumas, warshaan oomisha Cirrachaa '*water law'* Aanaa Sabbataa Hawaas keessatti argamu awwaara kaasuu fi dimaamitii dhoosuun mana jireenyaa ummataa irratti miidhaa gessisaa kan jiru ta'uu isaa hirmaattotni qorannoo kanaa ibsanii jiru.[206]

Akka waliigalaatti xiinxala olitti taasifame irraa kan hubatamu qajeeltoon sakatta'iinsi gaggeeffamu miidhaawwan dhaqqaban kan hambisu/xiqqeessu ta'uu irratti hanqinaaleen bal'aan akka jirani dha. Kun immoo kaayyoo imaammata naannoo biyyi keenya baafattee; kan naannoo irraan miidhaa osoo hin geessisiin misooma itti fufiinsa qabu fiduu jedhu kan faallessu dha. Akkasumas, mirga lammiilee heera mootummaa keenyaa fi seerota idila addunyaa biyyi keenya mallatteessitee jirtuun haguuggii argatee, naannoo qulqulluu fi jireenyaaf mijataa ta'e keessa jiraachuu, kallattiin kan cabsu ta'uu hubachuun ni danda'ama.

3.1.6. Sakatta'iinsi Ogeessota Ogummaa Adda Addaa Qabaniin Gaggeeffamuu

Qajeeltoo kanas ilaalchisee haala qabatamaa sakatta'iinsa gaggeeffamaa jiru beekuuf ragaan bifa garaa garaatiin funaanamee jira. Bu'uuruma kanaan, sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo ogeessota ogummaa adda addaatiin hangam akka gaggeeffamu madaaluuf namoota ijoo kana irratti bar-gaafii guutan 118 keessaa namoonni 22 (18.5%) olaanaa yoo jedhan, namoonni 53 (44.5%) giddu galeessa jedhaniiru. Namoonni 44 (37%) immoo sakatta'iinsi namoota ogummaa adda addaa qabaniin gaggeeffamuu ilaalchisee sadarkaa gadaanaa irratti argama jedhaniiru.

Ogessotni af-gaaffiin taasifameef yaada yoo kennan, sakatta'iinsi ogeessota ogummaa garaa garaa qabaniin hojjetamuu irratti hanqinaaleen akka jiran ibsaniiru. Kana immoo dookumeentii warri sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessan dhiyeessanirraa hubatama jedhu.[207] Ogeessota adda addaatiin gaggeeffamuu ilaalchisee qabatamaan hojii irratti harcaatiin akka jiru dha. Sakatta'iinsa qophaa'e yeroo xiinxalaaf dhiyaatu gaaffiiwwan qaamni xiinxalu dhiyeessuuf irraa

[205] Af-gaaffii Obsii Qana'aa Raawwataa Adeemsa Hojii Hordoffii fi Raawwii A/Laaloo Assaabii, Bantii Eebbisaa Ab.Ad. Bulchiinsa Humna Namaa A/Laaloo Assaabii waliin gaafa 10/05/08 taasifame
[206] Olitti yaadannoo lakk. 191ff[aa]
[207] Olitti yaadannoo lakk. 158ff[aa]

ogessota ogummaa adda addaa qabaniin qophaa'uu irratti hanqinni kan jiru ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.[208]

Warreen sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessan gareen ta'uun akka hojjetan ta'ee qajeelfamaan bahee jira. Bu'uuruma kanaan yeroo ammaa gurmaa'anii eeyyama baafachuun dhimma sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo irratti akka hojjetaniif dhaabbatootni eeyyama minsteera bosona, eegumsa naannoo fi jijjiirama qilleensaa irraa fudhatan 17 ni jiru. Garuu dhuguma namootni kun waliin ta'uun qorannicha gaggessaa jiraachuu irratti hanqinaaleen kan jirani dha. Yeroo tokko tokko laficha ilaaluuf yeroo deemanis ogeessota muraasa ta'anii kan bakkichatti argamani dha.[209] Asitti hanqinni jiru ogummaa barbaadamu dhabamuu osoo hin taane sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuf kanneen gareen hundaa'an miseensota hunda hirmaachisuun gaggeessuu irratti rakkoon kan jiru ta'uu isaati.

Akka waliigalaatti sakatta'iinsa dhibbaa naannoo gaggeeffamaa jiru ogeessota ogummaa adda addaa qabaniin rawwatamuu ilaalchisee hanqinaaleen akka jiran daataawwan armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama.

3.1.7. Sakatta'iinsi Ogeessota Ogummaa Adda Addaa Qabaniin Madaalamuu/Xiinxalamuu

Qajeeltoo kana ilaalchisee haala qabatamaa jiru beekuuf ragaan bifa garaa garaatiin funaanameera. Bu'uuruma kanaan dhimma kana irratti namoota bargaaffii guutan 120 keessaa namoonni 15 (12.5%) sakatta'iinsi ogeessota ogummaa adda addaa qabaniiin madaalamuu yookiin xiinxalamuu yoo madaalan sadarkaa olaanaa irratti argama yoo jedhan, namoonni 62 (51.7%) immoo giddu galeessa jedhaniiru. Namootni 43 (35.8%) immoo sakatta'iinsi ogeessota ogummaa adda addaa qabaniin madaalamuu (xiinxalamuu) ilaalchisee sadarkaa gadaanaa irratti argama jedhaniiru.

[208] Af-gaaffii Seefuu Tulluu Qindeessaa Ad. Eegumsa Naannoo W/L/E/N/ G/SH/Bahaa waliin gaafa 30/05/08 taasifame, Biraanuu Jimaa, A/Adeemsa Hojii Eegumsa Naannoo Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii, Qaasim Gadaa, Raawwataa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo G/Arsii, waliin gaafa 12/5/2008 taasifame.
[209] Af-gaaffii Abdiisaa Daddafoo, I/G Waajjira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii, waliin gaafa 9/5/2008 taasifame

Qaamoleen af-gaaffiin taasifameefis qajeeltoo kana irratti hanqinaaleen garaa garaa akka jiru ibsaniiru. Hanqinoota jiran keessaa tokko hanqina humna namaa ogummaa dhimmichi barbaadu irratti guutuu ta'e dhabuu dha. Keessattuu ogeessotni sakatta'iinsa xiinxaluuf baay'ee barbaachisan kanneen akka Injineeringii Siivilii fi Keemikaalaa sadarkaa naannoo irra kan hin jirre ta'uu isaati. Ogeessonni biroon jiranis dookumeentii sakatta'iinsaa xiinxaluu (madaaluu) akka hojii idilee isaaniitti osoo hin taane akka hojii dabalataatti waan ilaalaniif xiyyeeffannoo kennuu irratti hanqinni kan jiru dha.[210]

Qaamni sakatta'iinsa xiinxalu sadarkaa Godinaaleettis hanqinni humna namaa ni jira. Caasaan mana hojichaa Ogeessa Baayooloojii, Bulchiinsa Qabeenya Umamaa (Natural resource management) fi Ogeessa Afaanii qofaa kan barbaadu dha. Garuu qabatamaan haalli hojichaa waa'ee naannoo to'achuu, hordofuu fi sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo madaaluu (xiinxaluuf) ogeessa Keemistirii, Naannoo (environmentalist), Bosonaa (forestry) fi kkf kan barbaachisu dha.[211]

Ogeessotni gahumsa qaban dhabamuu, bakka pirojektiin itti gaggeeffamu qaamaan deemanii ilaaluu dhabuu, yoo jiraates nama tokko qofaan ilaalamuu, qorannoo bakkichi barbaadu hunda gaggeessuun xiinxaluu irrattis hanqinni kan jiru dha.[212]

Yeroon madaalliif kennamee jirus xiinxala gad-fageenya qabu taasisuuf gahaa miti. Akka Labsii Federaalli baasetti guyyoota 15; akka kan naannoo Oromiyaatti ammoo guyyootni 10 keessatti sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo qoratamee dhiyaate madaalamee dhumuu qabu. Jijjiirrama Bu'uura Adeemsa Hojii manni hojii Biiroo Lafaa fi Egumsa Naannoo Oromiyaa baaseen immoo guyyoota 5'tti dookumeentii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo xiinxaluuf yeroon isaa gadi bu'ee jira. Sanadni sakatta'iinsaa baay'ee bal'aa fi baay'ina fuulaa waan qabuuf yeroo jedhame keessatti haala qulqullina qabuun dhimmoota hunda xiinxaluun rakkisaa ta'a.[213]

[210] Olitti yaadannoo lakk. 158ff[aa]
[211] Olitti yaadannoo lakk. 204ff[aa]
[211] Af-gaaffii Biraanuu Jimaa, Ab.Ad. Eegumsa Naannoo WLBEN G/Arsii, waliin gaafa 12/05/08 taasifame
[212] Olitti yaadannoo lakk. 182ff[aa]
[213] Olitti yaadannoo lakk. 158ff[aa]

Akka waliigalaatti sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo namoota ogummaa adda addaa qabuun madaaluu fi haala qulqullina qabuun xiinxalamuu ilaalchisee hanqinaaleen adda addaa akka jiran daataa kana irraa hubachuun ni danda'ama.

3.2. Rakkoolee Adeemsa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuun Walqabatanii Mul'atan

Adeemsawwan sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo keessa darbee gaggeeffamu boqonnaa darbe keessatti ilaaluun keenya ni yaadatama. Qabatamaan akka naannoo keenyaatti sakatta'iinsi gaggeeffamu adeemsota kanneen keessa darbuu fi dhiisuu isaarratti daataan walitti qabame jiru akka armaan gadiitti xiinxalamee jira.

Adeemsota jiran hordofee gaggeeffamuu sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo madaaluuf ogeessotni adda addaa bar-gaaffiii guutanii jiru. Haaluma kanaan namoota bargaafficha guutan 119 keessaa namootni 17(14.3%) olaanaa, namootni 62(52.1%) giddu-galeessaa fi namootni 40(33.6%) gad-aanaa jechuun yaada isaanii kennanii jiru. Adeemsota tokkoon tokkoo irrattis hanqinaalee jiran af-gaaffii taasifameen ibsanii jiru.

Calallii Duraa - Calalliin duraa adeemsa akka dirqamaatti keessa darbamuu qabu ta'uu baatullee sakatta'iinsa qulqullinaa qabu gaggeessuuf kan fayyadu waan ta'eef itti fayyadamamuu kan qabu dha. Qabatamaan kan jiru garuu, abbootiin pirojektii yeroo pirojektichi isaaniif murtaa'u waajjiraalee dhimma naannoo irratti hojjetaniin walitii dhufanii haala mijeessuun kan baratame miti.[214] Walitti dhufeenyi abbootiin pirojektii taasisan yoo jiraate warra sakatta'iinsa gaggeessaniin waliini dha.

Calallii (screening) - Adeemsi kun kan murtaa'u yeroo hedduu seeraan yoo ta'u, akka naannoo keenyaatti dhimmoota sakatta'iinsi irratti gaggeeffamuu qabuu fi hin qabne dambii bahuun murtaa'a jedhamee jira.[215] Haa ta'uutii, hanga ammaatti dambiin bahee dhimmoota sakatta'iinsi

[214] Olitti yaadannoo lakk. 185ff[aa]

[215] Labsii lakk. 176/2005 Labsii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt 7. Labsichi dhimmoota hunda irratti gaggeessuu akka hin barbaachisnee fi kanneen irratti gaggeeffamuu qabu dambiin baha jedhus hanga ammaatti dambiin kan hin baane waan ta'eef akka qabatama naannoo keenyaatti wanti irratti hundaa'amee isaan kana irratti sakatta'iinsi gaggeeffamuu qaba jedhamu hin jiru. Kana jechuun karaa biraatiin

irratti gaggeeffamuu qabuu fi hin qabne murteesse hin jiru. Dambiin kun bahuu dhabuun karaa biraatiin adeemsa calallii irratti hanqinni kan jiru ta'uu agarsiisa. Qabatamaanis dhimma kana irratti haala naannoo irratti hundaa'uun dhimmootni garaa garummaa qabaachuu kan danda'an ta'us, dambii federaalaa fi wixinee kan hin raggaanetti fayyadamuun hojjetamaa kan jiru dha. Dambiin kun bahuu dhabuun hojiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qulqullinaan, haala wal fakkaataa ta'een akka hin gaggeeffamnee fi kanneen dogoggora uuman irratti tarkaanfii barbaachisaa fudhachuuf rakkina uuma kan jiru ta'uu isaati.[216]

Daangessuu (**scoping**) - Adeemsa kana irratti dhimmoota naannoo kan sakatta'iinsichi irratti xiyyeeffachuu qabu kan ilaalu dha. Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamaa jiru baay'inaan isuma tokkoof qophaa'e irraa garagalfamee/waraabamee bakka biraafis qophaa'a waan jiruuf dhugummaan dhimmoota irratti xiyyeeffatamuu qabu irratti xiyyeeffachuun hojjetama jechuun rakkisaa dha.[217] Akkasumas, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamee dhiyaatu irratti yaadota kennaman irraa ka'amees dhimmoota irratti xiyyeeffatamuu qabu irratti akka hin xiyyeeffatamne hubachuun ni danda'ama.[218]

Sakatta'iinsa Gaggeessuu (impact assessment) - Sakatta'iinsi yeroo gaggeeffamu qaamota adda addaa hirmaachisuun gaggeeffamuu akka qabu dha. Qabatamaan akka naannoo keenyaatti sakatta'iinsi gaggeeffamu hanqina kan qaban akka ta'e ogeessotni sakatta'iinsa xinxalanii fi

---

qabatama naannoo keenya keessa jiruun adeemsa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo calallii jedhu irratti hanqinni akka jiru nama hubachiisa.

[216] Af-gaaffii Aschaalew Simee, Ogeessa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Waajjira Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuu, waliin gaafa 13/5/2008; Duuressaa Tiyyaa, Ab. Ad. eegumsa Naannoo Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Shaashamannee; Amaan Tunee, Raaawwataaa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo A/Shaashamannee, waliin gaafa 19/5/2008 taasifame.

[217] Af-gaaffii Biraanuu Jimaa, A/Adeemsa Hojii Eegumsa Naannoo Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii, Qaasim Gadaa, Raawwataa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo G/Arsii, waliin gaafa 12/5/2008 taasifame; Aschaalew Simee, Ogeessa Xiinxala Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Waajjira Eegumsa Naannoo M/Bishooftuu, waliin gaafa 13/5/2008 taasifame; Mohaammad Guddataa, Ogeessa Xiinxala Sakata'iinsa Dhiibbaa Naannoo Waajjira Eegumsa Naannoo Magaalaa Baatuu, waliin gaafa 16/5/2008 taasifame.

[218] Biiroo Lafaa Baadiyyaa fi Eegumsa Naanoo Oromiyaatiin yaada sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo **'Ethio-cement Plc'** gaafa **19/4/2006** lak. **WEN/21/222/534** ta'een kenname irratti, sakatta'iinsi gaggeeffame hanqina akka qabuu fi hanqina isaa keessaa akka fakkeenyatti; it lacks assessment (a brief description on negative impacts of plant likely impacts in the cement processing); description of environmental components that could be significantly affected by the project, impacts on the surrounding community and employees, mitigation measures. Fa'a akka guutuutti hin qabne kan ibsu yoo ta'u dhimmi kun dhabamuun isaa immoo dhimmootni irratti xiyeeffatamanii sakatat'iinsichi xiinxaluu qabu irratti hanqinni akka jiru kan agarsiisani dha.

gaggeessan takko tokko ni ibsu.[219] Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu ummata akka walii galaattii fi kanneen kallattiin hojii hojjetamuun miidhamuu danda'an hirmaachisuu irratti hanqina guddaatu jira.

Akkasumas dhimmoti sirriitti kan hin xiinxalamnee fi kanuma naannoo tokkoof hojjetame kaartaa googilii irraa (google map) fayyadamuun pirojeektii biroof kan hojjetamaa jiru dha.[220] Akka fakkeenyaatti sakatta'iinsa dhiiibbaa naannoo dhaabbata ***Nauma Trading Plc***'tiif gaggeeffame irratti yaadni ogummaa Waajjira Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsiitiin ***gaafa 14/09/2007 lak. WLBENG/802/22*** ta'een kenname kan argisiisu, pirojektichi kan Godina Arsii keessatti argamu yoo ta'u kan qophaa'e garuu akka Godina Baalee keessatti argamuutti akka ta'ee dha. Bifuma walfakkaatuun yaadni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ***Sisay Tamirat Vegetable Farm Project*** irratti kennames kan argisiisu bakka pirojektichi itti hojjetamuuf yaadame Godina Arsii yoo ta'eyyuu akka waan Shawaa Bahaa Magaalaa Baatuutti hojjetamuu fakkeessee haala qabatama naannoo sanaan kan qophaa'e dha. Kun immoo sakatta'iinsi gaggeeffamu dhimma naannoof xiyyeeffannoo kennuun hojjetamuu irratti hanqina kan qabu ta'uu isaa kan agarsiisu dha.

Xiinxaluu (reviewing) - Sadarkaa kana irratti sakatta'iinsi gaggeeffame maal akka fakkaatuu fi gahumsa isaatu madaalama. Rakkoon qabatamaan jirus ogeessotni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo xiinxalan gahaan kan hin jirre ta'uu dha.[221] Sakatta'iinsa gaggeeffame tokko madaaluuf ogeessota ogummaan addaa addaa qabantu barbaachisa. Qabatamaan naannoo keenyatti sakatta'iinsi godina irrattillee kan xiinxalamu yoo ta'u, sadarkaa godinaatti caasaan jiru ogeessa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gahaan kan hin jirre dh. Kun immoo sakatta'iinsa gaggeeffame

[219] A-f gaaffii Sintaayyoo Bafiqaaduu, Biiroo Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaatti ogeessa hordoffii fi qo'annoo standardii eegumsa naannoo akkasumsas miseensa koree xiinxala sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, gaafa 4/5/2008; Mohaammad Guddataa, Deeskii Eegumsa Naannoo Magaala Baatuutti ogeessa xiinxala sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, gaafa 16/5/2008; Daani'eel Gabree, Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Godina Iluu Abbaabooritti ogeessa sakatt'iinsa dhiibbaa naannoo, gaafa 11/6/2008; Osee Tufaa, abbaa adeemsa eegumsa naannoo Waajira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii Lixaa, gaafa 18/5/2008; Namoo Huseen, Manaajera Harme Developmental and Consultancy Service Plc, gaafa 3/6/2008.

[220] Af-gaaffii Biraanuu Jimaa, A/Adeemsa hojii eegumsa naannoo Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii, Qaasim Gadaa, raawwataa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, gaafa 12/5/2008, Alii Kadir, I/G Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaala Asallaa, gaafa 12/5/2008; Girmaa Lammaa, Waajjira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Ada'aatti Qindeessaa Adeemsa Eegumsa Naannoo, gaafa 13/5/2008.

[221] Olitti yaadannoo lakk. 158ff[aa]. Fakkeenyaaf akka biirootti garee namoota shan qabuun kan xiinxalamu yoo ta'u, gama saayinsii hawaasaatiin namootni hanga tokko gahaa yoo ta'u gama saayinsii hawaasaatiin hanqinatu jira. Barbaachisoo kan ta'e ogeessi akka siivii fi kemikaal injiinarii kan hin jirredha.

sirriitti xiinxaluu irratti hanqinni kan jiru ta'uu agarsiisa. Ogeessotuma jiranitti gargaaramuun kan xiinxalaa jiran ta'ullee hanqinni kan jiru akka ta'e hubatameera.[222]

Murtii Kennuu (**decision making**) - Adeemsa kana keessatti bu'aa sakatta'iinsa gaggeeffamee irratti hundaa'uun murtiin waa'ee pirojektii karoorfamee itti murtaa'uu dha. Adeemsa kana ilaalchisee gumeewwan dhiyaatan naannoo miidhuu danda'u jedhamee gara hojiitti osoo hin seenamiin hafe maal akka fakkaatu beekuuf daataan bargaaffiin funaanamee jira. Haaluma kanaan namoota bargaaffii guutan 132 keessaa namoonni 18 (13.6%) hedduu dha yoo jedhan namoonni 52 (39.4%) ta'an immoo muraasa jechuun yaada isaanii kennanii jiru. Akkasumas namoonni 62 (50%) immoo sakatta'iinsi gaggeeffamee dhiyaate naannoo miidha jedhamee kan gara hojiitti osoo hin galamiin hafe hin jiru jechuun yaada isaanii kennanii jiru.

Abbootiin piroojeektii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffannaan baay'een isaa fudhatama argatee darbaa akka jiruu fi kan fudhatama dhabee kufe baay'inaan akka hin jirre daataan af-gaaffiin argame agarsiiseera.[223] Gama biraatiin adeemsi kenna pirojektii koree investimentiin ta'ee, lafti investimentiif oolu akka kennamus kan murtaa'u korichuumaanidha. Lafa murtaa'e san irratti hojii jalqabuuf dursa sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo ni gaggeeffama. Sakatta'iinsa gaggeeffamu irratti hundaa'uun miidhaa naannoo irratti geessisa jedhamee pirojektiin gara hojiitti hin seenamiin hafe istaatiksiin agarsiisu qabachuu irratti illee hanqinni kan jiru dha.[224] Akka waliigalaatti daataa bar-gaaffii fi af-gaaffii irratti hundaa'uun adeemsa kana irrattis hanqinni akka jiru ta'uu isaati.

[222] Af-gaaffii Biraanuu Jimaa, A/Adeemsa hojii eegumsa naannoo Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii, Qaasim Gadaa, Raawwataa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo WLBEN G/Arsii, waliin gaafa 12/5/2008taasifame; Alii Kadir, I/G Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaala Asallaa, waliin gaafa 12/5/2008 taasifame; Osee Tufaa, Abbaa Adeemsa Eegumsa Naannoo Waajira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii Lixaa, waliin gaafa 18/5/2008 taasifame.

[223] Olitti yaadannoo lakk. 162ff[aa]

[224] Qorattootni daataa statiksii sakatta'iinsa gaggeeffamee miidhaa geessisa jedhamee gara hojiitti hin seenamiin hafe argachuuf yaalii taasisanillee qaama aangoo qabu ***(Biiroo Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo)*** irraa argachuu hin dandeenye.

3.3. Rakkoo Hordoffii fi To'annoon Walqabatee Jiru

Abbootiin piroojeektii bu'uura sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessanii waadaa seenameetiin raawwachuu fi dhiisuu isaanii irratti hordoffii fi to'annoon gama waajjira lafaa baadiyaa fi eegumsa naannootiin maal akka fakkaatu madaaluuf ragaan/daataan haala garaa garaatiin funaanameera. Odeeffannoon (daataan) kunis bar-gaaffii, af-gaaffii fi to'annoo gaggeeffamaa jiru ilaaluun funaanamee jira. Haaluma kanaan, namoota dhimma kanarratti bar-gaaffii guutan 133 keessaa namootni 32 (24.1%) hordoffiin taasifamu cimaa dha yoo jedhan, namoonni 96 (72.2%) immoo hordoffii fi to'annoon taasifamu laafaa dha jedhaniiru. Namootni 5(3.8%) immoo waajjira kanaan hordoffiin taasifamaa hin jiru jedhaniiru.

Qaamoleen hordoffii cimaatu taasifama jedhan yaada isaanii bal'inaan yeeroo kennan; baatii tokko tokkoon, baatii lama lamaan fi kurmaana kurmaanaan sadarkaa Aanaa, Godinaa fi Naannoon iddoo iddootti garaagarummaa yoo qabaateyyuu hordoffii taasisuun dubdeebiin kennamaa jira jedhu.[225] Akka fakkeenyaatti, inveesterri lafa fudhatan keessaa %2 bosonoomsuu, gataa gogaa, dhangala'aa fi fayyadama kemikaalaa irratti hordoffiin gaariin taasifamaa akka jiru kaasaniiru.[226]

Kanneen hordoffiin laafaa dha yookiin hordoffiin taasifamaa hin jiru jedhan, hanqinaaleen adda addaa akka jiru ibsaniiru. Projektootni sadarkaa mootummaa Federaalaatti kennaman hordoffiif yeroo ogeessi eegumsa naannoo deemu mooraa isaanii akka hin seenne haalli itti dhorkamu kan jiru dha.[227] Fakkeenyaaf, Sheer Itoophiyaa hordoffiif yeroo deemamu mooraa seensisuu dhabuu[228] akkasumas waa'ee naannoo irratti hordoffii taasisuuf gaafa 08/08/2007 yeroo hojjettootni gara mooraa misooma abaaboo '*supper flower farm'* jedhamu seennan manaajerri pirojeektichaa hojjettoota kana keessummeessuu dhabuun hatattamaan mooraa gadhiisanii akka bahan taasisee jiru fudhachuun ni danda'ama.[229] Kun ta'uun ammo hordoffiin taasifamu akka laafaa ta'uuf sababa ta'a.

[225] Olitti yaadannoo lakk. 155ff[aa]
[226] Akkuma lakk. 219ff[aa]
[227] Akkuma lakk. 220ff[aa]
[228] Olitti yaadannoo lakk. 204ff[aa]
[229] Gabaasa dhiyaatee fi xalayaa lakk. WLBEN/F-3/25781/07 wajirri lafaa fi eegumsa naannoo G/SH/Lixaa Aanaa Ejereetiif barreessee jiru irraa ilaaluun ni danda'ama

Gama biraan hanqinni humna namaa sadarkaa Aanaa/Magaalaa kaasee hanga naannootti kan jiruu fi loojistikiin adda addaa guutee kan hin jirre waan ta'eef haala itti fufiinsa qabuun hordoffiin gaggeeffamaa kan hin jirre dha.[230] Caasaan mana hojichaa haala ogeessota barnoota gosa adda addaa haammachuu danda'uun kan hin hundoofnee fi namoota ogummaa kallattiin dhimmicha ilaaluun gaggeeffamaa waan hin jirreef pirojektootni maal hojjechaa akka jiran sirnaan hordofuu irratti hanqina guddaa uumaa jira.[231]

Rakkoon guddaan abbootiin piroojeektii bu'uura waadaa seenaniin raawwachuu fi dhiisuu isaanii hordoffii fi to'annoo taasisuu irratti kutannoo dhabuu dha. Karaa birootiin qaamni hunduu kutannoon dhimma naannoof xiyyeeffannoo kennuun hojjechuu irratti hanqina qabu. Gama ogeessaatiin bu'uura gaggeeffameen raawwatamuu qaba jedhee hanga tarkaanfiin fudhatamuu qabuutti yoo mormu; hoggansi kutannoo akkasii dhabuun abbootii qabeenyaa keenya mufachiisuun barbaachisaa miti yaada jedhu qabaachuun ni calaqqisa.[232]

Humni namaa jiruu fi baay'inni pirojeektootaa walmadaaluu dhabuun pirojektoota hunda haalaa fi yeroo barbaadametti to'annoo gaggeessuu dhabuu, pirojektoota fageenya irratti argaman hanqinni dhiyeessa geejjibaa fi bajataa waan jiruuf hordoffiin sirnaan taasifamaa kan hin jirre dha.[233]

Sadarkaa gaggeessaa olaanaa hanga Aanaa/Bulchiinsa Magaalaatti xiyyeeffannoon isaan eegumsa naannoof kennaa jiran laafaa dha. Kunis adeemsi eegumsa naannoo akka waajjiraatti of danda'ee sadarkaa aanaa hanga naannootti waan hin hundoofneef, haala qabatamaa amma jiruun ammoo waajjirichi haala itti fayyadama lafaa baadiyaatiif malee kan eegumsa naannootiif xiyyeeffannoon kennu hagas mara akka hin taane dha. Kun immoo kallattiin hordoffii fi to'annoo waa'ee eegumsa naannoo irratti taasifamus kan miidhuu dha.[234] Kana malees, hojmaanni dhimma naannoo irratti hojjetamaa jiru hojii dimshaa (waliigalaa) waan ta'eef eenyu

[230] Olitti yaadannoo lakk. 155ff[aa]
[231] Akkuma lakk. 224ff[aa]
[232] Afgaaffii Aschaalew Simee, Ogeessa Xiinxala Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Waajjira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaala Bishooftuu, waliin gaafa 13/5/2008 taasifame.
[233] Olitti yaadannoo lakk. 224ff[aa]
[234] Olitti yaadannoo lakk. 155ff[aa]

akka hojjetuu fi eenyu akka itti gafatammummaa fudhatu ifatti adda bahee hin jiru. Kunis kallattiin hordoffiin taasifamu laafaa akka ta'u taasisuu keessatti gahee guddaa qabaata.[235]

Bu'uura labsii lakk. 176/2005 keewwata 16'tiin abbaa pirojeektii eeyyama argate tokko dirqama itti kennamee fi akkaataa waadaa galeen pirojekticha gaggeessaa jiraachuu fi dhiisuu isaa Biiroon gamaggama raawwii hojii gaggeessuu akka qabu tumameera. Gamaggama gaggeessuunis kanneen bu'uura sakatta'iinsaa fi waadaa seenameen hin raawwanne irratti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu akka qabu teechifameera. Haata'uutii, miidhawwan add addaa gahaa kan jiran ta'ullee qaamni hordoffiif to'annoo gaggeessuuf aangoo qabu dhimmota kana gara mana murtiitti fiduun tarkaanfiin akka irratti fudhatamu taasisuu irratti hanqinni ni mul'ata. Dhimmootni gara manneen murtiitti dhiyaatanis hin mul'atan. Fakkeenya gaarii fi hojiin jajjabeeffamuu qabu tokko dhimmi mana murtii Godina Iluu Abaabooritti dhiyaatee ture dha.[236]

Akka waliigalaatti to'annoo fi hordoffii gaggeessuun walqabatee hanqinni kan jiru ta'uu xiinxala daataawwan armaan olitti gaggeeffamee jiru irraa hubachuun ni danda'ama.

3.4. Rakkoo Sakatta'iinsa Bu'uura Gaggeeffameen Hojiirra Oolachuun Walqabatee Mul'atu

Eegumsa naannoo mirkaneessuuf sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu qofaa osoo hin taane bu'uura gaaggeeffameen hojiirra ooluun barbaachisaa dha. Gama birootiin sakatta'iinsi gaggeeffamee filannoowwan kaa'aman hojiirra ooluu qabu jechuu dha. Haala qabatamaa jiru beekuuf ogeessota dhimma kana madaaluuf bar-gaaffii guutan 134 keessaa namootni 5(3.73%) sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo bu'uura gaggeeffameen hojiirra oolmaan isaa olaanaa dha yoo jedhan, namootni 40(29.9%) ta'an hojiirra oolmaan isaa giddu galeessa jedhaniiru. Namootni 89(66.4%) harki caalmaan sakatta'iinsi dhiibbaa gaggeeffame bu'uura miidhaa naannoo irra

[235] Akkuma lakk. 228ff[aa]

[236] Himata Waajjirri Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Buree lakk. Galmee 19604 ta'een gaafa 26/3/20008 Mana Murtii Olaanaa Godina Iluu Abbaabooritti Dhaabbata Daandii Goree-Gambeellaa hojjetaa ture irratti dhiyeesseen dhaabbatichi yeroo daandii hojjetu boolla qotuun osoo hin cufiin waan dhiisuu, kemikaala reenjii ittiin hojjetu ooyiru qonnaan bultootaa irratti dhangalaasuu, balfa goggogaa fi dhangala'aa naannoo bishaan Abbaa Lataa jedhmuutti gatuun faalamni akka gahu taasiseera jedhee beenyaan akka kaffalamu gaafateera. Falmiin mana murtiitti adeemsifamaa turee dhuma irratti himataa fi himatamaan waan araaramaniif galmeen gaafa dhaddacha gaafa 22/11/2005 ooleen cufameera

dhaqqabu hambisuu yookiin xiqqeessuuf waadaa seenameen hojiirra oolchuu irratti sadarkaa gadaanaa irratti argama jechuun yaada isaanii kennaniiru.

Sakatta'iinsi bu'uura gaggeeffameen hojiitti hiikamuu irratti hanqinni adda addaa akka jiru ogeessotni af-gaaffiin taasifameefis ibsaniiru. Wantoota miidhaa xiqqeessan yookiin hambisan jedhamanii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffame irratti taa'ee jiruu fi kan hojiitti hiikamu gidduu garaa garummmaan akka jiru kaasu.[237] Keessattuu, tooftaa ittiin rakkoo gahuu malu ittisan ilaalchisee furmaatichi waan callisamee dookumeenticha irra teechifame fakkaata. Gara hojiitti hiikuun baasii kan gaafatu waan ta'eef, abbootiin qabeenyaa baasii isaanii xiqqeessuu waan barbaadaniif akkaataa qorannootiin hojiirra ooluchuurratti hanqinni guddaa kan jiru dha.[238]

Gama biraatiin, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo yeroo gaggeessan hin raawwannu jedhamee gara hojiitti yeroo galamu immoo raawwachuun kan mul'atu dha. Akka fakkeenyaatti, dhaabbatni '***Verde Beef'*** kan Aanaa Adaamii Tulluutti argamu sakatta'iinsa isaa gaggeessuun yeroo eeyyama fudhatu mukkeen haadhoo hin ciru jedhee qabatamaan gara hojiitti gaafa galu garuu gara hektaara 600 irraa ciree ummatni iyyata adda addaa dhiyeessaa kan ture dha. [239] Akkasumas Sheer Itoophiyaa warshaa isaa babal'ifachuuf gara heektaara 200 fudhatee ture. Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo pirojektichaa irratti bidhaan boollaa baasuun akka fayyadamu teechifameera. Garuu gara hojiitti yeroo seenu **laga Bulbulaa** ummanni itti fayyadamu cufuun kan ittiin hojjechaa jiruu fi ummanni komii isaanii dhiyeessaa kan jirani dha.[240]

Daandiin yeroo hojjetaman sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo keessattis ta'e, akkuma addunyaattuu dhagaa adda addaa cabsuuf '***bilaastii'*** akka hin fayyadamne haa teechisan malee qabatamaan garuu bilaastii fayyadamuun kan jiru dha.[241] Warshaaleen habaaboo, gogaa fi kanneen biroo yeroo sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo isaanii qopheeffatan xuraawaa warshaa keessaa bahu

[237] Olitti yaadannoo lakk. 203ff[aa]
[238] Af-gaaffii Mohaammad Guddataa, Ogeessa Xiinxala Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Eegumsa Naannoo Magaala Baatuu, waliin gaafa 16/5/2008 taasifame.
[239] Af-gaaffii Seefuu Tulluu, Qindeessaa Adeemsa Eegumsa Naannoo Waajjira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 30/5/2008; Nugusaa Ushaa, Ogeessa To'annoo fi Hordoffii Pirojektoota Misoomaa Waajjira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa, Qaasim Tibbeessoo, Ogeessa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa, waliin gaafa 16/52008 taasifame.
[240] Olitti yaadannoo lakk. 204ff[aa]
[241] Olitti yaadannoo lakk. 205ff[aa]

calaluun irraa deebiin fayyadamuuf akka ta'e sakatta'iinsa irratti ni teechifama. Qabatamni jiru garuu xuraawaa gadhiisuun naannoo faaluutu bal'inaan mul'ata.[242]

Bar-gaaffii irrattis yaadni bal'inaan dhimma hojiirra oolmaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannootiin walqabatee hanqinni akka jiru ibsameera. Akka fakkeenyaatti, Abbootiin pirojektii hubannoo fi fedhii dhabuu, sakatta'iinsa gaggeessuun lafa argachuuf akka ulaagaatti fayyadamuu, faayidaa yeroo malee miidhaa naannoo irra gahu ilaaluu dhiisuu fi kkf akka jiru kaasaniiru.

Akka waliigalaatti daataawwan armaan olii irraa kan hubatamu sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu bu'uura filannoowwan dookumeenticha irra taa'ee jiruun hojiirra oolchuu irratti hanqinaaleen kan jiran ta'uu isaati.

3.5. Rakkoolee Qindoomina Qaamolee Adda Addaa

Dhimmi naannoo kan nama yookaan waajjira tokkoo osoo hin taane qindoominaan hojjechuu qaamolee adda addaa barbaachisa. Qabatamaan qaamoleen dhimmi ilaallatu kanneen akka Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa, Komishinii Investimentii Oromiyaa, Ministeera Bosona, Eegumsa Naannoo fi Jijjiirama Qilleensaa Mootummaa Federaalaa, Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiran waliin qindoomanii hojjechuu irratti maala akka fakkaatu madaaluuf daataan af-gaaffii fi bar-gaaffiin walitti qabamee jira.

Qindoomina qaamolee adda addaa ilaalchisee ogeessota bar-gaaffii guutan 133 keessaa harki caalaan namoonni 118 (88.7%) ta'an qaamolee dhimmi ilaallatu waliin qindoomanii dhimma eegumsa naannoo irratti hojjechuu irratti kan hin jirree fi yoo jiraateyyuu laafaa akka ta'e eeraniiru. Ogeessota dhimma kana madaaluuf bar-gaaffii guutan keessaa namootni 15(11.3%) harki baay'ee xiqqaa ta'e qindoominni qaamolee adda addaa gidduu jiru cimaa dha jechuun yaada isaanii kennanii jiru.

Qindoominni gaariin ni jira kanneen jedhan waajjiraaleen akka kenna eyyama daldalaa, investimentii fi waajirri lafa Baadiyaa fi eegumsa naannoo waliin ta'uun eegumsa naannoo irratti hojjechaa akka jiran kaasaniiru. Qaamni eeyyama kennu hojii kamiifuu eeyyama fudhachuuf

[242] Olitti yaadannoo lakk. 204ff[aa]

yeroo dhufanitti hojiin hojjetamuuf karoorfame naannoo kan hin miine ta'uu isaa waajjiraalee lafa baadiyaa fi eegumsa naannoo irraa waraqaa qulqullina naannoo fidachuu akka qaban ulaagaa taasisuun dhimma naannoof xiyyeeffannoon akka kennamu taasisaa akka jiran ibsu.[243] Sekteroota sadarkaa sadarkaan jiran gidduu qindoomini jiru gaariin akka jiruutti kaasaniiru.[244] Fakkeenyaaf, waliin qindoomanii hojjechuuf walitti dhufeenyi Waajjira Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Godinaa fi Aanaalee gidduu jiru gaarii akka ta'eettii kan kaasani dha.

Qindoominni kun kan durii caalaa amma fooyya'aa yoo jiraateyyuu ammallee hanqinooleen adda addaa akka jiru hubatamee jira. Qaamoleen kun yeroo rakkoon muudatu qofa walitti dhufuun akkaataa rakkoon sun itti furamu irratti hojjechuuf malee yeroo hundaa qindoominaan hojjetamuu irratti hanqinni kan jiru dha.[245]

Qindoominni Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa fi qaama investimentii kennu gidduu jiru hanga barbaadame miti.[246] Qindoominaan dhimma naannoo irratti hojjechuun hin jiru jechuun qaamoleen afgaaffiin taasifameef hanqinaalee garaa garaa kaasanii jiru. Hanqinaalee kana keessaa tokko hojiin pirojeektii qaama tokkoon yeroo eeyyamamu kaniin mormamuun kan jiru dha.[247] Akka fakkeenyaatti, lafa naannoo '***Algee Goosuu'*** jedhamu Aanaa Mattuu keessatti argamu lafa citaa ture investimentiif jedhamee yeroo inveesterri irratti hojjechuuf eeyyama baafatu dhaabbatni bosonaa fi bineensota bosonaa lafa bosonaati jechuun lafa hektaara 7000 ta'u irratti waldhabbiin uumamee ture.

Hanqinni qindoominaa sadarkaa naannoo fi Federaalaattis kan jiru dha. Fakkeenyaaf, pirojektoota sadarkaa Federaalaatti sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffame naannoof ergamuu irratti hanqinni kan jiru dha. Kun immoo rakkoon qindoominaa kan jiru ta'uu isaa agarsiisa. Dabalataan pirojektichi bu'uura sakatta'insa gaggeesseen rawwachuu fi dhiisuu iaa

[243] Olitti yaadannoo lakk. 158ff[aa]. Fakkeenyaaf, Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti waajiraaleen dhimmi ilaallatan waliin qindaa'anii eegumsa naannoo irratti hojjetaa kan jiranii dha. Gama biraatiin walitti dhufeenyaan hojjechuun Komishinii Investimentii Oromiyaa waliin jirus sadarkaa gaariirra kan jiru.

[244] Af-gaaffii Gazzahany Zawdee, I/G Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaala Moojoo, waliin gaafa 5/5/2008 taasifame.

[245] Olitti yaadannoo lakk. 232ff[aa]

[246] Af-gaaffii Guddataa Nagaraa, Ogeessa Jijjiirrama Qilleensaa Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa Oromiyaa, waliin gaafa 5/5/2008 taasifame.

[247] Af-gaaffii Mallasaa Kuusaa, Bulchaa Aanaa Mattuu, waliin gaafa 9/6/2008 taasifame.

irratti to'annoo gaggeessuuf rakkoo kan uumu dha.[248] Fakkeenyaaf, xalayaa gaafa 23/11/2006 Waajjirri Eegumsa Naannoo Magaalaa Adaamaa dhaabbata ***CREC***'tiif barreeffamee jiru ilaaluun ni danda'ama.

Qaamoleen hundumtuu karaa karaa isaanii hojjechuu malee qindoominaan faayidaa fi miidhaa pirojektii irratti marii taasisuu, waliin karoorfatanii hojjechuu, leenjii waliin fudhachuu, raawwii dhimma naannoo irratti jiru waliin gamaggamaa deemuu irratti laafinni kan jiru dha. Akkasumas, hojiin eegumsa naannoo Waajjiraalee Lafaa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo irra hojjetan qofa akka ta'etti ilaalamaa jira.

Qaamoleen adda addaa qindoominaan eegumsa naannoo irratti akka hin hojjenneef hanqinaaleen akka jiraatu kan taasise keessaa tokko sirni kana hoogganu diriiree dhabamuu dha. Akkasumas qaamoleen pirojektoota adda addaa gaggeeffamuuf eeyyama kennan osoo waraqaa qulqullummaa waajjira lafaa fi eegumsa naannoo irraa hin fudhatiin yoo kennan itti gaafatamummaan isaanii maala akka ta'e seeraan kaa'amuu dhabuu dha. Fakkeenyaaf, Abbaan Taayitaa Ijaarsa Daandiiwwan Oromiyaa osoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo hin gaggeessiin daandii yoo hojjete, Komishiniin Inveestimeentii osoo waraqaa ragaa Biiroo irraa hin fudhatiin eeyyama inveestimeentii yoo kennee fi kkf yoo jiraatan itti gaafatamummaan seeraan ifa ta'e dhabamuu. Dhabamuun kanaa immoo hanqinni qindoominaa akka jiraatuuf gahee mataa isaa qaba.

Qaama eegumsa naannoo too'atu sekteroota keessatti hundeeffamu qaba jechuun labsiin lakk. 295/2002'n sekteroonni mootummaa seeraan beekkamtii qaban, sadarkaa Federaalaattis ta'ee sadarkaa naannootti, hojiiwwan isaan hojjetan bu'uura seerri eegumsa naannoo qajeelchuun ta'uu fi dhiisuu isaa qaama to'atuu fi hordofuu danda'u hundeeffamuu qaba jedhame qabatamaan dhabamuunis hanqinni qindoominaa qaamolee adda addaa keessa akka jiraatu taasisee jira. Sirni diriiree qaamonni hirtaa kun waliin akka hojjetan taasisu dhibuun dhimma naannoo irratti akka tasaa rakkoon yeroo uumame walitti dhufuun haala itti furmaata argatu irratti mari'achuu ala haala idilaa'een mariin akka hin taasifamne godhee jira.

[248] Olitti yaadannoo lakk. 156ff[aa]

Akka waliigalaatti ragaalee armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu eegumsa naannoo irratti qindoominaan hojjechuu hanqinaaleen adda addaa akka jirani dha.

3.6. RakkooleeTarkaanfii fudhachuun Walqabatanii Mul'atan

Mirga lammiileen heera mootummaa fi seerota idila addunyaa biyyi keenya mallatteessiteen naannoo qulqulluu keessa jiraachuun guutummaatti mirkanaa'uu kan danda'u qaama naannoo irra miidhaa geessisu irratti tarkaanfiin sirreeffamaa yoo fudhatame qofaa dha. Keessattuu pirojektoota miidhaa naannoo fi ummata irratti geessisan irratti kan fudhatamu yoo ta'e pirojektootni miidhaa osoo hin geessisiin akkataa itti guddinaaf tumsuu danda'an irratti akka hojjetan taasisa. Dhimma kana ilaalchisee yeroo garaa garaa sababa faalama qilleensaa fi bishaaniitiin komiin hawaasaa waajjiraalee bulchiinsaa, kantiibaa, waajjira lafaa fi eegumsa naannoo sadarkaa sadarkaan jiraniif dhiyaataa tureera. Komii kanaaf furmaata kennuu irraattif garuu hanqinaalee hedduutu mul'ata. Fakkeenyaaf, warshaa '*East Afrika'* irratti iyaanni yeroo hedduu kan dhiyaate ta'us furmaanni kenname hin jiru.[249]

Rakkoo guddaan tarkaanfii fudhachuu waliin walqabatee ka'u, miidhaa qaama pirojektiin sun geessise adda baasuun mirkaneessuu dhabuu dha. Warshaan Albuuda Bishaan Amboo yeroo inni warshicha keemikaalaan miiccu dhangala'aa keessaa bahu sana dhuguun loon dhumaa turan. Akka fakkeenyaatti ji'a Onkololeessaa bara 2008 keessa Horiin Obbo Dheeressaa Amiin jiraataa Ganda Abeebee Doowwoo jedhamuu bishaan kana dhuguun loon isaa jaha dhumanii jiru. Iyyannoo yeroo dhiyeeffatu warreen warshaa kan keenya miti kan keenyaan dhumuu isaa laaboraatooriin mirkaneeffamuu qaba jechuun deebii isaanii kennanii jiru. Sababa kanaaf osoo gara mana murtiitti hin himatamiinii fi rakkoo kanaaf furmaatni hin kennamiin hafee jira.[250]

Yeroo baay'ee warshaaleen balfa naannoo irratti faalama geessisuu danda'u gadi lakkisuun kan isaanii akka hin taane himu. Kan warshaa shakkamee ta'uu fi dhiisuu isaa adda baasuuf

[249] Akka qaboo yaa'ii iyyata jiraattotni Ganda Dibdibbee Aanaa Ada'aa dhiyeeffatan irraa hubatamutti 'waa'een dhaabbata kanaa ka'uun isaa har'a qofaa miti; waggaa hedduu fixeera yeroo hunda dhufuun furmaata itti kennina jedhama malee furmaanni kenname hin jiru' jedhaniiru. Xalayaa lakkoofsa W/G/Q/B/W/D/229/8 gaafa 20/04/08 qaboo yaa'ii barreeffamee Wajjiira Lafaa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Ada'aaf dhiyaate irraa bal'ina isaa hubachuun ni danda'ama.

[250] Af-gaaffii Taammiruu Urgeessaa, I/W/B/A/Amboo, waliin gaafa 13/05/08 taasifame

meeshaan barbaachisu guutamee hin jiru.[251] Fakkeenyaaf, warshaaleen naannoo Sabbataa fi warshaalee gogaa naannoo Mojoo jiran balfa dhangala'aa gara lagaatti gadi gadhiisu. Warshaaleen kunneen xuraawaa yaaluun PH isaa 7 taanaan faalama hin geessisu jechuun gad-lakkisaa jiru. Kana immoo kan isa kamiitu faalaa jira kan jedhu qorachuun adda baasuun rakkisaa dha.[252] Xuraawaan yaalameera jedhamee PH isaa 7 ta'eyyuu miidhaa geessisuu akka danda'u ogeessonni ni kaasu. Fakkeenyaaf, Saalfaayidii yoo qabaate bishaanii fi qilleensa faaluu danda'a. Sadarkaan yaalumsaa adda bahee yoo hin teenye ammallee rakkoo uumuu kan danda'u ta'uu isaati.[253]

Akka biyyaattis ta'e akka naannoo keenyaatti sadarkaan faalma geessisuu dhangala'aa bahee hin jiru. Bakka adda bahee hin jirretti kun faalama geessiseera kun immoo hin geessisne jechuun warreen miidhaa geessisan irratti tarkaanfii fudhachuun rakkisaa ta'a.[254] Rakkoon yeroo uumamullee himannaa hundeessuun dhimmicha gara mana murtiitti akka hin geessineef gufuu ta'ee jira. Fakkeenyaaf, warshaa Abaaboo Filooreseensi jedhamu dhangala'aa keessaa bahu qullubbii qotee bultootaa irra miidhaa waan geessiseef mana murtiitti himachuuf yaadame sababa dhangala'aan sun % meeqaan faalama akka geessisee fi faaluun isaa akkamitti akka beekame adda baafamuun dadhabameef osoo hin himatamiin hafee jira.[255]

Yeroo tokko tokko ammo, miidhaa geessisuun pirojektootaa ifaan yoo beekameyyuu tarkaanfii fudhachuu irratti kutannoon kan itti hin adeemamne dha. Fakkeenyaaf, warshaan Alkoolii Baalazaaf jedhamu sababa xuraawaa keessaa bahuun laga **Axabalaa** miidhaa kan jiru ta'uun beekamee xuraawaa sana yaaluun (*treatment plan)* akka fayyadamu itti himamee, bu'uuruma sanaan meeshaa isaa bitatee osoo harkaa qabuu itti fayyadama meeshichaa baruuf ji'a 6 nagaafata jechuun ammallee xuraawaa gara lagaatti dhangalaasaa kan jiru ta'ee tarkaanfiin fudhatame kan hin jirre dha.[256]

[251] Olitti yaadannoo lakk. 238ff[aa]
[252] Af-gaaffii Saalaa Huseen, Itti gaafatamaa W/I/M/Sabbataa, waliin gaafa 23/05/08 taasifame
[253] Af-gaaffii Chuuchuu Baalchaa, Itti gaafatamaa Eegumsa Naannoo Warshaa Galaan Tannery P.L.C, waliin gaafa 02/06/08 taasifame
[254] Olitti yaadannoo lakk. 204ff[aa]
[255] Af-gaaffii Taayyee Asheetuu, Ab.Ad.Eegumsa Naannoo A/lumee, waliin gaafa guyyaa 05/05/08 taasifame
[256] Af-gaaffii Mansuur Musummaa Huseen, Xiinalaa fi Sakatta'a Dhiibbaa Naannoo M/Sabbataa gaafa 23/05/08 taasifame

Warshaan Biiraa Meettaa Aabboo xuraawaa bifaan raacitii fakkaatu boolla keessatti kuusaa turee, baay'ee ajaa'ee ummata magaalaa fi naannoo ishee waan jeeqeef iyyaannoon dhiyaatee warshichi xalayaadhaan xuraawaan kun al tokkotti *treatment pilaanii* galuu waan hin dandeenyeef bakkeetti akka dhangaalaasuuf waajjira lafaa fi eegumsa naannoo eeyyama gaafatee ture. Waajjirichi gama isaatiin xuraawaan kun gara bakkeetti bahee lagatti yoo makame miidhaa guddaa waan qaqqabsiisuuf hin ta'u jechuun dide. Warshichis ajaja kennameef fudhachuu diduun dhangalaasee loon bishaanicha dhugan bokokanii baay'een kan du'an taa'uu isaati. Dhimma ifaan ragaan jiru kanas gama seeraatiin gaafachuufillee wanti itti deemame hin jiru.[257] Kun immoo kutannoo fi xiyyeeffannoon dhimma naannoof kennamee jiru lafaa ta'uu isaa agarsiisa.

Tarkaanfii fudhachuun walqabatee rakkoon mul'atu inni biraa rakkoo hubannooti. Kunis dhimma naannoof xiyyeeffannoo kennuu caalaa faayidaa yeroof argamu irratti xiyyeeffachuutu jira.[258] Ogeessota pirojektoota naannoo irratti miidhaa geessisan irratti tarkaanfii fudhachuuf kutannoon itti deemanis ija biroon ilaalamu. Akka fakkeenyaatti 'gufuu misoomaa'[259] jechuuniin kan mul'atu dha. Yaadni akkasii qaamoleen kun hojii idilee isaanii kaka'umsaan akka hin raawwanne taasisuu keessatti gahee guddaa kan taphatuu fi tarkaanfii fudhachuu irrattis rakkoo mataa isaa kan qabu dha.

Qaamoleen to'annoo fi hordoffii gaggeessan aangoo seeraan isaaniif kennameetti fayyadamuu dhabuun eeruuwwan adda addaa osoo dhiyaatanii irra darbuutu jira. Akeekkachiisa barreessuun ala gara tarkaanfii seeraatti seenuu irratti harkifannaan kan mul'atu dha. Akka fakkeenyaatti, warshaa ASBM fudhachuun ni danda'ama. Biiroon Lafaa fi Eegumsa Naannoo xalayaa lakkoofsa 130/54/22/106 gaafa guyyaa 06/10/06 barreesseen warshaan kun balfa dhangala'aa keemikaala badii guddaa hawaasa naannoo fi lubbu qabeeyyii adda addaa irratti geessisuu danda'u gadi lakkisaa jiraachuun isaa qaamaan bira gahamee erga ilaalamee booda akka sirreessuuf itti himamee sirreessuu waan dideef jechuun akeekkachiifni kennamee ture.

[257] Akkuma lakk. 250ff[aa]
[258] Olitti yaadannoo lakk. 226ff[aa]
[259] Af-gaaffii Mararaa Faanaa, Expertii Eegumsa Naannoo WLBEN G/SH/Lixaa, waliin gaafa 13/05/08 taasifame; Gazzahaanyi Zawdee, I/W/E/N Magaalaa Mojoo, waliin gaafa 05/05/08 taasifame; Nagaasaa Baanee, Hoogganaa WLEN M/Amboo, waliin gaafa 13/05/08 taasifame

Akkasumas xalayaa lakkoofsa 26/22/106 gaafa 05/01/07 barreeffameen warshichi of-eeggannoon yoo kennameefillee dhangala'aa keemikaala miidhaa geessisan yaalii tokko malee gadi lakkisaa jiraachuun isaa karaa dhaabbilee mootummaa fi hawaasa naannoon bira gahamee akka jiru ibsuun xalayaan barreeffameefii jira. Xalayaa lakkoofsa 3908/22/106 gaafa 17/10/2007 barreeffameen warshaan sun badii geessisuu amma illee itti fufaa akka jiru ibsuun guyyoota sadi gidduutti hin sirreessine taanaan tarkaanfiin seeraa akka irratti fudhatamu ibsameefiira. Dhuma irratti Xalayaa lakk. BLENO/BL-600/1137 gaafa 09/11/07 barreeffameen oomisha akka dhaabu ta'ee, guyyoota muraasa booda immoo akka banamu ta'eera. Ammallee warshichi keemikaala foolii badaa qabu halkan halkan gadhiisuun naannoo faalaa kan jiru ta'uu isaa ragaan argame ni agarsiisa.[260] Baruma kanallee (2008) warshaan kun balfa dhangala'aa yaalii tokko malee gad-dhiisaa kan jiru ta'uu fi gocha kanarraa akka of eeggatuuf xalayaan akekkachiisaa yeroo lama barra'eera.[261] Kunis kan agarsiisu tarkaanfii fudhachuu irratti duubatti harkifachuun kan jiru ta'uu isaati.

Warshaan Chaayinaa **Juu Doong** jedhamu dhagaa cileetti fayyadamuun oomisha isaa gaaggeessa. Warshichi aara cilee fakkaatu waan akka jajjaboo baasa. Aarri kun wantoota naannoo sana jiran yeroo xiqqootti gara cileetti jijjiiruu danda'a. Iyyannoon garaa garaa ummata irraas ta'e dhaabbatoota biroon irratti dhiyaataa tureera. Fakkeenyaaf, dhaabbanni "**Food Complex**", warshaaleen bishaan oomishan kan naannoo sana jiran, oomisha isaanii irratti miidhaa geessisaa akka jiru iyyataa turani. Qaamaanis ogeessi eegumsa naannoo bakkicha deemuun rakkoon kun akka jiru mirkaneessee jira. Faalamaa fi miidhaa gahaa jirus akka dhaabuuf akeekkachiisni barreeffameera. Miidhaa kana hir'isuufille cilee qulqullina qabutti fayyadamaa jedhamnaanis ni dhabnee nuuf fidaa jechuun didanii hojii isaanii hojjechaa kan jiranii fi tarkaanfiin homaallee kan irratti hin fudhatamin jiru dha.[262]

Warshaan "**Jipsum factory"** magaalaa Amboo keessatti argamu aaraa baay'ee gurraacha ta'e baasuun uffata jiraataa naannoo sanaa gurraachessaa, nama ukkaamsaa fi miidhaa adda addaa

[260] Olitti yaadannoo lakk. 162ff[aa]
[261] Xalayaa gaafa 15/3/2008 fi gaafa 14/4/2008 lakk. 5058/22/106 Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Magaala Sandaafaa irraa barreeffame ilaaluun ni danda'ama.
[262] Olitti yaadannoo lakk. 250ff[aa]

geessisaa jira. Akeekkachiifni kennamuufis osoo hin sirreeffamiin hojii isaanii hojjechaa jiru.[263] Eeruuwwan adda addaa kan akka hallayyaan uumamuu, lolaan miidhamuu, biqiltoota irra miidhaan gahuu, naannoon faalamuu fi kkf yeroo yeroon hawaasa irraa kan dhiyyatan ta'us, gabaasa gochuu irraan kan hafe tarkaanfiin fudhatamaa kan hin jirre ta'uu isaati.[264]

Tarkaanfii fudhatamee jiru sababa tokko malee jijjiiruu fi yaada ogeessaa kufaa gochuun rakkoo gama biroo mul'atu dha. Akka fakkeenyaatti, tarkaanfii warshaa '***Animol'*** irratti fudhatame ilaaluun ni danda'ama. Xalayaa lakkoofsa WELN/21-50 gaafa 18/09/2007 barreeffameen sababa komii ummanni kaase bu'uura godhachuun to'annoo fi hordoffii taasifameen warshichi oomisha isaa '*treatment plan'* osoo hin fayyadamiin kan hojjetuu fi naannoo faalaa jiraachuu isaa ibsuun hanga kana fayyadamutti '*three series oxidation ponds'* jedhamu akka fayyadamuu fi humna boba'aa mukaa irraa gargaaramu dhiisuun anniisaa elektirikaa fayyadamuun bu'aa isaa guyyoota 30 keessatti akka gabaasu xalayaan barreeffameefii jira. Dhimma kana ilaalchisee, sirreeffama taasifames ta'e gabaasni waajjirichaaf dhiyaate hin jiru.

Kanumaan osoo jiruu Biiroon Bishaan, Albuudaa fi Inerjii Oromiyaa xalayaa lakkoofsa BBAI/4-4/140 gaafa 11/3/2005 Biiroo Lafaa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaaf barreesseen warshaan kun xuraawaa osoo hin qulqulleessiin laga Awaashitti dhangalaasaa jiraachuu isaa, jiraattotni naannoo laga Awaash jiraatan fayyaa isaanii irratti miidhaa fidaa kan jiruu fi lakkoofsaan horiin **10** ta'an du'uu isaanii, oomishini laga kana irraa argamu kan akka dinnichaa fi raafuu faalama irraan kan ka'e gubachaa(gogaa) kan jiran ta'uu ibseefii jira. Laaboraatooriinis kan agarsiisu xuraawaan warshaa kana keessaa bahu bifi isaa boora'aa, bifa kan jijjiirrate, biqiltoota kan gubuu fi rakkoo kan qabu ta'uu isaa agarsiisa. Kanaafuu, gochaan kun dambii lakk. 115/1997 fi labsii to'annoo faalamaa naannoo lakk. 300/2002 kan cabsu waan ta'eef tarkaanfii seeraa akka fudhataniif Biiroof gabaasee jira. Garuu gama Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannootiin tarkaanfiin fudhatame hin jiru. Rakkichis osoo furmaata hin argatiin hanga bara 2007'tti kan itti fufee ture dha.

[263] Afgaaffii Mararaa Faanaa, Expertii Eegumsa Naannoo WLEN G/SH/Lixaa, waliin gaafa 13/05/08 taasifame.
[264] Af-gaaffii Obsii Qana'aa, Raawwataa Adeemsa Hojii Hordoffii fi Raawwii A/Laaloo Assaabii, Bantii Eebbisaa Ab.Ad. Bulchiinsa Humna Namaa A/Laaloo Assaabii waliin gaafa 10/05/08 taasifame; Taayyee Asheetuu Ab.Ad. Eegumsa Naannoo W/L/E/N A/Lumee, waliin gaafa 05/05/08 taasifame

Warshichi qajeelfamni sirreeffamaa yoo kennameefiyyuu sirreeffamuuf fedha dhabaniiru jechuun Waajjirri Lafa Baadiyaa fi Eegumsa G/SH/Lixaa xalayaa lakk. WLEN/125-23-65/2007 gaafa 04/03/2007 barreeffameen warshichi akka cufamu murtii dabarseera. Guyyaa **11** booda xalayaa lakk. BLENO/BL/367/1871/07 gaafa 15/03/07 Biiroon barreesseen warshichi yeroo dheeraaf naannoo faalaa kan ture ta'ullee, yeroo ammaa faalama naannoo hambisuuf jecha '*recycling plant'* fi '*heel screen'* fayyadamuu calqabuu isaanii ogeessaan waan mirkanaa'eef haa banamu jechuun murteessanii jiru. Garuu namootni af-gaaffiin taasifameef warshichi sirreeffama tokko malee Biiroon kan cufamee ture akka hojii eegalu kan taasisee fi amma illee rakkoo uumaa akka jiru dubbatu.[265]

Rakkoon tarkaanfii fudhachuun walqabatee mul'atu inni biraan, miidhaa hawaasa yookiin naannoo irratti sababa pirojektootaan gahaa jiruuf furmaata fulla'aa kennuurra tarkaanfii yeroof hawaasa tasgabbeessuu fudhachuu dha. Dhaabbata '*Margin Par Farm P.LC'* fudhachuun ni danda'ama. Dhabbanni kun hojii inni hojjetuun kanniisni qotee bultootaa jalaa dhumuu danada'eera. Rakkoon kun bara 2006 kaasee mul'achaa ture. Bara 2008 keessas sababa dhaabbata kanaatiin kanniisni qotee bultootaa baay'inaan gaagura 114 ta'an dhumaniiru. Sababa hojii dhaabbatichaan akka ta'es ogeessota qorannoo qonnaa Hoolotaatiin mirkanaa'eera. Garuu rakkoo yeroo yeroon mul'achaa jiru kanaaf furmaata fulla'aa fiduu kan dandeessisu tarkaanfii fudhachuurra namoota naannoo sanaa yeroof tasgabbeessuuf jecha beenyaan akka kaffalamuuf bulchitoota naannichaan murtaa'ee jira.[266]

Warshaan cirracha baasu '*water law'* Aanaa Sabbataa Hawaas keessatti argamu sababa awwaara kaasuuf komiin ummata irraa yeroo yeroon dhiyaata. Sababa dhukkee kanaanis dhibee akka utaalloo (qufaa), nyaanni qopheeffatan awwaara (dhukkeen) baduu fi kkf ummata naannichaarra gahaa jira. Tarkaanfii kana sirreessuuf kan hin taasifamnee fi yeroo oomisha qonnaa eeguun sababa dhukkee sanaaf hir'ina oomishni isaanii agarsiiseef qofa beenyaa kaffaluutu jira. Sababa warshichaatiin miidhaa kan biroo gahee fi gara fuula duraatti haala kamiin nageenyi naannoo fi ummataa eegamuu danda'a dhimma jedhurratti wanti hojjetamu hin jiru. Hir'inni oomisha irra

[265] Af-gaaffii Obbo Silashii Baqqalee, Abbaa Adeemsaa fi B/b Waajjira I/G/SH/Lixaa waliin gaafa 12/05/08 taasifame, Obbo Mararaa Faanaa, Expertii Eegumsa Naannoo G/SH/Lixaa, waliin gaafa 13/05/08 taasifame

[266] Bal'inaan xalayaa lakkoofsa 785/8712/08 gaafa guyyaa 13/05/08 barreeffamee, Qaboo yaa'ii gaafa 10/05/2008 namoota daawwannaa kanniisa dhumanii taasisan fi yaada ogeessota qorannoo qonnaa Hoolotaa irraa kennaman bal'inaan kan argamu dha.

gahe jedhamus inni guddaa 20% yoo ta'u inni xiqqaan 4% akka ta'eetti tilmaamamee kaffalama.[267]

Dhaabbatni pirojeektii oomisha dhagaa gurraachaa '*shang long'* Aanaa Sabbataa Awaas keessatti argamuu[268] fi dhabbatni warshaa simmintoo habashaa Aanaa Walmaraa Ganda Galgal Kuyyuu daakaa[269] jirus rakkoo kanaa olitti ibsameen walfakkaatu qabu.

Akka labsii lakk. 176/005 keewwata 16(2) jalatti ibsametti abbaan pirojektii dirqama itti kennamee fi bu'uura waadaa galeen pirojeektii isaa raawwachuu yoo baate Biiroon tarkaanfii fudhatu ibsuun of-eeggannoo kennuu akka qabu tumamee jira. Haala qabatamaa olitii argamu irraa kan hubannu Biiroon tarkaanfii fudhachuu qabu yeroo of-eeggannoo barreessu pirojektootaaf ibsullee qabatamaan tarkaanfii jedhame sana fudhachuu irratti hanqinni ni jira. Keewwatuma kana jalatti abbaan pirojektii dirqamaa fi waadaa seene guutummaatti raawwachuu yoo baate, Biiroon aangoo hanga eeyyamni akka hin haaromfamne gochuutti akka qabu tumameera. Akkasumas, qaamni eeyyama kenne murtii Biiroon kenne kabajuun hayyama kennan dhorkuu yookiin haquu akka qaban tumameera. Gama kanaanis Biiroon pirojektoota guutummaatti dirqama fi waadaa seenan raawwachuu dhaban irratti tarkaanfii akkasii fudhachuun qaama eeyyama kenneef dabarsuu; qaamni eeyyama kennes murtii Biiroo kabajuun hojiirra oolchuu irratti hanqinatu jira.

Akka labsii to'annoo faalama naannoo mootummaa naannoo Oromiyaa lakkoofsa 177/2005 keewwata 5(5) jalaatti misoomni gaggeeffamu kamuu fayyaa namaa yookiin naannoo irratti miidhaa geessisa jedhamee yoo amaname miidhaa gahuu dandaa'u hambisuuf Biiroon tarkaanfii akeekkachiisaa barreeffamaan yookiin hanga dhaabsisuu fi cufuu yookiin iddoo birootti dabarsuuf gahu fudhachuu akka danda'u tumamee jira. Gama kanaanis pirojektoota faalma

[267]Bal'inaan xalayaa lakk. WB-64/486/08 gaafa 09/03/08 barreeffamee fi gabaasaa fi tilmaama miidhaa gahee koreen gaafa 05/03/08 waajjira bulchiinsa Aanaa Sabbataa Awaasiif dhiyeesse irraaa hubachuun ni danda'ama.

[268]Dhabbatni kun rakkoo akka dhukkeen miidhaa lafa qonnaan bulaa irra geessisaa jiru, fanjii yeroo dhukaasan mana jireenyaa namootaa baqaqsuu, lafa qotanii boollessuun osoo hin duuchiin dhiisuu fi kkf geessisaa akka jiru xalayaa lakk. WBLN/605/07 gaafa guyyaa 12/06/07 WLEN A/S/Hawaas dhaabbatichaaf barreesse irraa bal'inaan hubachuun ni danda'ama.

[269] Warshaan kun sababa fanjii dhooseen akkasumas dhukkee kaasuun miidhaa adda addaa kan geessisaa turee fi jiru ta'uu isaa xalayaa lakkoofsa WEN/001/068/08 gaafa 08/02/08 barreeffamee fi gabaasa gaafa 02/02/08 dhiyaate irraa bal'inaan hubachuun ni danda'ama

geessisaniif wantoota sirreessuu qaban akka raawwataniif ibsuun akeekkachiifni kennameefii sirreeffamuuf fedhii dhaban irratti tarkaanfiin gama Biiroon fudhatamuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu isaati.

Akka waliigalaatti xiinxalli dhimma kana irratti taasifame pirojektoota miidhaa naannoo irratti dhaqqabsiisaa jiran irratti hanqinni tarkaanfii seeraa fudhachuu kan jiru ta'uu isaati.

BOQONNAA AFUR

4.1.Yaada Guduunfaa fi Furmaataa

Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo tooftaa pirojektootni yookiin sanadni mootummaa osoo hojii hin eegaliin miidhaa isaan naannoo irratti dhaqqabsiisuu danda'an itti hambifamuu yookiin xiqqaachuu danda'u durfamee kaa'amu dha. Kaayyoo guddaan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuus adeemsa guddina itti fufiinsa qabu fiduuf taasifamu keessatti dhimmi naannoo xiyyeeffannaa akka argatu taasisuu dha. Sababa kanaaf sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun seerota Idila Addunyaa fi kanneen biyya keenyaa keessatti haguuggii argatee jira.

Seerota Idila Addunyaa kanneen akka Konveenshinii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Pirojektoota Daangaa Qaxxaamuranii, Dikilaareeshinii Ri'oo, Konveenshinii Mootummoota Gamtoomanii Jijjiirrama Qilleensaa fi Lubbu Qabeeyyii Garaa Garaa fi kanneen biroo keessatti beekkamtiin kan kennameefiira. Akkasumas, biyyoonni adda addaas haala sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu irratti seera mataa isaanii baafataniiru.

Biyyi keenyas seerota Idila Addunyaa kana mallatteessuutti dabalatee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoof seerota adda addaa keessatti haguuggii kenniteefii jirti. Heera Mootummaa Federaalaa, Imaammata biyyittii, labsii albuuda baasuu, labsii to'annoo faalama naannoo fi seera yakkaa keessatti sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisaa akka ta'eetti ibsamee jira.

Akka naannoo keenyaattis seeronni dhimma sakatta'iinsa dhiibbaa naannoof haguugii kennan bahanii kan jirani dha. Heera mootummaa naannichaa, labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo fi labsii to'annoo faalama naannoo keessatti haammatamee jira. Akkasumas, seerota akka Federaalaattis ta'ee akka naannootti baasuu qofaa osoo hin taane qaamolee abbummaan kan raawwachiisanis sadarkaa Federaalaa fi naannootti hundeeffamanii kan jirani dha. Haata'u malee, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu akka naannoo keenyaatti taasifamaa jiru ilaalchisee hanqinaaleen adda addaa kan jirani dha. Hanqinaaleen kunneenis qajeeltoo fi adeemsa sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo hordofuu qabu irratti bal'inaan kan mul'atu dha. Dabalataanis, qaamoleen addaa addaa waliin qindoomanii hojjechuu, Sakatta'iinsa gaggeeffamee jiru bu'uura

raawwatameen hordoffii fi to'annoo gaggeessuu fi qaama naannoo irratti miidhaa geessise irratti tarkaanfii seeraa fudhachuu waliin walqabatees rakkooleen tokko tokko kan jirani dha.

Hanqinaalee qajeeltoo sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu hordofuu qabu keessaa tokko qaamolee adda addaa hirmaachisuu fi bu'aa isaa beeksisuu dha. Kana ilaalchisee pirojektootaaf sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamu qaamoleen kallattiinis ta'ee al-kallattiin dhimmi isaa isaan ilaalatu qixa barbaadameen hirmaachaa kan hin jirre dha. Dabalataanis hanqina hirmaachisuun yaada isaanii fudhachuu qofaa osoo hin taane akka tasaa hirmaataniiru yoo ta'e yaadni isaanii fudhatamu fi dhiisuu bu'aan isaa qaamolee kanaaf ibsamuu irratti rakkoon kan jiru dha.

Hanqinaaleen biroo gama qajeeltoon mul'atu gorsitootni yeroo sakatta'iinsa gaggeessan ragaa sirrii ta'etti tajaajilamuun dookumeentii miidhaa naannoo irra gahu xiqqeessuu yookiin hambisuu danda'u dhiyeessuu dha. Gama kanaan gorsitootni osoo qabatamaan haala naannichaa hin beekiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo pirojektii biroof qophaa'e galagalchuun/waraabuun dhiyeessuu fi interneetii irraa barbaaduun hojjetamaa kan jiru dha. Kun immoo kaayyoo sakatta'iinsa dhiibbaa gageessuuf barbaadame galmaan gahuu keessatti hudhaa guddaa kan uumu dha.

Pirojektoota sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo barbaachisanii fi hin barbaachifne ilaalchisee dambiin kana haguugu bahuu dhabuu irraan kan ka'e pirojektootni tokko tokko sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu qaban osoo hin gaggeessiin hojiitti galaa kan jirani dha. Kun immoo naannoo irratti miidhaa kan geessisuu fi naannoo irra miidhaa osoo hin geessisiin guddina itti fufiinsa qabu fiduu imaammanni keenya qabatee jiru kan faallessu dha.

Sakatta'iinsi dhiibaa naannoo gaggeeffamuufis ta'ee erga gaggeeffamee qaama aangoo qabuun yeroo madaalamu garee ogeessota adda addaa qabaniin ta'uu qaba. Garuu ogeessota ogummaa adda addaa qabaniin gaggeeffamus ta'ee madaalamuu ilaalchisee hanqinni guddaan kan jiru dha. Sadarkaa Biiroottis ta'ee sadarkaa Godinaalaatti ogeessi sakatta'iinsa gaggeeffame madaaluu danda'u gahaan kan hin jirre dha. Akkasumas sakatta'iinsa gaaggeessuu ilaalchisee haalli

qabatamaa amma ittiin hojjetamaa jiru ogeessota adda addaa osoo hin taane namoota muraasa qofaan gaggeeffamaa kan jiru dha.

Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo akka naannoo keenyaatti gaggeeffamaa jiru hanqinaalee qajeeltoo hordofuu qabuu qofaa osoo hin taane adeemsa keessa darbuu qabuu irrattis rakkoo kan qabu dha. Adeemsota sakatta'iinsi dhiibbaa keessa darban kan akka calallii duraa, calallii, daangessuu, sakatta'iinsa gaggeessuu fi murtii dabarsuu irratti hanqinaaleen ni jiru. Hanqinni guddaan adeemsa kana hordofamuu dhabamees haala sakatta'iinsi ittiin gaggeeffamu qajeelfama (*guideline)* bahee hojiirra oole dhabamuu dha.

Pirojektootni bu'uura sakatta'iinsa gaggeessaniin hojiitti hiikuu waliin walqabatee hordoffii fi to'annoo gaggeessuu irrattis hanqinaaleen jiru. Ogeessotni to'annoof yeroo deemaman mooraa seensisuu diduu, caasaan mana hojichaa ogeessota gahaa ta'e dhabuu, hanqinni baajataa, loojistikii fi kutannoon itti deemamuu dhabuu irraa kan ka'e ta'uu isaati. Rakkooleen kun jiraachuun isaanii pirojektootni bu'uura sakatta'iinsa gaggeessaniin akka hojiirra hin oolchine isaan taasisee kan jiru dha. Kunis pirojektootni misoomaa gaggeeffaman miidhaawwan adda addaa naannoo irratti akka qaqqabsiisan taasisee jira.

Rakkoo gama biroon sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu waliin walqabatee jiru hanqina qindoomina qaamolee addaa addaati. Kunis eegumsa naannoo ilaalchisee akka hojii waajjira tokkoo qofaatti ilaaluu fi waliin ta'uun mari'achuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu isaati. Sababa kanaaf, sekteroonni tokko tokko dhimma sakatta'iinsa dhiibbaa gaggeessuun barbaachisu osoo hin gaggeessiin kan hojjechaa jirani dha.

Rakkoo guddaan gama sakatta'iinsa dhiibbaa gaggeessuu waliin walqabatee jiru qaama miidhaa dhaqqabsiise irratti tarkaanfii seeraa fudhachuu dhabuu dha. Kunis rakkoolee adda addaa irraa madda. Kanneenis qaama miidhaa geessise adda baasuun mirkaneessuu dhabuu, laaboraatooriin naannoo dhabamuu, sadarkaan naannoo haala qabatama naannichaa giddugala godhate bahuu dhabuu, ragaan gahaan yoo jiraateyyuu Biiroon aangoo seeraan kennameefii jirutti sirnaan fayyadamuu dhabuu, iftoomina dhabuu seerotaa fi dhimma kana ilaalchisee hubannoo dhabamuun caqafamuu ni danda'u.

Bu'uuruma kanaan rakkoolee armaan olitti mul'atan kana furuu ni danda'a jechuun yaadni furmaataa armaan gadiitti kennamee jira.

1. Murteewwan naannoo irratti taasifaman ummata hirmaachisuu fi bu'aa isaa beeksisuun mirgoota heeraa fi seerota idila addunyaa biyyi keenya mallatteessiteen haguuggii argatee jiru dha. Rakkoo gama kanaan jiru furuuf yeroo yeroo sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu ummatnii fi ogeessotni adda addaa mariisifamuu qabu. Tooftaa adda addaatti gargaaramuun odeeffannoo irraa fudhachuu fi biraan gahamuu qaba. Fakkeenyaaf, Televitsinii (TV), Raadiyoo, Gaazexaa irratti maxxansiisuun, xalayaa waamichaa erguun, beeksisa baasuun, biroosheriinii fi kkf'tti gargaaramuun yaada isaanii fudhachuu fi odeeffannoon biraan gahamuu qaba. Erga yaada isaanii fudhatanii boodas bu'aan yaada isaanii maal irra akka gahe ummataaf ibsamuu qaba. Kunis maloota armaan olii fi kanneen birootti tajaajilamuun ta'uu danda'a. Namootni itti hirmaatanis mala iddattoo haala ummata naannoo sanaa bakka bu'uu danda'uun ta'uu qaba.

   Kanaaf, haala itti odeeffannoon qaamolee adda addaa bira gahuu qabu, yaada isaanii kennuu qaban, bu'aan isaan dhaqqabuu qabuu fi komii yoo qabaatan qaama itti dhiyeeffatan sirni hoogganu jiraachuu qaba. Labsiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo keenyaas haala kana haguuguun osoo fooyya'ee gaarii dha.

2. Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamus ta'ee yeroo xiinxalamu (madaalamu) qaamaan iddoo pirojektichi itti hojjetamuuf karoorfame deemuun haala qabatamaa pirojekticha waliin deemuu danda'uun odeeffannoon (ragaan) funaanamuu qaba. Kanas qaamoleen eegumsa naannoo irratti hojjetan sadarkaa sadarkaan jiran sirnaan hordofuu qabu.

3. Pirojektootaa fi sanada mootummaa sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeessuu qabamanii fi hin qabne labsiin dambii bahuun murtaa'a jedhee kallattii kaa'eera. Kanaafuu, dhimmoota hunda haala Federaalli kaa'ee jiru qofaa fudhachuun hojjechuu osoo hin taane haala qabatama naannicha giddugaleessa godhateen qorannoon

gaggeeffamee bahuu qaba. Akkasumas, qaamni piroojeektii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisu osoo gaggeessee qaama aangoo qabuuf dhiyeessuun fudhatama argachuu isaa hin mirkaneeffatiin eeyyama kennee argame itti gaafatamummaan dhuunfaa akka jiraatu taasifamuu qaba.

4. Hojiin eegumsa naannoo hojii waajjira tokko qofaan hojjetamu osoo hin taane qindoomina sekteroota baay'ee kan barbaadu dha. Kanaaf mariin qaamolee kana gidduutti idilaa'uu qaba. Qaamoleen kun haala eegumsa naannoo irratti karoora waliin baafachuu qabu. Akkasumas, sekteroota hojiin isaanii naannoo miidhuu danda'u hojjetan keessatti qaamni bu'uura seeraan hojjechuu fi dhiisuu isaanii hordofu hundeeffamuu qaba.

5. Seera keenya keessatti faalama qaamni geessise itti gaafatamuu kan danda'u dirqama daangaa yookiin dhorka seeraan tumamee jiru yoo cabse akka ta'e dha. Dhorki yookiin daangaan jedhamu kun *sadarkaa eegumsa naannoo* haala naannicha giddugala godhachuun bahu dha. Kanaaf, qaama faalama geessise itti gaafatamummaa taasisuuf Biiroon Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa haala naannichaa giddugala godhachuun sadarkaa eegumsa naannoo (*faalama sagaleen ala*) baasuu qaba. Dabalataan, *laaboraatoorii naannoo* dhaabuun bu'uura sadarkaa bahe sanaan hojjechuu fi dhiisuun ittiin adda baafamu danda'u hojiirra oolchuu qaba.

6. Biiroon warshaalee fi dhaabbileen misoomaa naannicha keessatti gaggeeffamaa jiran keessaa dhangala'aa fi gataawwan adda addaa bahan naannoo irratti miidhaa akka hin geessisne, sadarkaa eegumsa naannoo eeganii akka adeeman, seerota dhimma naannoo ilaalatanii bahanii jiranii fi imaammanni mootummaa waa'ee naannoo akka hojiirra oolaniif *odiitii naannoo* gaggeessuu qaba. Bu'aa odiitii irratti hundaa'uun tarkaanfiin barbaachisaa ta'e fudhatamuun gaarii ta'a.

7. Pirojektoota misoomaa gaggeeffamaa jiranii fi gaggeeffamuuf karoorfaman bu'uura eegumsa naannoof taasisuuf waadaa seenaniin raawwachuu fi dhiisuu isaanii Biiroon yeroo yeroon to'annoo fi hordoffii taasisuu qaba. Kanaafis, hanqina ogeessota dhimma sanaan walqabatan, baajataa fi loojistikii adda addaa guuttachuu qaba. Dabalataan dhimma kana guutummaatti galmaan gahuuf yookiin xiyyeeffannoo guddaan hojjechuuf akkuma muuxannoo mootummaa Federaalaa sadarkaa aanaa hanga Naannootti Waajjirri Eegumsa Naannoo of danda'ee hundaa'uun gaarii dha.

8. Biiroon qaama naannoo irratti miidhaa geessisaa jiru bu'uura seeraan aangoo kennameefiin tarkaanfii seeraa fudhachuu yookiin irratti akka fudhatamu gochuu qaba. Dabalataanis, qaamota naannoo irratti faalama geessisan baasii isaaniitiin qulqulleessuu qaban raawwiin isaa dambii baahuun murtaa'a jedhame baasuun hojiirra oolchuu qaba. Kanaanis, walqabatee Waajjirri Eegumsa Naannoo ogeessa seeraa qabaachuun ni filatama.

9. Rakkoo guddaan hojiirra oolma sakatta'iinsa dhiibbaa naannootiin walqabatee jiru, bu'uura labsii lakk. 299/2002 keewwata 14(1) jalatti tumamee jiruun pirojektootni eeyyama Federaala irraa argatan yookiin hojiin isaanii Federaalaan to'ataman sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffame xiinxaluu fi hojiirra oolmaa isaanii kan to'atu Federaala akka ta'eetti ibsamee dha. Kun immoo pirojektootni eeyyama kana argatan naannoon akka hin to'amnee fi sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo isaanii Federaalatti akka hafu taasiseera. Akka labsii lakk. 300/2002'tti waa'ee faalama naannoo ilaalchisee naannoonis Federaallis aangoo akka qabanii fi seerota naannoon baafamanis kabajamuu akka qabu tumameera. Akka labsii naannoo Oromiyaa lakk. 176/2005 fi lakk. 177/2005'tti pirojektoota naannoo Oromiyaa keessa jiran irratti raawwatiinsa akka qabaatu ibsameera. Pirojektootni sababuma Federaala irraa qofaa eeyyama argataniif to'annoon Federaalaaf kennama taanaan warreen hojii walfakkaataa dalaganii qaama adda addaa irraa eeyyama fudhatan seerota garaa garaatiin akka bulaman kan taasisuu dha. Kun immoo walqixxummaa Heera Mootummaan keessa jiru kan walfaallessu ta'a. Kanaaf, kaayyoo labsii kanaa akka waliigalaatti hojiirra oolchuuf tumaan seera kanaa naannoon aangoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo isaanii xiinxaluu (madaaluu) fi hojiirra

oolmaa isaanii to'achuu akka danda'uttii fi pirojektootni naannoo Oromiyaa keessatti raawwataman seera naannichi baasu kabajuu akka qabaniitti hubatamuu qaba.

10. Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo hojiirra oolchuuf rakkoo guddaan hubannoo dhabuu abbootii pirojeektii, qaama sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu, madaaluu, ogeessota waajjira haqaa, manneen murtii fi sekteroota adda addaa bira jiru dha. Kanaaf, qaamolee kanaaf seerota eegumsa naannoo irratti akka naanoottii fi federaalaatti bahan irratti leenjiin hubannoo cimsu kennamuufii qaba.

11. Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaaggeeffamee jiru yeroo xinxalamu (madaalamu) ogeessota ogummaa adda addaa qabaniin ta'uu qaba. Kanaaf, Biiroon Eegumsa Naannoo yookiin Waajjirri Eegumsa Naannoo ogeessota kana guuttachuu qaba. Dabalataan, haala sakatta'iinsa gaggeeffamee dhiyaate irratti hundaa'ee wantootni sakatta'iinsa xiinxaluuf (madaaluuf) barbaachisan ogeessotaaf guutamuu qaba. Keessattuu dookumeentiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo bal'aa fi dhimma xiyyeeffannaa barbaadu waan ta'eef haala dhimmichaa irratti hundaa'uun yeroo gahaan kennamuufii qaba.

12. Qajeelfama (*guideline)* haala itti sakatta'insa dhiibbaa naannoo gaaggeeffamu, seerri mirgaa fi dirqama gorsitootaa haguugu bahuun hojiirra ooluu qaba.

13. Labsiin Bulchiinsa Inveestimeentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakkoofsa 138/2000 eegumsa naannoo ilaalchisee labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo mootummaan naannoo Oromiyaa lakkoofsa 176/2005 baasee jiruun walsimuu qaba. Kunis eeyyama inveestimeentii argachuufis ta'ee kan kennamee jiru haquuf yookiin tursiisuuf naannoo irratti miidhaa geessisuu fi geessisuu dhabuu akka ulaagaa tokkootti haala ilaalamuu danda'uun fooyya'uu qaba.

Miiltoowwan Adda Addaa

Wabiilee

A. Toora Interneetii fi Kitaabota

1. MELCA Mahiber, Environmental Impact Assessment Imlementation and Challenges, toora interneetii, http/www.Proceeding.EIP.WS.pdf
2. http://www.referenceforbusiness.com/encyclopedia/Ent-Fac/Environmental-Protection-Agency-EPA.html kan ilaalame Onkoloolessa 2008.
3. "Environmental Problem." 123HelpMe.com 16 Oct 2015: http://www.123HelpMe.com/view.asp?id=1523763.
4. IAIA13 conference proceedings' impact assessment the next generation 33rd annual meeting of international association for impact assessment 13-16 May 2013, Calgary stampede BMO center Calgary, Alberta, Canada (www.iaia.org)
5. Barry Sadler Environmental Assessment in a Changing World: Evaluating Practice to Improve Performance (1996), available at http://www.iaia.org/publicdocuments/EIA/EAE/EAE_10E PDF
6. https://www.cbd.int/impact/whatis.shtml kan ilaalame Onkoloolessa 2008.
7. Economic Commision of Africa, Review of the Application of Environmental Impact Assessment in Selected African Countries (2005). Available at http://www.uneca.org
8. Environmental impact assessment, developing countries and water resource.
9. Sadler, B 1996. Environmental Assessment in a Changing World: Evaluation Practice to Improve Performance, Final Report of the International Study of Effectiveness of Environmental Assessment.
10. Mellese Damtie and Mesfin Bayou, Overview of Environmental Impact Assessment in Ethiopia: Gaps and Challenges January, 2008
11. Sadler, B 1996. Environmental Impact Assessment in a Changing World: Evaluation Practice to Improve Performance, Final Report of International Study of Effectiviness of Environmental Assessment. http://eia.unu.edu/course/index.html%3Fpage_id=100.html kan ilaalame Onkoloolessa 2008 A.L.H.

12. The institute of environmental management and assessment EIA training source manual second edition (2002)
13. IAIA\P-F\Principles, January 1999. Available at http://www.iaia.org/publicdocument/special-publications/Principles%20of%20IA_web.Pdf.
14. Handbook of environmental impact assessment: Vol. 2: Impact and limitations
15. UNEP Resource Manual, Case Study from Developing countries.The material is available at http://www.unep.ch/etu
16. Certified Environmental Professionals (EP) ECO Canada
17. Guiding Principles on Requirements for EIA Lead Consultant and Consultants for Undertaking Environmental Impact Assessment Studies in Lesotho. Available at http://www.environment.gov.ls/documents/Guiding_requirements_LeadEIAConsultant.pdf
18. Environmental management Vo. 10 No. 2
19. Achieng Ogola, Environmental Impact Assessment General Guideline, toora interneetii, http//WWW.UNU-GTP-SC -05-28.pdf
20. Protocol on strategic environmental assessment on the convention on environmental impact assessment in a trans boundary context
21. United Nation on Enviromental Program, Environmental protection and suistainable development, Agenda 21.
22. Amman, Jordan, toora interneetii http//www.Access_to_information_and_public_participation.pdf irraa ilaaluun ni danda'ama
23. Citizen Participation in the Environmental Impact Assessment Process in Guyana: Reality or Fallacy?' 2/1 Law, Environment and Development Journal (2006), available at http://www.lead-journal.org/content/06034.pdf
24. Wouters et al.—evaluating public inputs in National Park Management Plan reviews
25. George (Rock) Pring and Catherine (Kitty) Pring, Greening Justice: Creating and Improving Environmental Courts and Tribunals, The Access Initiative

26. Dr. Patricia Kameri-Mbote, International Environmental Law Research Center, Towards Greater Access To Justice In Environmental Disputes in Kenya: Opportunities for Intervention

B. Joornaalota Adda Addaa

1. Tesfaye Abate, Environmental Impact Assessment and Monitoring under Ethiopian Law, Haramaya Law Review Vol.1 No. 1, spring 2012 ISSN 2227-2178
2. Dr. Dejene Girma, The Chance to improve the system of EIA in Ethiopia: A look at the new investment proclamation, Oromia law journal vo.3, no. 1
3. Tasfaye Abate, Environmental Impact Assessment and Monitoring under Ethiopian law, Haramaya Law Review Volume 1 No.1
4. Dejene Girma Janka, participation of stakeholder in invironmental impacta assessment in Ethiopia: law and practice Jima University law journal Vol. 4 No. 1
5. Mulugeta Getu, defiance of environmental governance: environmental impact assessment in Ethiopian floriculture industry (2013)
6. E3journal of environmental research and management Vol. 4(4).pp. 0219-0229, May 2013 available online http://www.e3journals.org

Seerota Adda Addaa

1. Heera Mootummaa Federaalawaa Dimookraatawaa Itoophiyaa
2. Seera Yakkaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaa
3. Environmental impact assessment proclamation No. 299/2002
4. Labsii Albuudaa Baasuu Mootummaa Dimookraatawaa Federaalaa Itoophiyaa lakk. 678/2010
5. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe labsii lakk. 46/1994
6. Labsii Qaama Eegumsa Naannoo Hundeessuuf bahe, Labsii lakk. 295/2002
27. Labsii Biiroo Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, labsii lakkoofsa 147/2001
28. Environmental pollution control procalamation, No. 300/2002

29. Environmental Impact Assessment, Proclamation No. 299/2002,
30. Labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu mootummaa naannoo oromiyaa lakk. 176/2005
31. Labsii To'annoo Faalama Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa labsii lakk. 177/2005
32. Konveenshinii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaaggeessuu Pirojektoota Daangaa Qaxxaamuranii
33. Dikilaareeshinii Ri'oo
34. Konveenshinii Mootummoota Gamtoomanii Jijjiirrama Qilleensaa fi Lubbu Qabeeyyii Adda Addaa

D. Tarree Namoota Af-gaaffiin Taasifameef

1. Sintaayyoo Bafiqaaduu BLENO Hordoffii fi Qo'annoo Istaandardii Eegumsa Naannoo fi Xiinxala EIA gaafa 04/05/08.
2. Af-gaaffii Obbo Kumaa Dhaabaa, G/A/H/I Qorannoo Potenshaalaa fi Piromoshinii Biiroo Koomishinii Investimeentii Oromiyaa, waliin gaafa 19/01/2008 taasifame
3. Mariid Guddataa, itti aanaa hogganaa Ejensii Misooma Manaajimentii Lafa Magaalaa Oromiyaa, gaafa 4/5/2008.
4. Guddataa Nagaraa, Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosona Oromiyaatti ogeessa jijjiirama qilleensaa, gaafa 5/5/2008.
5. Adafris Addis, Ejensii Misooma Manaajimentii Lafa Magaalaa Oromiyaatti raawwataa gamaggama pirojektoota investimentii rammaddii, gaafa 5/5/2008.
6. Henook Saamu'eel, komishinii investimentii oromiyaatti qindeessaa garee dhimma eeyyamaa fi bulchiinsa waliigaltee, gaafa 6/5/2008.
7. Abdiisaa Daddafoo, hogganaa waajjira lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo godina Arsii, gaafa 9/5/2008.
8. Xilahun Dajanee, waajjira lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo aanaa Xiyootti abbaa adeemsaa eegumsa naannoo, gaafa 9/5/2008.
9. Mohaammad Amaanoo, waajjira lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo aanaa Xiyootti raawwataa dadammaqinsa eegumsa naannoo, gaafa 9/5/2008.

10. Alamaayyoo Raggaasaa, waajjira ejensii misooma manaajimentii lafa magaalaa bulchiinsa magaala Asallaatti ogeessa xiinxala projektii investimentii, gaafa 9/5/2008.
11. Taaddasaa Shifarraaw, waajjira investimentii bulchiinsa magaala Asallaatti raawwataa dhimma investimentii, gaafa 9/5/2008.
12. Solomoon Dajanee, Adeemsa ijoo qulqullina magaalaa Asallaa, gaafa 9/5/2008.
13. Abubakar Saaddoo, ittigaafatamaa waajjira bulchiinsa godina Arsii, gaafa 9/5/2008.
14. Warqaalammaa Takilee, qondaala kenna tajajilaa waajjira investimentii aanaa Xiyoo, gaafa 9/5/2008.
15. Geetuu Kaasaa, adeemsa ijoo qulqullina bulchiinsa magaala Bishooftuutti raawwataa qulqullina magaalaa, gaafa 10/5/2008.
16. Biraanuu Jimaa, A/Adeemsa hojii eegumsa naannoo Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Godina Arsii, gaafa 12/5/2008.
17. Qaasim Gadaa, raawwataa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, waliin gaafa 12/5/2008 taasifame.
18. Amaan Gabawoo, bakka bu'aa waajjira investimentii fi qindeessaa bulchiinsa waliigaltee investimentii, gaafa 12/5/2008.
19. Alii kadir, ittigaafatamaa waajjira lafaa fi eegumsa naannoo bulchiinsa magaala Asallaa, gaafa 12/5/2008.
20. Girmaa Lammaa, abbaa adeemsa hojii eegumsa naannoo waajjira lafaa fi eegumsa naannoo aanaa Ada'aa, gaafa 13/5/2008.
21. Abbabaa Garraam, ogeessa to'annaa fi hordoffii waajjra lafaa fi eegumsa naannoo aanaa Ada'aa, gaafa 13/5/2008.
22. Gannet Asaffaa, bakka buutuu itti gaafatamtuu waajjira investimentii bulchiinsa magaala Bishooftuu, gaafa 13/5/2008.
23. Aschaalew Simee, Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuutti Ogeessa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo, gaafa 13/5/2008.
24. Dammiro Bashaa, manaajera warshaa nyaataa, gaafa 13/5/2008.
25. Fayyisaa, itti gaafatamaa ejensii misooma manaajimentii lafa magaalaa bishooftuu, gaafa 13/5/2008.
26. Galmeechaa Raggaasaa, jiraataa naannoo magaala bishooftuu, gaafa 13/5/2008.
27. Daadhituu Caalchisaa, jiraattuu naannoo warshaa nyaataa bishooftuu, 13/5/2008.
28. Hundee Ifaa, jiraataa naannoo magaala bishooftuu, 13/5/2008.

29. Hayilee Hamdaa, itti gaafatamaa waajira investimentii bulchiinsa magaala baatuu, gaafa 16/5/2008.
30. Baalichoo Tufaa, waajjira investimentii bulchiinsa magaala baatuutti ogeessa hordoffii pirojektootaa, gaafa 16/5/2008.
31. Mohaammad Guddataa, deeskii eegumsa naannoo bulchiinsa magaala baatuutti ogeessa xiinxala sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, gaafa 16/5/2008.
32. Nugusee Ushaa, waajjira lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo aanaa Adaamii Tulluutti ogeessa to'annoo fi hordoffii, gaafa 16/5/2008.
33. Qaasim Tibbeessoo, waajjira lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo aanaa Adaamii Tulluutti ogeessa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, gaafa 16/5/2008.
34. Margaa Qaabatoo, itti gaafatamaa waajjira kantiibaa magaala Baatuu, gaafa 16/5/2008.
35. Tuna Morkii, ittigaafatamaa waajjira investimentii aanaa Adaamii Tulluu, gaafa 16/5/2008.
36. Ushee Tunee, jiraataa naannoo warshaa soodaa ashii, gaafa 17/5/2008.
37. Alamituu Badhaasaa, jiraattuu naannoo warshaa koostik soodaa, gaafa 17/5/2008.
38. Qaasim Bushuraa, jiraataa magaala Baatuu, gaafa 17/5/2008.
39. Abdoo Saafaa, jiraataa naannoo warshaa pesticide Tulluu, gaafa 17/5/2008.
40. Guutamaa Baalchaa, jiraataa magaala Baatuu, gaafa 17/5/2008.
41. Kadir Ganamoo, jiraataa magaala Baatuu, gaafa 17/5/2008.
42. Caalaa Abbuu, jiraataa magaala Baatuu fi warshaa veerd beef keessa hojjetaa kan ture, gaafa 17/5/2008.
43. Habiibi Muusaa, jiraata magaala Baatuu, gaafa 17/5/2008.
44. Tigist Aschaalew, jiraattuu naannoo haroo dambalaa, gaafa 17/5/2008.
45. Osee Tufaa, waajira lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo godina Arsii Lixaatti abbaa adeemsa eegumsa naannoo, gaafa 18/5/2008.
46. Taammiraat Taakkalaa, itti gaafatamaa waajira investimentii godina Arsii Lixaa, gaafa 18/5/2008.
47. Shimallis Asaffaa, mana qopheessaa bulchiinsa magaala Shaashamanneetti fookal persanii dhimma eegumsa naannoo, gaafa 18/5/2008.
48. Sa'id Kadir, waajjira lafaa fi eegumsa naannoo bulchiinsa magaala Shaashamanneetti raawwataa xiinxalaa fi sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, gaafa 19/5/2008.

49. Dastaa Jibichaa, itti gaafatamaa waajjira investimentii aanaa Shaashamannee, gaafa 19/5/2008.
50. Abaadir Abdaa, bulchaa godina Arsii Lixaa, gaafa 19/5/2008.
51. Duuressaa Tiyyaa, abbaa adeemsa eegumsa naannoo Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Shaashamannee, waliin gaafa 19/05/08 taasifame.
52. Amaan Tunee, waajjira lafaa fi eegumsa naannoo aanaa Shaashamanneetti raawwataaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, gaafa 19/5/2008.
53. Kadir Mi'eessoo, waajjir investimentii bulchiinsa magaala Shaashamanneetti raawwataa gamaggama raawwii, gaafa 19/5/2008.
54. Gammachuu Waarituu, ejensii misooma manaajimentii lafa magaalaa Shaashamanneetti raawwataa gamaggama pirojektii investimentii, gaafa 19/5/2008.
55. Mallasaa Kuusaa, bulchaa Aanaa Mattuu, gaafa 9/6/2008.
56. Zawuduu Taarraqanyi, waajjira investimentii godina Iluubaabooritti qindeessaa garee kenniinsa tajaajila bulchiinsa waliigaltee, gaafa 9/6/2008.
57. Tashoomee G/Wald, itti gaafatamaa ejensii misooma manaajimentii lafa magaalaa mattuu, gaafa 9/6/2008.
58. Walduu Macheessoo, waajira lafaa fi eegumsa naannoo bulchiinsa magaalaa mattuutti ogeessa to'annoo fi hordoffii, gaafa 10/6/2008.
59. Taarikuu Nagaash, kantiibaa magaala Mattuu, gaafa 10/6/2008.
60. Bafiqaaduu Taaddasaa, waajjira lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo aanaa Mattuutti ogeessa to'aannoo fi hordoffii eegumsa naannoo, gaafa 10/6/2008.
61. Mirreessaa Mul'ataa, ittigaafatamaa waajira bulchiinsa godina Iluubaaboor, gaafa 11/6/2008.
62. Daani'eel Gabree, waajjira lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo godina Iluubaabooritti ogeessa sakatta'a dhiibbaa naannoo, gaafa 11/6/2008.
63. Zeenabaa Nuuraa, qindeessituu garee qulqullina magaalaa Mattuu, gaafa 11/6/2008.
64. Isheetuu Bushuraa, waajjira investimentii bulchiinsa magaala Mattuutti raawwataa potenshiyaala dhimma investimentii, gaafa 11/6/2008.
65. Tafarraa Dhugumaa, itti gaafatamaa waajjira bulchiinsa aanaa Adaamaa, gaafa 24/5/2008.
66. Masfin Taammiraat, waajjira lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo aanaa Adaamaatti to'ataa fi hordoffii eegumsa naannooo, gaafa 26/5/2008.
67. Taammanaa Fiixee, GT & HB gorsaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, gaafa 26/5/2008.

68. Alamayyoo Fayyisaa, deeskii investimentii aanaa Adaamaa, gaafa 1/6/2008.
69. Qaasim Miidhaksoo waajjira bulchiinsa godina Shawaa Bahaatti komininikeeshinii waajjiraa, gaafa 14/6/2008.
70. Lijaalem Gurmeessaa Ab.Ad. Hojii Egumsa Naannoo W/L/E/N G/W/Lixaa waliin gaafa 09/05/08 taasifame
71. Hayiluu Warquu Ab.A.d. Hojii Eegumsa Naannoo A/Walmaraa gaafa 15/05/08 taasifame.
72. Haabtaamuu Fayyee Raawwataa Hojii S/DH/N A/S/Hawaas gaafa 23/05/08 taasifame
73. Xaabuushee Dabalee Q/Garee Qorannoo Pooteenshaalaa fi Piroomooshinii Inves. G/A/N/F Gaafa 04/05/08
74. Nagaasaa Baanee Hoogganaa WLEN A/Amboo waliin gaafa 13/05/08 taasifame.
75. Af-gaaffii Xaabuushee Dabalee Q/Garee Qorannoo Pooteenshaalaa fi Piroomooshinii Inves. G/A/N/F waliin gaafa 04/05/08
76. Taayyee Asheetuu Ab.Ad. Eegumsa Naannoo W/L/E/N A/Lumee gaafa 05/05/08 taasifame
77. Obsii Qana'aa Raawwataa Adeemsa Hojii Hordoffii fi Raawwii A/Laaloo Assaabii, gaafa 10/05/08 taasifame
78. Bantii Eebbisaa Ab.Ad. Bulchiinsa Humna Namaa A/Laaloo Assaabii waliin afgaaffii gaafa 10/05/08 taasifame
79. Mansuur Musummaa Xiinxalaa fi Sakatta'a Dhiibbaa Naannoo M/Sabbataa gaafa 23/05/08 taasifame
80. Mansuur Musummaa Huseen Xiinalaa fi Sakatta'a Dhiibbaa Naannoo M/Sabbataa gaafa 23/05/08 taasifame
81. Saalaa Huseen Itti gaafatamaa W/I/M/Sabbataa waliin gaafa 23/05/08 taasifame
82. Chuuchuu Baalchaa Itti gaafatamaa Eegumsa Naannoo warshaa Galaan Tannery P.L.C waliin gaafa 02/06/08 taasifame
83. Taammiruu Urgeessaa I/W/B/A/Amboo waliin gaafa 13/05/08 taasifame
84. Af-gaaffii Seefuu Tulluu, qindeessaa adeemsa eegumsa naannoo Waajjira Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo Godiina Shawaa Bahaa, gaafa 30/5/2008,
85. Tsaggaayee Abbashuu B/M Gimbii Itti/G/B/M/K Magaalaa Gimbii, waliin gaafa 09/05/08 taasifame
86. Teessoo Miijanaa I/G/W/I/M Gimbii, waliin gaafa 09/05/08 taasifame
87. Biqilaa Makonnon W/E/N/M Gimbii waliin gaafa 09/05/08 taasifame

88. Girmaa Awwaqee qabeenya humna namaa magaalaa Inaangoo, waliin gaafa 10/05/08 taasifame
89. Amsaaluu Ittafaa kantiibaa bulchiinsa magaalaa Inaangoo waliin gaafa 10/05/08 taasifame
90. Obsii Qana'aa Raawwataa Adeemsa Hojii Hordoffii fi Raawwii A/Laaloo Assaabii, gaafa 10/05/08 taasifame
91. Bantii Eebbisaa Ab.Ad. Bulchiinsa Humna Namaa A/Laaloo Assaabii waliin afgaaffii gaafa 10/05/08 taasifame
92. Tufaa Kabbadaa Kutaa komii uummataa, Abbabaa Laggasaa Dubbi Fixaa B/A/S/Hawaas waliin gaafa 23/05/08 taasifame
93. Dayyaas Ayyaanoo Dubbi Fixaa B/A/S/Hawaas waliin gaafa 23/05/08 taasifame
94. Af-gaaffii Silashii Baqqalaa Ab.Ad. fi B/b Waajjira InveestimeentiiG/SH/Lixaa gaafa 12/05/08
95. Mararaa Faanaa WLEN G/SH/Lixaa expertii eegumsa naannoo gaafa 13/05/08 taasifame
96. Soorii Alamuu, Shaalloo Waaqjiraa, Nagaash Asaffaa, Illinu Baalchaa jiraattota naannoo waliin gaafa 02/06/08 taasifame
97. Taakkalaa Abbabaa Hoogganaa W/B/G/A/N/F gaafa 04/05/08 taasifame
98. Af-gaaffii Namo Huseen General Manager of Harme Development management and Consultancy Service Plc waliin gaafa 03/05/08 taasifame
99. Af-gaaffiiTakilee Kitilaa Ab.Ad. Hojii Itti Fayyadama Lafaa A/Laaloo Assaabii gaafa 10/05/08 taasifame
100. Birqii Baqqalaa Ogeessa SDHN W/L/E/N A/Amboo gaafa 13/05/08 taasifame

Gaaffiiwwan Adda Addaa

Af-gaaffiwwan Abbaa qabeenyaa warshaalee/manaajera warshaaleef dhiyaate

1) Hojii kana yeroo eegaltan sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessitaniirtuu? Waa'ee naannoo ilaalchisee maal hojjenna jettanii turtan? Hojjechaa jirtu?
2) Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo haala kamiin gaggeessitan? Rakkoon gama kanaan jiru maali?
3) Gataa adda addaatiif sirna akkamii diriirfattanii jirtu? Haala kamiin gataa jirtuu? Ulaagaan akka addunyaatti dhimma kanarratti ta'ee jiru kan akka ISO guuttanii jirtuu?
4) Dhimma eegumsa naannoo ilaalchisee gabaasa adda addaa qaama ilaallatuuf ni dhiyeessituu? Maal faa dhiyeessitu?
5) To'annaa fi deeggarsi waa'ee eegumsa naannoo ilaalchisee isiniif godhamaa jiru maal fakkaata?

Af-gaaffiwwan Sadarkaa Biiroo fi Waajiralee Lafa Baadiyaa fi Eegumsa Naannootiif dhiyaate

1) Rakkoowwan (miidhaa pirojektootaan dhufan) Eegumsa naannoo waliin walqabatanii pirojektoota yookiin qaamolee biroo biratti mul'tu maali?
2) Qaamoleen adda addaa osoo hojii pirojeektii yookiin hojii sanada mootummaa ilaallatu hin eegaliin dura sakatta'iinsa dhiibbaa gaggeessuu irratti haalli qabatama jiru maal fakkaata?
3) Adeemsaalee Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessaa rakkoon baay'inaan sadarkaa kamirratti mul'ataa? (Screening, scoping, impact assessment, reviewing, decision making).
4) Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun walqabatee rakkoo maaliitu jiraa?(Qaawwa seeraa, hanqina gama qaama sakatta'iinsa gaggeessuu, uummata hirmaachisuu, qaama sakatta'iinsa madaalu)
5) Sakatta'iinsi gaggeeffamu qajeeltoowwan (practical, interdsiplinary, transparent, systematic) kana guutuu ilaalchisee maal fakkaata?
6) Filannoowwan dhiibbaa naannoo ittisuuf akeekaman hojiirra ooluu kan danda'an ta'uu irratti maal fakkaataa?
7) Pirojektootni miidhaa naannoo irratti geessisaa jiraachuu fi dhiisuu isaanii haala kamiin to'atamaa jira? (Keessattuu kanneen Federaala irraa eeyyama fudhatan)? Bu'uura sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamee jiruun raawwachuu fi dhiisuu haala kamiin to'attu? Deeggarsa akkamii gochaafii jirtu? Tarkaanfii isin fudhattan jiraa? Maal fa'aa?
8) Eegumsa naannoo keessatti qindoomina isin qaamolee adda addaa waliin qabdan maal fakkaata? (Fkn Federaala, Biiroo Inveestiimeentii, Daldalaa, Bishaanii, Dhaabbata bosonaa fi bineensotaa fi kkf)
9) Waa'ee eegumsa naannoo ilaachisee eeruun baay'inaan isiniif dhiyaatu kami? Eeyyurraa? Tarkaanfii maal fudhattu? Ummata walitti qabdanii dhimma naannoo isaanii irratti yaada qaban fudhattanii beektuu?
10) Rakkoowwan kanaaf furmaanni maali jettanii yaaddu?

Af-gaaffiwwan Namoota Naannoo Pirojektoota Adda Addaa Jiraataniif Dhiyaatu

1) Naannoo isin keessa jiraattan kanatti warshaalee adda addaatiin naannoo yookiin isin irratti miidhaan gahe jiraa? (fkn gataa, sagalee fi kkf) Maal fa'aa?
2) Rakkoowwan isin quunnameef tarkaanfii maal fudhattan (fk. Himannaa m/m, iyyata qaamolee adda addaatiif)? Furmaata maal argattan? Deebii quubsaa si'oominaan argachuu irratti maal fakkaata?
3) Abbootiin warshaa/piroojektii naannoo kunuunsuuf jecha akka naannoo kanaatti maal hojjechaa jiru?
4) Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo yeroo gaggeessan irratti hirmaattanii beektuu? Ummanni akkamitti irratti hirmaachaa jira? Yaadni isin kennitan hangam fudhatama/iddoo qaba jettanii yaaddu?

Af-gaaffii Biiroo Bishaan, Daandii, Ejensii Misooma Magaalaa fi Biiroolee fi Waajjiraalee Investiimeentiif

1) Sababoota pirojektoota yeroo ammaa gaggeeffamaa jiraniin dhiibbaan/miidhaan naannoo yookiin uummata irra gahaa jira jettuu? Yoo jiraate dhiibbaan kun maal fa'i? Maal irraa ka'e jettu?
2) Pirojektoota adda addaatiif eeyyama yeroo kennitan waa'ee eegumsa naannoo akka ulaagaatti maal ilaaltu?
3) Pirojektoota waa'ee eegumsa naannoo ilaalchisee ulaagaa maaliin eeyyama isaa dhoowwattu (haqxu)?
4) Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu ilaalchisee rakkoo maal'atu jira jettanii yaaddu? Maddi rakkoolee kanaa maali? Haala gaggeeffameen hojiirra oolmaa isaa ilaalchisee rakkoo maaliitu jira?
5) Rakkoolee mul'ataniif furmaanni jiru maal ta'uu qaba jettu?

Af-gaaffii Bulchiinsaaf Dhiyaatu

1) Sababa pirojektoota adda addaa gaggeeffamaniin dhiibbaa/miidhaa naannoo yookiin uummata irra gahaa jiru ni mul'ataa? Maal fa'a?
2) Pirojektootni mootummaa haala kamiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu? Qaamotni sakatta'iinsa kana gaggeessu eenyudhaa? Gahumsi isaanii maal fakkaata?
3) Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo yeroo gaggeessan haala kamiin gaggeessaa turan (keessattuu hirmaannaan uummataa)? Rakkooleen gama kanaan ni mul'atuu? Yoo jiraatan maal fa'i? Ummata walitti qabdanii dhimma naannoo isaanii irratti yaada qaban fudhattanii beektuu?
4) Eeruuwwan (iyyannoon) waa'ee eegumsa naannoo ilaalchisee isiniif dhiyaate jiraa? Waa'ee maalii irratti? Furmaata maal kennitaniif?
5) Naannoo kunuunsuu ilaalchisee abbootiin pirojektii hojiiwwan akkamii hojjetaa jiru? (Keessattuu bu'uura sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessaniin hojjechuu)? To'annaa, hordoffii fi deeggarsi isaaniif kennamaa jiru maal fakkaata?
6) Sakatta'iinsa gaggeessuun walqabatee rakkoo meeshaalee ittiin gaggeessanii, bajetaa yookiin gama ogummaan mul'atu maal fa'i?
7) Qindoominaan qaamota dhimmicha keessatti hammatamuu qaban haammachiisanii sakatta'iinsa gaggeessuu irratti haalli qabatama jiru maal fakkaata?
8) Rakkoolee kanaaf furmaanni jiru maal ta'uu qaba jettu?

Af-gaaffiiwwan Qaama Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuuf dhiyaate

1) Hojii sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu hojjechuuf heeyyama isin barbaachisaa? Eenyurraaa fudhattu? Ulaagaa maalii gaafatamtu?
2) Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo haala kamiin gaggeessaa jirtu? Hirmaannaa uummataa haala kamiin taasiftu? Qaama kamtu hirmaachaa jira?
3) Sakatta'iinsi gaggeeffamu qajeeltoowwan (practical, interdsiplinary, transparent, systematic) kana guutuu ilaalchisee maal fakkaata? Rakkoo maaltu jira?
4) Rakkoolee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu waliin walqabatee jiru maal jettu? Rakkoo seeraa fi hojmaata jiru nuuf ibsaa?
5) Namoota (ogeessota) akkamiitu sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessu qaba jettu? Qabatamaan kan gaggeessaa jiru hoo?
6) Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo dhiyaate madaaluu fi xiinxaluu ilaalchisee hanqinaalee jiran nuuf ibsaa?
7) Haala sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamee jiruun hojiirra oolchuu irratti hanqinaalee maaltu mul'ata?
8) Filannoowwan dhiibbaa naannoo ittisuuf akeekaman hojiirra ooluu kan danda'an ta'uu irratti maal fakkaataa?
9) Yeroo sakatta'iinsa gaggeessitanitti qaamolee dhimmi ilaallatu irraa deeggarsa argachuu irratti rakkoon ni mul'ataa? Maal fa'a? Qaamolee kamirraa?
10) Qindoominni qaamolee adda addaa kanneen dhimma naannoo irratti hojjetanii yeroo sakatta'iinsi gaggeeffamuu maal fakkaata?
11) Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo bu'a qabeessa ta'e gaggeessuuf hanqinni yeroo baa'yee sin mudatu maalidha? Yeroo gahaa dhabuu, meeshaalee ittiin gaggeeffamu, ogeessa barbaachisaa dhabuu fi kkf.
12) Adeemsaalee Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessaatti rakkoon baay'inaan sadarkaa kamirratti mul'ataa? (Screening, scoping, impact assessment, reviewing, decision making). Adeemsaaleen kunneen hangam sirnaan hordofamee murtiin pirojektii irratti kennamaa jira?
13) Rakkoolee kanaaf furmaanni maal ta'uu qaba jettanii yaaddu?

Af-gaaffiiwwan Dhaabbata Bosonaa fi BineensotaOromiyaatiif Dhiyaatu

1) Yeroo pirojektiiwwan karoorfaman dhiibbaa/miidhaa qabeenya uumamaa irratti qabaachuu fi dhiisuu isaanii irratti ni mariisifamtuu?
2) Rakkooleen/miidhaaleen eegumsa naannoo waliin walqabatanii akka naannoo keenyaatti mul'atan ni jiruu? Maal fa'i?
3) Rakkoowwan qabeenya uumamaa irratti gahani eenyuuf gabaastu? Furmaata akkamiituu isiniif kennamaa?
4) Miidhawwan naannoo irratti gahaa jiraniif sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo bu'aa akkamii qaba jettu?
5) Sababa babal'ina pirojektoota adda addaatiin miidhaan bosonaa fi bineensota bosonaa irra gahaa jiraa? Yoo jiraate maali fa'a?
6) Hojiiwwan pirojektootaa ilaalchisee sakatta'iinsa dhiibbaa gaggeessuu fi hojiirra oolchuun walqabatee rakkoolee jiran nuuf ibsaa?
7) Rakkoolee kanaaf furmaanni maali jettu?

Af-gaaffiiwwan Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Federaalaaf dhiyaatu

1) Hojiin pirojektiiwwanii osoo hin eegaliin sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeessuun ni jiraa?
2) Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo eenyuun gaggeeffamaa? Qaamolee kana biratti rakkowwan mul'atan maal fa'a? (Rakkoo dandeettii, eeyyama malee gaggeessuu fi kkf)
3) Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti rakkoowwan jiru jettan jiraa? (Qaawwa seeraa, ogummaa qaama sakatta'iinsa gaggeessuu, uummata hirmaachisuu, qaama sakatta'iinsa madaalu fi kkf ilaalchisee)
4) Adeemsaalee Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessaa rakkoon baay'inaan sadarkaa kamirratti mul'ataa? (Screening, scoping, impact assessment, reviewing, decision making). Adeemsaaleen kunneen hangam sirnaan hordofamee murtiin pirojektii irratti kennamaa?
5) Filannoowwan dhiibbaa naannoo ittisuuf akeekaman hojiirra ooluu kan danda'an ta'uu irratti maal fakkaataa?
6) Pirojektootni miidhaa naannoo irratti geessisaa jiraachuu fi dhiisuu isaanii haala kamiin to'atamaa jira? (Keessattuu kanneen isin irraa eeyyama fudhatan)? Bu'uura sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamee jiruun raawwachuu fi dhiisuu haala kamiin to'attu? Deeggarsa akkamii gochaafii jirtu? Tarkaanfii isin fudhattan jiraa? Maal fa'aa?
7) Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti qindoomina isin qaamolee adda addaa waliin qabdan maal fakkaata? (Fkn Naannolee, Inveestiimeentii, Daldalaa, Bishaanii, Dhaabbata bosonaa fi kkf)
8) Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamee isiniif dhiyaatu irratti ummata ni hirmaachistuu? Ummata walitti qabdanii dhimma naannoo isaanii irratti yaada qaban fudhattanii beektuu?
9) Rakkoolee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu keessatti mul'ataniif furmaanni maali jettu?

Bar-gaaffii Biiroo lafa fi Eegumsa Naannoo fi Komisinii Investimentii sadarkaalee adda addaan guutamu

Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa rakkoolee sirna haqaa naannicha keessatti mul'ataniif furmaata kennuuf jecha qorannoo mata dureewwan adda addaa irratti gaggeessaa jira. Kanneen keessaa tokko '***Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu fi Raawwii Isaa: Seeraa fi Hoj-maata'*** kan jedhu isa tokko dha. Qorannoo kanaaf daataa barbaachisu walitti qabuuf, bar-gaaffiwwanii fi af-gaaffii adda addaa kan gaggeeffaman ta'u. Kanaafuu, isinis gaaffiiwwan armaan gadiif yaada sirrii nuuf kennuun fooyya'iinsa sirna haqaa naannoo keenyaaf gumaacha gama keessaniin akka nuuf taasiftan kabajaan isin gaafachaa deeggarsa nuuf taasistaniif dursinee isin galateeffanna.

Iddoo Hojii _____

Gahee Hojii _____

Muuxannoo Hojii _____

Hub. Gaaffiwwan gaditti dhiyaataniif filannoowwan dhiyaatan keessaaa sirriidha jettanii kan yaaddanitti nuuf maraa.

1. Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu gumee (proposal) pirojektiiwwan dhiyaatan murtii sirrii kennuu dandeessisuu isaa yoo madaalamu

a. olaanaa b. giddu galeessa c. gad-aanaa. Hanqinni asitti mul'atu maali?_____

_____

_____

_____

2. Gumeewwan (proposals) pirojektoota dhiyaatan keessaa sakatta'iinsa gaggeeffameen naannoo miidhuu danda'a jedhamee gara hojiitti osoo hin seenamiin kan hafan
   a. Hedduu dha b. muraasa c. hin jiru.
3. Pirojektootni adda addaa gaggeeffamaa jiran naannoo irratti miidhaan geessissan yoo madaalamu
   a) Miidhaa olaanaa geessisaa jiru b) Miidhaa giddugaleessa geessisaa jiru C) miidhaa geessisaa hin jiran

4. Gumeewwan (proposals) pirojektootaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo irratti hundaa'uun bakka itti hojjechuuf yaadame irraa gara bakka pirojektichi dhiibbaa osoo hin geessissiin hojjechuu danda'uutti jijjiiraman yoo ilaalamu
   a. hedduu b. muraasa c. hin jiru
5. Pirojektootni eegumsa naannoof bu'uura sakatta'iinsa gaggeessaniin hojiirra oolchuun isaanii yeroo madaalamu
   a) Olaanaa b) giddugaleessa c) gad-aanaa. Deebii keessaniif sababa ibsaa_____
   _____
   _____
   _____
6. Eegumsa naannoo qindoominaan hojjechuu qaamolee adda addaa yoo madaallu (kanneen akka Biiroo lafaafi Eegumsa Naannoo Oromiyaa, KomishiniiI Inveestimeentii Oromiyaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Federaalaa, Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa kanneen Sadarkaa Godinaa fi Aanoleetti argamanii fi kkf ilaalchisee)
   a) Qindoomina cimaa qabu b) Qindoominni laafaa dha c) Qindoominni hin jiru. Rakkoo jiruu fi sababa ibsaa_____
   _____
   _____
   _____
7. Bu'uura sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamee fi waadaa seenameetiin raawwachuu fi dhiisuu pirojektootaa to'achuu irratti hordoffiin jiru
   a. Hordoffii cimaatu taasifama b. hordoffiin taasiffamu laafaadha c. hordoffiin hin taasifamu. Hordoffiin hin taasifamu yookiin hordoffii laafaatu taasifama yoo jettan maaliif?
   _____
   _____
   _____
   _____

Kan taasifamu yoo ta'e maal fa'a irratti? Bifa kamiin? Yeroo hammamiitiin taasifamaa?_____

_____

_____

_____

8. Hordoffiin dhimma naannoo irratti taasifamu kan murtii pirojektiin duraa fi gara hojiitti erga seenamee booda yoo ilaalame
   a. Murtiin kennamuun dura hordoffiin caalaatti taasifama b. bu'uura waadaa seeneen raawwachaa jiraachuu fi dhiisuu irratti caalaa hordoffiin taasifama
9. Caasaan mana hojii amma jiru eegumsa naannoof taasifamuu qabu gahoominaan raawwachuu irratti

   a. baay'ee quubsaadha b. gahaadha c. jijjiiramni wayii jiraachuu qaba

   deebiin keeessa C yoo ta'e akkam ta'uu akka qabu yaada keessaan nuuf ibsaa_____

   _____

   _____

   _____

   _____

   _____

   _____

   ___

10. Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu duudhaalee fi qajeeltoowwan isaa irratti hundaa'ee gaggeeffamuu irratti maal fakkaataa?

    Hub. Kan filattan saanduqicha keessatti mallattoo '**X'** nuuf kaa'aa

Duudhaalee/qajeeltoowwan sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo guutuu qabu	**Madaallii**		
	Olaanaa	Giddu galeessa	Gad-aanaa
Naannoof eegumsa yeroo dheeraa taasisuu irratti xiyyeeffachuu			
Ummata kan hirmaachisu ta'uu			
Sakatta'iinsi gaggeeffame odeeffannoo madaalaawaa/sirrii kennuu irratti			
Bu'aan sakatta'iinsa gaggeeffame ummataaf ibsamuu irratti			
Sakatta'iinsi gaggeeffamu al-loogummaa (amanamaa) fi qulqullina barbaachisu qabaachuu irratti yoo madaalamu			
Sakatta'iinsi gaggeeffamu filannoowwan dhiibbaa naannoo hambisuu danda'anitti fayyadamuu irratti			
Pirojekttootni hojii osoo hin eegaliin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu irratti			
Sakatta'iinsi gaggeeffamu miidhaa naannoo, hawaas-dinagdee fi fayyaa lubbu qabeeyyii irratti dhifuu danda'u kan xiinxalu ta'uu			
Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo ogeessota ogummaa adda addaatiin gagggeeffamuu ilaalchisee			
Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffame namoota ogummaa adda addaa qabaniin			

madaalamuu/xiinxalamuu ilaalchisee			
Sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo adeemsota akka Pre screening, Screening, Scoping, Impact Assessment, Reviewing, Decision making keessaa darbuu irratti yoo madaalamu			